

Barnoota Hawaasaa

Kitaaba Barattootaa

Kutaa 8



Biiraa Barnootaa Oromiyaa 2014/2022

Qopheessitoota

Balaachoo Abarraa (MA)

Girmaa Tsaggaayee(MA)

Nageessoo Ismoo(MA)

Gulaaloota

Nagaash Heebboo(MA)

Jamaal Musxafaa (MA)

Madaaloota

Abarraa Kabbaboo(BA)

Baqqalaa Qana'aa (MA)

Beekii Tolasaa (MA)

Fiqaaduu Kabadaa (MA)

Katamaa Tsaggaa (MA)

Giraafiksii

Taaddasaa Dinquu (MA)



©Biiroo Barnootaa Oromiyaa 2014/2022

Kitaabni kun walta'iinsa Biiroo Barnootaa Oromiyaafi kolleejjii Barnoota Barsiisotaa Roobee waliin taasifameen bara 2014/2022 qophaa'e.

Mirgi abbummaa kitaaba kanaa seeraan eegamaadha. Eeyyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummanis ta'ee irraa hir'isanii maxxansuun yookiin baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

BOQANNAA TOKKO	1
AMALOOTAA UUMMAMALAFAA	1
1.1.1. Humnoota Keessa Lafaa Teessuma Lafaa Jijjiiran.....	3
1.1.2. Humnoota Irra Lafaa Teessuma Lafaa Jijjiiran	8
1.2. Qabiyyeewwaniifi Baqqaana qilleensa marsaa lafaa	14
1.2.1. Qabiyyeewwan Qilleensa Marsaa Lafaa.....	14
1.2.2. Baqqanota Qilleensa Marsaa Lafaa	15
1.3. Wantoota Qilleensa Jijjiiramaafi Qilleensa Baramaa Too'atan	17
1.3.1 Maalummaa qilleensa jijjiiramaafi qilleensa baramaa	17
1.3.2 Maalummaa Qilleensa Jijjiiramaafi Qilleensa Baramaa	20
1.3.3 Qabiyyeewwan Qilleensa jijjiiramaafi Qilleensa Baramaa.....	22
1.3.4 Qilleensa Baramaa Itoophiyaa.....	24
BOQONNAA 2	28
UUMMATAA FISOCHIILEE HAWAAS-DINAGDEE.....	28
2.1. Garaagarummaa Aadaafi Jijjiirrama Isaa	29
2.1.1. Dagaagina Aadaa Uummataa	29
2.1.3. Gilobalayizeeshinii, Jijjiirramuu Aadaafi Sanyii Dhala Namaa	32
2.2. Sochiilee Diinagdee Gurguddoo	34
2.2.1. Sochiilee Diinagdee Sadarkaa Tokkoffaa.....	34
2.2.2. Sochiilee Diinagdee Sadarkaa Lammaffaa	40
2.2.3. Sochii Diinagdee Sadarkaa Sadaffaa	43
2.2.4. Sochiileen Diinagdee Adda Addaa Faayidaa Guddina Biyyaatiif Qaban	49
BOQONNAA SADII	60
QABEENYA UUMMAMMAFI GUDDINA HAWAAS- DIINAGDEE.....	60
3.1.1. Faayidaa itti Fufinsaan Fayyadamuun Qabeenya Uummamaa Diinagdee Keessatti Qabu	62
3.1.3. Faayidaa Qabeenya Uummamaa Yeroodhagara Yerootti Qabu.....	63
3.2. Walitti bu'iinsa sabaaba qabeeya uumamaa fayyadamuun dhufu.....	70
BOQONNAA 4	77
SEENAA ADDUNYAA AMMAYYA AFI BARA JALQABBII ISAA	77
4.1. Abuurraa Ji'ogiraafawaa Gurguddoo	78
4.2. Bara Jalqabbii Yaada Haaraa (Renaissance), Haaromsaa (Reformation) fi Sochii Faallaa Haaromsaa (Counter-Reformation)	81
4.2.1. Bara Jalqabbii Yaada Haaraa (Renaissance).....	81
4.2.2. Bara Jalqabbii Sochii Haaromsaa (Reformation	83
4.2.3. Sochii Faallaa Haaromsaa (Counter-Reformation)	85
4.3. Warraaqsa Industirii	87
4.4. Waraana Addunyaa Gurguddoo Lamaan	91
4.4.1. Waraana Addunyaa Tokkoffaa (1914-1918)	91

4.4.2. Waraana Addunyaa Lammaffaa (1939-1945)	94
4.5. Waraana Ololaa	97
BOQONNAA 5	1 0 3
SEENAA AFRIKAA BARA 1500MOOTAA EEGALEE JIRU	103
5.1. Sirna Daldala Garbaa	104
5.2. Sirna Bittaa Kolonii Afrikaa Keessatti	110
5.3. Walitti Dhufeenya Siyaas- Dinagdee Biyyoota Afrikaa bara Bilisummaan Boodaa	1 1 7
Bilisummaa Biyyoota Afrikaa	1 1 7
5.3.2. Haala siyaas-dinagdee Afrikaa sirna koloniin boodaa	119
BOQONNAA 6	128
SEENAA ITOOPHIYAA BARA AMMAYYAA	128
6.1. Hundeeffama Mootummaa Itoophiyaa Ammayyaa	128
6.2. Daldala Daandii Dheeraa	135
6.3. Hariiroo Itoophiyaafi Biyyoota Alaa	139
6.4. Tokkummaa Ummattoonni Itoophiyaa Daangaafi Birmadummaa biyyaa kabachiisuuf Taasisan.....	141
BOQONNAA TORBA	147
DHIMMOOTA IJOO ADDUNYAA XIYYEEFFANNOO BARBAADAN.....	147
7. Dhimoota Ijoo Addunyaa Yeroo Ammaa Xiyyeeffannoo Barbaadan	147
7.1. Jijjiirama Qilleensa Baramaa	148
7.1.1. Yaad-Rimee Jijjiirama Qilleensa Baramaa	149
7.1.2. Sababaafi Miidhaa Jijjiirama Qilleensa Baramaa	150
7.1.3. Dagaagina Hojiwwaan Jijjiirama Qilleensa Baramaa Ittisan	155
7.1.4. Qo'aannoo Haalaa (Hojiwwaan Jijjiirama Qilleensa Baramaa Hir'isuuf Naannootti Raawwataman).....	157
7.1.5. Faalama Qilleensaa	157
7.2. Hanqina Bishaanii	160
7.3. Manca'iinsa Bosonaa	161

BOQONNAA 1

AMALOOTAA UUMMAMA LAFAA

Bu'aawwan Barachuu Boqonnichaa

Adeemsaafi xumura barnoota kanaan booda barattoonni:

- ✓ Haalota uummama teessuma lafaa garagaraa adda nibaasta.
- ✓ Teessuma lafaa adda addaa sababa humnoota keessa lafaafi irra lafaatiin Uummaman nitarreessita.
- ✓ Humnoota irra lafaafi keessa lafaa dhiibbaa akkamii fa'a jireenya dhala namaa irratti akka geesisan adda nibaasta.
- ✓ Garaagarummaa qilleensa baramaafi qilleensa jijjiramaa gidduu jiru adda nibaasta.
- ✓ Qabiyyeewan qilleensa baramaafi waantota qilleensa baramaa too'atan nitarreessita.
- ✓ Sababoota garaagarummaa roobaafi teempireecheera naannoo lafa baddaa, badda dareefi gammoojjiiitti uumamuuf wal-bira qabuun n ibsita.

Seensa

Kutaa 7^{ffaa} kessatti amaloota uumama lafaafi sirna biiftuu, Qabiyyeewwan irra Lafaafi caasaa keessa lafaatti argaman, lafaafi madda odeeffannoo irra lafaa, Keessa lafaafi handhuura lafaa, Kattaleefi faayidaa isaan diinagdeef qaban barachuun keessan niyaadatama.

Kutaa kana kessatti immoo amaloota uummama lafaa, humnoota irra lafaafi keessa lafaa teessuma lafaa jijjiiran, caasaa lafaafi qabiyyeewwan qilleensa

marsaa lafaa keessatti argaman akkasumas waantoota qilleensa jijjiiramaafi qilleensa baramaa too'atan nibarata.

Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate bira gahamuu qabu.

- ✓ Humnoota keessa lafaafi irra lafaa fuula lafaa jijjiiran adda nibaafatta.
- ✓ Teessuma lafaa sababa humnoota keessa lafaafi irra lafatiin uummaman adda baasta.
- ✓ Dhiibbaawwan humnoonni keessa lafaafi irra lafaa haala jireenya dhala namaa irratti geessisaan ni ibsita.
- ✓ Akaakuu baqqaanota qilleensa marsaa lafaa nitarreessita
- ✓ Garaagarummaa qilleenssa jijjiiramaafi qilleensa baramaa adda nibaasta.
- ✓ Qabiyyeewwan qilleensa baramaa keessatti argaman nitarreessita
- ✓ Too'attoota qilleensa baramaa ta'an nitarreessita.
- ✓ Sababa garaagarummaan roobaafi teempireecheraa teessuma lafaa: baddaa, badda dareefi gammoojjiitti uummaman wal-bira qabuun nimadaalta.

1.1. Humnoota Teessuma Lafaa Jijjiiran

Gaaffilee Shaakalaa 1.1

1. Humnoota teessuma lafaa jijjiiran maal fa'a?
2. Gosoota teessuma lafaa naannoo keetitti beekkamoo ta'an tarreessi.
3. Garagarummaa humnoota irra lafaafi keessa lafaa ibsi.

Teessuma lafaa jechuun haala facaa'iinsa qaamota irra lafaa gosoota adda addaa faca'anii argamaniidha. Teessumni lafaa iddoo hundatti walfakkata miti. Teessuma lafaa jechuun danaa yookin boca fuulli lafaa qabuudha. Isaanis gaarreen, pilaatoowwan, sululaafi lafa dhooqaa fa'a. Kunis ta'u kan danda'e sababa humnoota keessaafi irraa lafattiinkan uummamaniidha. Humnoonni qaama irra lafaa irratti jijjirama fidan kunneenis bubblee, bishaan lolaa, cabbie baqee sigigaatu, dadacha'insa lafaa, babbaqaqiinsa, adeemsa volkaniziiimii fa'a.



Fakkii 1.1 Teessuma lafa adda addaa

Teessumni lafaa bakkaa bakkatti garaagarummaa qaba. Garaagarummaan teessuma lafaa kunniin kan uumaman sababoota humnoota fuula lafaa irrattiifi keessa lafaatti uumaman irraa kan ka'e. Jijjiiramni teessuma lafaa kun adeemsa walirraa hin cinneedha.

1.1.1. Humnoota Keessa Lafaa Teessuma Lafaa Jijjiiran

Gaffilee Shakalaa

1. Humnoonni keessa lafaa teessuma lafaa jijjiiran maal fa'a?
2. Teessuma lafaa sababa humnoota keessa lafaatiin uumaman tarreessi.

Humnoonni keessa lafaa kanneen keessa lafaatti uumamanii jijjiirama qaama lafaa irratti fidaniidha. Isaan keessaa beekkamoon dhoo'insa voolkaanoo, dadacha'iina lafaa babbaqaqiinsa lafaafi kirkira lafaafa'a.

Sababoota humnoota keessa lafaatiin teessumni lafaa adda addaa uumamaniru. Adeemsi kun yeroo hunda kan walirraa hincinneefi itti fufaadha. Teessumni lafaa haala kanaan uumaman qaamota lafaa kanneen ijaan hin muldhanne irraa kaasee hamma qaamota gurguddoo kan akka gaarreenii, pilaatoowwan, sululawwan, lafa diriiraafi kan kana fakkaataniidha. Kanaaf Addunyaa irratti fakkeenya gaarii kan ta'an keessaa gadi fageenya guddaa kan qabu Deedsii (biyyoota Israa'eeliifi

Libaanoos jidduutti argamu) yoo ta'u Olka'iinsa guddaan addunyaa kan ta'e immoo garreen Himaalaayaa keessaa gaara Evaariisti jedhamuudha.

Gara biraatiin tessuma lafa biyya keenyaa yemmuu fudhannu garaagarummaa guddaatu jira. Fakkeenyaaf, olka'umsi guddaan gaarreen kaaba biyyattiitti argaman keessaa gaara Raas Dashaan sirrii galanaa ol 4620m ta'a. Lafti dhooqa guddaa qabu immoo bulchinsa Mootummaa naannoo Afaar iddoo Daalool jedhamutti kan argamu sirrii galanaati gadi 116 m ta'a. Bakkeewwan olka'iinsa guddaa addunyaa ta'an gabatee asiin gadii keessaa ilaali.

Gabatee 1.1.Bakkeewwan olka'iinsaa Guddaa addunyaa

T. L	Maqaa gaaraa	Olka'umsa (m)	Ardii itti argamu
1	Evaarasti	8850	Eeshiyaa
2	Kilimaanjaaroo	5895	Afriikaa
3	Tulluu Diimtuu	4377	Afriikaa
4	Raas Daashaan	4620	Afriikaa

Dadacha'iinsa Lafaa


Dadacha'iinsi lafaa kan uumamuu naannoo kattaan kuus-mansaa itti argamutti. kattaan kuusmansaa akka kattaalee biroo cimaa/jajjaboo waan hin taaneef dadacha'insaaf saaxilama. Sababni dadacha'insa lafaa humnoota keessa lafaatii ka'aniidha. Haa ta'u malee, naannoo kanatti akka volkaanoo wanti lafa keessaa bahee kuufaman hin jiru, yookiin qaamni lafaa caccabee fi babbaqaqee citee gad lixu hin jiru. Naannoo dadacha'iinsiitti uummamuutti lafti oldhiibbamuun gaarreenifi tulluuwwan faan ni'uumamu.

Bakka humni cimaan jirutti gaarreen gurguddoo ta'an ni uummamu. Gaarreen gurguddaan kaaba Afrikaa kan akka Atlasii, Awurooppaa Alpisiifi Eeshiyaa Himaaliyaa faan sababa dadacha'iinsaan uumaman.

Humnoonni keessa lafaatii maddanii qaama lafaa irratti jijjiirama guddaa fidan dhala namaafi lubbu qabeeyyii biroo irrattis miidhaa salphaa irraa kaasee hamma cimaa ta'etti dhaqabsiisuu danda'u. Fakkeenyaaf dhoo'insa volkaanoo bara 2002 Haayitii keessatti raawwate fudhachuun ni danda'ama.

Teessuma Lafaa Babbaqaqiinsa lafaatiin uumaman

Babbaqaqiinsi addaan tarsi'u qama lafaati. Lafti wal irraa foxoqee/citee dalga yookiin shaffaaxa walirraa siquu qama lafaati. Qaamni lafaa kan wal gadidhiisu humnoonni faallaa wal irraa baqatan qama lafaa irratti yoo dhiibbaa uuman ta'a. Bakkaa siquun qama lafaa yookiin kattaa kun naannoo sarara baqaqaatti kan raawwatamuudha. Sababa babbaqiinsaatiin teessuma lafaa adda addaatu uumama. Fakkeenyaaf babbaqiinsi lafaa yoo uumamu qaamni lafaa jidduu gaarreen wal ilaaloo gamaa-gamanatti dhiisee, lafti gidduu jiru mucucaatee sulula uuma. Sululli qinxamaa guddaan addnuyaa haala kanaan uumame.



Fakkii 1.2. Teessuma lafaa naannoo Sulula qinxamaa guddaa baha Afrikaa

Voolkaanoo

Voolkaanoo jechuun maal jechuudha?

Volkaanoon sababa hoo'a guddaa keessa lafaatti ummamuun kattaaleen yoo baqan dhangala'aa(maagimaa)fi gaasiin uumaman dhoo'iinsa uumamuudha.

Teessuma lafaa dhoo'insa voolkaanotiin uumaman.

Gaaffiilee Shaakalaa


1. Maagmaan maali?
2. Garaagarummaan maagmaafi voolkaanoo maali?

Maagmaan sababa dhiibbaa guddaa irraa kan ka'e hoo'a cimaadhan kattaan keessa lafaa baqee dhangalaa'u jechuudha. Maagmaan bakka itti qorru irratti hundaa'uunis voolkaanoon bakka lamatti qoodama. Isaanis:

1. Voolkaanoo lafa keessatti qorruufi
2. Voolkaanoo fuula lafaatti bahee qorruu

Maagmaan baay'ee dhangala'aa ta'e qaama lafaa gara gubbaa dhoosuun gara alaatti dhangala'a. Maagmaan keessa lafaa irraa maddee irra lafaa dhoosee fuula lafaa irratti dhangala'u boolla tokkoon yookiin boolla baay'een bahuu nidanda'a. Boolla tokkichaan yoo magimaan keessaa lafaati dhohee bahu veentii jedhama. Volkaanoon boolla baay'een dhangala'u immoo fiisharii jedhamuun beekama. Volkaanoon boolla tokkoon humna cimaan darbatamee bahu kaaldeeraa uuma. Hammi hoo'aa yoo cimaa ta'e maagmaan uumamu dhangala'aa ta'a. Haa ta'u malee sababa dhiibbaa lafa keessatiin hoo'i uumamu gadi aanaa yoo ta'e immoo maagman uumamullee furdaadha. Hammi gaasii maagmaa dhangala'aa ta'e keessatti olaanaa ta'a. Kun immoo dhoo'insi voolkaanoo cimaa akka ta'u gargaara. Maagmaan gara fuula lafaatti bahee dhangala'a. Maagmaa fuula lafaatti bahee dhangala'u Laavaa jedhama.

Hoo'i keessa lafaa xiqqaa ta'uun maagman uumamu furdaa ta'a, gaasii xiqqaa qaba. Kun immoo maagmaan gara fuula lafaa osoo ol hin bahin baqaqaa dhagaa keessa seene hafa jechuudha. Kanaan maagmaa lafa keessatti hafee qorre jedhama.



Fakkii.1.3. Gosoota Dhoo'insa Voolkaanoo

Sadarkalee Dhoo'insa Voolkaanoo

Ji'ooloojistoonni uummama voolkaanoo sadarkaa sadiitti qodanii jiru Isaanis:- Voolkaanoo socho'aa; gosa voolkaanoo yeroo gabaabaa keessatti dhoochu. Yeroo baay'ee jala garboota gurguddoo keessatti uummama.

Voolkaanoo Riphaa; gosa voolkaanoo yeroo murtaa'aan booda dhoochu danda'u. Voolkaanoo Dhumataa; gosa voolkaanoo kanaan dura dhoochee dhumateedha.

Hoollannaa Lafaa

Hoollannaan lafaa maali?

Hoollannaan lafaa sababoota adda addaa humnoota keessa lafaatiin uumamu kan akka voolkaanootiinfi walgadhiisuu dhagaa keessaa lafaatiin qaamni lafaa yoo kirkiruudha.

Baqqanni irra lafaa kan uumamee kattaalee adda addaa irraayi. Kattaaleen kunniinis akka pilaastikaa amala wal-keessaa yaa'uu yookiin walharkisuu qabu. Garuu yeroo humni guddaan hanga walharkisuu kanaa ol-ta'ee kattichi cabuuf dirqama. Yeroo kattaan cabuu yookiin baqaqu immoo kirkirri lafaa ni uumama. Adeemsa kanaan kattaan yeroo cabu anniisan cimaan gad-dhiifama. Humni gad-dhiifamuu immoo kattaalee bakkaa buta. Kattaan bakkaa butame immoo yeroo bakkatti deebi'uuf yaalii nigodha. Hollannaan (kirkirri lafaa) kallattii hundaan bakka maddu irraa nifaca'a. Bakki hollannaan lafaa irraa maddu fookaasii jedhama. Fageenyi gabaabaan gara irra lafaa qixa fookasiin argamu ippiseentarii jedhama. Hollannaan lafaa kallatiin fuula lafaakan jijjiiruu miti.

Garuu, ta'ee adeemsawwaniifi sochiilee fuula lafaa jijjiiraniin ummamuu danda'a.

Qorannoowwan adda addaa akka mirkaneessanitti hollannaan lafaa 95 %ta'u naannoo sadeen armaan gaditti argama. Isaaniis daandii qarqara gara-alaa Garba Paasifiikii, Qarqara galaana diimaa kaasee hanga gaara Himaaliyaa fi sulula guddaa qinxamaatti.

1.1.2. Humnoota Irra Lafaa Teessuma Lafaa Jijjiiran

Gaaffilee Shaakalaa

1. Humnoonni irra lafaa qaama lafaa irratti jijjiirama fidan maal fa'a?
2. Jijjiirama qaama lafaa sababa humnoota irra lafaatiin dhufan tarreessi.

Jijjiirama jijjiiramuun humnoota fiizikalaafi keemikaalaatiin qaamni guddaan tokko, fakkeenyaaf, kattaan hammaan, bocaan, halluunifi qabiyyee qabu fa'aan gara birootti yoo geeddaramuudha. Jijjiiramuun karaa lamaan uummamuu danda'a. Isaaniis:-Jijjiiramuu fiizikaalaafi jijjiiramuu keemikaala jedhamuun nibeekkamu.

I. Jijjiiramuu Fiizikaalaa

Jijjiiramuu fiiziikaalaa jechuun wantootni hangan xixiqqaachuu yookiin bocaan jijjiiramuu wantootati. Jijjiirama fiizikaalaa kanneen fidan keessaa muraasni; biqilootaa, bineeldota, lolaa bishaaniifi bubbee fa'a.

Akkuma beekamu teempireecharri guyyaa baay'ee hoo'aafi halkan immoo qorraa ta'a. Guyyaa guyyaa moolakiloonni Kattaa keessa jiran walgadhiisu, halkan immoo nisuntuuru. Haalli kun fofolloquun qaama kattaalee irratti akka uumamu taasisa. Adeemsi fofolloquu kattaalee kunis suuta suutaan babbaaquu kattaaleetiif sababa ta'a.



Fakkii 1.4. Adeemsa fiiziikaalaatiin jijjiiramu kattaalee

Jijjiiramu fiiziikaalaa bishaaniin raawwatamu

Jijjiiramuun fiiziikaalaa bishaaniin karaa adda addaattin raawwatama. Isaan keessaa inni jalqabaa kattaan yookin biyyeen bishaaniin yoo jiidhu mooluukiyuloonni kattaa yookiin biyyee walqabataniifi jajjaboo turan laafuun walgadhiisuu eegalu. Karaa birootiin immoo bishaan baqaqaa kattaa keessatti kuufame yeroo qorraa cabbaa'uun baqaqaa kattaa akka walirraa siiqu taasisuun suuta suuta kattaan bakka baqaqetti qooddamuu/addaan bahuu danda'a. Adeemsa kanaan caccabuu fiizikaalaa bishaaniin raawwatamuudha.



Fakkii 1.5. Jijjiiramu fiizikaalaa kattaalee bishaaniin raawwatamu

Jijjiiramuu Fiiziikaalaa Biqilootaan Rawwatamu

Caccabuun fiiziikaalaa inni biroo kan biqilootan raawwatamuudha. Keessattuu hiddi biqilootaa baqaqaa dhagaa keessa seenuun adeemsa keessa akkuma guddachaa deemuun kattaalee addaan dhiibuun dhuma irratti akka caccabu yookiin addaan foxxoqu taasisa.



Fakkii 1.6. Jijjiiramuu kattaalee sababa biqilootatiin raawwatamu

II. Jijjiiramuu Keemikaalaa

Akaakuun jijjiiramuu keemikaalaa hedduudha. Isaan keessaa beekkamoon haaydiroolaayisii, kaarbooneeshiniifi oksiideeshiinii fa'a.

Haaydiroolaayisii: kun sababa dhiibbaa bishaaniitiin jijjirama caasaan albuudotaati. Wantoonnii jajjaboofi walqabato ta'an bishaaniin yoo jiidhan moolookiiyuuloonni walqabataa turan sababa bishaanitiin wal gadidhiisuun kun jijjiiramuu haydiroolaasisii jedhama.



Fakkii 1.7. Haayidiroolayisii bishaaniin uumamu

Kaarbooneeshinii: adeemsa caccabuu kattaa wal-nyaatinsa ayoonota kaalsiyeemii, maagniiyiyeemii, soodiyeemii, pootaasiyeemiifi bishaaniin uumamuudha. Adeemsa kana keessatti wal-nyaatinsi koompaawundootaa kaarbooneetiifi baay-kaarbooneetii uuma. Bishaan lafa irra yaa'uu hundi kaarboondaay-oksaayidii makaa isa qilleensa marsaa lafaa keessaa yookiin bosbosa biqiloota biyyee keessa jiranii irraa argame of-keessaa qaba. sababa kaarboondaay-oksaayidiitiin jijjiiramni wantoota irratti haala kanaan raawwatamu kaarbooneeshinii jedhama.

Ooksideeshinii:-adeemsi kun koompaawundoota sibiila ofkeessaa qabanitti dabalammu oksijiiniiti. Adeemsi akkanaa kun hawaasa biratti dandaa'uu yookiin dammaawuu jedhama. Wantoonni amala sibiilummaa qaban bakka jiidhinni jiru yookiin bishaaniin yoo waltuqan walnyaatiinsa ayoonota sibiila keessa jiraniifi oksijiiniin uumamu irraa kan ka'e meeshichi dandaa'uu/ sillaa'uu danda'a. Adeemsi kunis oksideeshinii jedhama. Kattaaleen albuudota sibiilaa of keessaa qaban salphaatti adeemsa oksideeshiniitiin ni jijjiiramu. Gosti jijjiiramuu keemikaalaa kun naannoofi yeroo teempireecharrii akkasumas roobni jirutti baay'inaan uumama.

Haramuu, Geejjibamuufi Kuufamuu

Haramuu: wantoonni fuula lafaa irra jiran bubbeefi lolaa bishaanitiin iddoo itti turan/uumaman irraa yoo buqqa'an haramuu jedhama. Harki caalan haramaa kan raawwatamu humnoota fuula lafaa irratti uumamanii fuula lafaa jijjiiran kan akka lolaa bishaanitiinifi bubbeedhan raawwatama. Haramni lolaan raawwatamu kan cimu naannoo roobni heddummaatutti yoo ta'u haramni bubbleen gaggeeffamu immoo naannoo gammoojjii hoo'aatti.

Harki guddaan haramaa kan raawwamu keessaa inni tokko harama lolaa bishaanitiin. Lolaan bishaanii qaama lafaa ciruun/diiguun geejjibuufi kuusudhaan teessuma lafaa irratti jijjirama adda adda fida. Haramni biyyeefi caccabni kattaalee faan lolaa bishaanitiin kan raawwatamuuf; teessumni lafaa gaara/olka'aa irratti roobni cimaan yeroo gabaabaa keessatti yoo raawwatameefi amalli biyyee haramaaf kan saaxilamu yoo ta'e.

Geejjibamuu: sababa humnoota haramaa kan akka lolaa bishaaniifi bubbleetiin

wantoonni fudhatamanii iddoo birootti yoo geeffaman geejjibamuu jedhamdha. Kuufamuu: adeemsa wantoonni kan akka biyyee, caccaba kattaalee, hambaa biqilootaafi bineensotaa bakka birootti fudhataman yoo walitti qabaman kuufamuu jedhama. Walitti qabamni wantootaa kunis mansaa yookiin kuufama. Kunis kan raawwatamu lafa diriiraa seensa haraa, garba yookiin galaana fa'atti ta'uu danda'a.


Teessuma lafaa irratti jijjiiramni kan uumamu naannoo lafa olka'oo bakka haramni irratti gaggeeffameefi kuufamni mansaa itti gaggeeffametti.



Fakkii 1.8. Harama biyyee bishaaniin uumame

Harama Bubbee: yeroo baay'ee naannoolee gammoojjii hoo'aa ta'etti uumama. Sababni isaas naannoo gammoojjitti uwwisinni biqilootaa waan xiqqaa ta'eefi bubbeen haala salphaa ta'een biyyee haruun iddoo birootti waan kuusufi. Sababni biroo naannoo gammoojjii hoo'aatti haramni bubbee baay'inaan kan uumamuuf wantoonni haraman walqabataa kan hin taaneefi salphaatti haramuu waan danda'aniifi. Fakkii armaan gadii ilaaluun jijjiirama qaama lafaa irratti haala kanaan mul'atu hubachuun nidanda'ama.

Adeemsi bubbeen wantoota ulfaatina xiqqaa qabaniifi biyyee bullaa'aa baatee/ofitti makee haruun difileekshinii jedhama. Haalli biroo bubbeen kattaalee walitti buusuun caccabsaafi lafaan rigaa (firction) harama gaggeessuu danda'a. Haala kanaan teessuma lafaa garagaraatu naannoo gammoojjii hoo'atti uumama. Isaan keessaa tulluuwwan xixiqqaa, Diyuunsifi kan kana fakkaatan fudhachuun ni danda'ma.



Fakkii 1.9. Teessuma lafaa sababa harama bubbeetiin uumaman.

Harama sigigaachuu Cabbiitin uumamu: Haramni cabbiinkan uumamu hammii teempreecharaa naannoo cabbiin kuufamee jirutti yoo dabalu cabbiin baquu, babbaaquuufi sigigaachuu eegala. Yeroo kana cabbiin yaa'uufi sigigaatuun haramnnifi kuufamani raawwatamuu danda'u. Haramni cabbii yeroo baay'ee kan uumamu naannoo kuufamni caabbii baay'inaan argamu lafa garreeniifi naannoo bantiileetti.



Fakkii 1.10. Kuufamaafi harama naannoo bantiitti cabbii sigigaatun raawwatamu

Geejjibamuu: geejjibamuu jechuun adeemsa biyyeen adda addaafi hambaaleen qaamoota biqilootaa akkasumas bineensotaa haramanii iddoo biraatti yoo geeffamaniidha. Geejjibamuun mansootaa kan raawwatamu lolaa bishaanii, bubbeefi cabbii sigigsstuni.

Kuufama Bishaanii: akkuma beekamu laggeen gara yaa'a oliitti sababa teessuma

lafaatiin saffisaan waan yaa'aniif harki caaluu haruu malee hin kuusan. Yaa'a gara gadii immoo lafti diriiraa waan ta'eef humna mansoota baachuu waan hin qabneef sadarkaa sadarkaadhan kuusuu eegalu. Qarqara garbaa fi galaanotaatti kuufamni biyyee Deeltaa jedhama. Sirni yaa'a laggeenii bakka saditti qoodama. Yaa'a olii: naannoo kanatti laggeen lafa dhuldhula ta'e irra yaa'u. Haalli teessuma lafaa kun bishaan laggeen keessa yaa'an saffisa guddaafi humna cimaa akka qabaatan taasisa. Laggeen yaa'a oliitti humna cimaa waan qabaniif dalga haruu qofa osoo hin ta'in lafa gadi qotuun sulula qubee boca "V" fakkaatu uumu.

Yaa'a Jidduu: Yaa'a kanatti baay'inni bishaan laga keessatti argamuu olaanadha. Garuu, akka yaa'a oliitti waan hin saffisneef haramni biyyee gadaanaadha. Haata'u malee, sulula keessa yaa'u gara bitaafi mirgaatti qotuun yaa'a bishaan keessa yaa'u nibaldhata. Bocni sulula lagaa yaa'a jiddu galeessaa kunnis danaa qubee "U" fakkaatu uuma. Yaa'a kana keessatti bishaan lagaa wantoota ulfaatoo yaa'a olii keessaa gangalchee fide qarqara lagaatti kuusaa adeema.

Yaa'a gadii: Yaa'a kana keessatti bishaan lafa ciisaa irra waan yaa'uuf saffisa baay'ee gadi aanaa ta'e qaba. Kanaafuu, wantoota yaa'a olii fi jidduu irraa baatee fide harki caalan bakka kanatti kuufama. Waqtii gannaa laggeen waan guutaniif bishaan qota keessa yaa'u irra darbee lafa diriiraa naannootti argamu hunda uwwisa.

Qarqarri lagaa, bishaan waqtii gannaa irra ciisee waqtii bonaa waan goguuf dirree galaanaa jedhamuun beekama. Naannoon kun biyyeen gabbataa waan ta'eef midhaanii, kuduraafi muduraa gosa adda addaa oomishuuf nitajaajila.

1.2. Qabiyyeewwaniifi Baqqaana qilleensa marsaa lafaa

1.2.1. Qabiyyeewwan Qilleensa Marsaa Lafaa

Gaaffilee Shakalaa

1. Qabiyyeewwan qilleensa marsaa lafaa maal fa'a?
2. Faayidaalee qoodamani qilleensa marsaa lafaa qabu ibsi.
3. Baqaanota qilleensa marsaa lafaafi amaloota isaanii dareef ibsi.

Qilleensi marsaa lafaa walmakaa gaazootaa adda adaa, dhukkeefi bishaan haala hurkaatiin ofkeessaa qaba. Gaasota qilleensa marsaa lafaa keessaa qooda guddaa kan qabu Naayitiroojinii yoo ta'u sadarkkaa lammaffaa irratti immoo oksijiiniidha.

Gabatee 1.1. Gaasota beekamoo qilleensa marsaa lafaa

Gaasota Dhaabbatoo			Gaasota Jijjiirramoo	
Maqaa Gaasii	Bakka bu'ee	Qabee gaasii gogaa(%n)	Gaasii fi Paartikiloota	Qabee (%n)
Naayitroojiinii	N ₂	78.08	Hurka Bishaanii	0 to 4
Oksijiinii	Co ₂	20.95	Kaarboondaayoksaayidii	0.038
Argonii	Ar	0.93	Miteenii	0.00017

1.2.2. Baqqanota Qilleensa Marsaa Lafaa

Gaaffilee shakalaa

1. Faayidaaleen qilleensa marsaa lafaa maali?
2. Baqqaanoota qilleensaa marsaa lafaa tarreessi.
3. Ulaagan qoodama qilleensa marsaa lafaa maal irratti hundaa'a?

Tempireechera irratti hundaa'uun qilleensi marsaa lafaa baqqanota afur gurguddootti niqoodama. Isaannis:

- ✓ Tirooppoosfeerii,
- ✓ Istiraatoosfeerii,
- ✓ Meesoosfeerii fi
- ✓ Teermoosfeerii dha.

1. **Tirooppoosfeerii:** baqaana lafatti aanee argamuudha. Haalli argama isaatis naannoo mudhii lafatti hamma 17km ol fagatee kan argamu yommuu ta'u, naannoo bantileetti immoo hamma 7k mol fagatee argama.

Baqaana kana keessatti yommuu olka'iinsi dabalaa adeemu, tempireecherri immoo hir'achaa deema. Kunis kan ta'uu danda'eef maddi hoo'a baqaana

kanaa lafa waan ta'eefi. Dhiibbaan qilleensa marsaa lafaa guddaa ta'e baqaana kana keessatti argama. Sababbiin isaas baqaanni kun hunda irra rukkaadha. Gaasota garagaraafi hurka bishaanii ofkeessaa waan qabuufi. Fiixeen yookiin daangaan gara olii baqaana kanaa Tirooppoopwuusi jedhama.

2. **Istiraatoosfeerii:** Baqaana tirooppoosfeeriitti aanee argamuudha. Baqaana kana keessatti olka'iinsi yoo dabalu teempreecharris suuta dabalaa deema. Kunis kan ta'eef kuufamni guddaan osoonii (O_3) baqaana kana keessatti argama. Jiraachuun Oozoonii immoo carallaan Altiraavawoleettii jedhamu akka keessatti xuuxxamee hafu taasisa. Daangaan Istiraatoosfeeriifii meesoosfeerii Istiraatoopaasi jedhama. Kunis hanga 20km olfagaatee argama.
3. **Meesoosfeerii:** Baqaanni kun daangaa gara olii istiraatoosfeerii fi 90km gidduutti argama. Baqaana kana keessatti yommuu olka'insi dabalaa adeemu tempireecherri immoo saffisaan hir'achaa deema. Teempreecharri hamma $-185^{\circ}C$ tti gadi bu'a. Sababni olka'iinsi yoo dabalu teempreecharri hir'ataa deemuuf baqaana hunda irra baqaanni rukkinni gaasotaa xiqqaa waan ta'eefi. Haalli kun immoo hoo'i akka hin kuufamne taasisa. Fiixeen yookiin daangaan baqaana kanaa gara olii Meesoopaasii jedhama.
4. **Teermoosfeerii:** Baqaana qilleensa marsaa lafaa gara olii daangaa meesoosfeerii olitti kana rgamuudha. Baqaana kana keessatti yommuu olka'insi dabalaa adeemu, tempireecherri saffisa dabalaa adeemuun hamma $1,500^{\circ}C$ gaha. Kanarraa kan ka'e, baqaanni kun baqqana qilleensa marsaa lafaa isa baay'ee hoo'aa ta'uun beekkama. Kunis kan ta'eef hammi O_3 guddaa waan ta'eefi.



Fakki 1.11.Baqqaanota qilleensa marsaa lafa

1.3. Wantoota Qilleensa Jijjiiramaafi Qilleensa Baramaa Too'atan

1.3.1 Maalummaa qilleensa jijjiiramaafi qilleensa baramaa

Gaaffilee Shaakalaa

1. Wantoota qilleensa baramaafi qilleensa jijjiiramaa too'atan maal fa'a?
2. Garaagarummaa qilleensa baramaafi qilleensa jijjiiramaa gidduu jiru ibsi.

Roobafi teempireechara: wantoota ijoo faca'iinsa biqiloota uumamaafi sirna ikkoo tokko murteessaniidha. Naannoo itti roobni yeroo baay'ee uumamu biqiloonni magariisafi sanyii adda addaa heddumminaan jiraatu. Bakka hanqinni roobaa jirutti immoo faallaa kanaatu uumama. Biqiloota bakkee bakkeefi sanyii murtaa'atu argama. Gosa bineensotaafi haalli jireenya namootaatis hamma roobaa irratti hundaa'a. Faca'iinsifi akaakuun lubbu qabeeyyii naannolee tirooppikii, dagalee jiddugaleessaafi naannoo qorraa adda adda kan ta'eef sababni ijoon garaagarummaa teempireechara irraa kan ka'eedha.

Fakkeenyaaf, iddoowwan godina hoo'aa haala bir-qabaan waggaa guutuu teempireechara hoo'aa walfakkaataa qabu. Karaa biraatiin, naannoon bantiileen bona dheeraa, baay'ee qorraafi ganna gabaabaa, qabu. Iddoowwan biroon immoo, teempireechara jiddugaleessa ta'e niqabaatu.

Iddoowwan rooba guddaafi teempireechara olaanaa bosona roobaa qabaatu. Qilleensi baramaan bakka tokkootti yeroo dheeraaf kanmul'atuudha. Qilleensi baramaan yoo xiqqate waggoota soddonii shaniif iddoo tokkotti tura.

Qabiyyeewwan qilleensa baramaa kan akka tempireecharaa, rooba, dhiibbaa qilleensaafi hurka marsaa lafaa, bubbee, ifa aduu fa'a iddoo tokkotti yoo mul'ataniidha.

Qilleensa jijjiiramaa jechuun immoo ta'eewwan qilleensa marsaa lafaa yeroo gabaabaa keessatti raawwataman/muldhataaniidha. Fakkeenyaaf, ganama qabbana ta'ee waaree booda hoo'a ta'uu, torbee tokko rooba argachuufi torbee biroo gogiinsi uumamuudha.

Too'attoota qilleensa baramaafi qilleensa jijjiirama jechuun taateewwan uumamaa naannoon tokko hamma hoo'aa yookiin roobaa argachuu qabu akka hin arganne taasisan jechuudha. Fakkeenyaaf, Itoophiyaan sababa argama ishiitiin waggaa keessatti yeroo baay'ee hoo'a guddaa argachuu osoo qabduu sababa teesummni lafa ishii olka'oo ta'eef teempreecharaa giddugaleessa akka qabaattu ta'eera.

To'attoota qilleensa baramaafi qilleensa jijjiiramaa ta'an:

- ✓ Ol-ka'iinsa lafaa
- ✓ Laatitiyuudii
- ✓ Fageenya iddoon tokko qaama bishaanii irraa jiru
- ✓ Dambaliiwwan garbaafi
- ✓ Dhiibbaa qilleensaafi bubbee fa'a.

Laatitiyuudii- Laatitiyuudiin kan wal-qabatu duufuu utubaa lafaafi kallattii carallaa biiftuutiini. Biiftuun sirrii sammuu irra kan ooltu naannoo tiroopikii (23.5° kaabafi kibba) jidduutti. Kanaaf naannoon kun hoo'a guddaa argata. Naannoo bantileetti carallaan biiftuu naannoo baldhaatti waan faca'aniifi fageenyi biiftuu irraa jiru guddaa waan ta'eef hoo'a xiqqaatu argama.

Olka'iinsa lafaa: -yeroo olka'iinsi lafaa sirrii galaanaa irraa 167 meetiran dabalaa deemu temperecherri qilleensa naannoo lafaa 1°C dhaan xiqqaachaa deema. Faallaan kanaa, olka'iinsi yeroo xiqqaatu hanga hoo'aa nidabala. Olka'iinsi lafaa akkuma teemperechera too'atu dhiibbaa qilleensaa fi roobatillee too'ata. Akkuma olka'iinsi dabaluun roobni hamma tokko dabalaa deema. Haa ta'u

malee fiixee gaarren gurguddaa irratti roobni hammaan nixiqqaata. Fakkeenyaaf, fiixee gaara raas Daashan irratti hammi roobaa xiqqadha.

Akkuma olka'iinsi dabaluun dhiibban qilleensaa suuta hir'ataa deema. Kun kan ta'eef qilleensi lafa olka'oo haphii waan ta'eefi.

Dambaliiwwan Garbaa: -Akka waliigalaatti dambaliiwwan garbaa hoo'aafi qorraa jedhamuun bakka lamatti qoodamu. Dambaliiwwan garbaa qaama bishaanii gurguddoo garbaawwan irraa ka'u. Dambaliiwwan garbaa qilleensa naannoo lafaarratti dhiibbaa gochuu nidanda'u. Dambaliiwwan hoo'aa qilleensa naannoo lafaa roobaafi hoo'a giddugaleessa ta'e akka qabaatu taasisa. Dambaliin garbaa qorraan immoo dachee daangessan irratti qilleensa gogaafi qabbanaa'aa ta'e akka qabaatan taasisu.

Fageenya bakki tokko qaama bishaanirraa qabu -fageenya naannoon tokko qaama bishaanii irraa qabu qilleensa baramaa nannoon sun qabu murteessa. Sababnis qilleensi qaama dachee qarqara qaama bishaanii jiru isaan fagaatanii argaman wajjin garagarummaa jiidhinsaafi teempreecharaa niqabaatu. Qaamni dachee qarqara garbaa yookiin galaanaa jiru qilleensa jiidhaafi hoo'a giddugaleessaa yoo qabaatu kan qaama garbaa yookiin galaanaa irraa fagaatee argamu qilleensa hoo'aafi gogaa qabata. Fakeenyaaf; dambaliin garbaa hoo'aa Moozaambikii kibba baha Afrikaatti argamu qaama dachee kibba baha Afrikaatti hurki guddaan bubbleen gara dacheetti waan dhiibbamanii dhufaniif jiidhina naannoof geessu yookiin kennu jechuudha. Kana waan ta'eef kibbi baha Afrikaa qarqara garba Hindii waggaa keessatti rooba guddaa naannoo argatuudha.

Karaa birootiin immoo dambaliin garbaa qorraan Beenguulaa kibba dhiha Afrikaa kan daangessu dachee daangessu irratti qorriifi gogiinsi akka umamu taasisa.

Dhiibbaa Qilleensaa: Dhiibbaan qilleensaa ulfaatina qilleensi iddoo murta'aa ta'e tokko irratti qabu jechuudha. Kunis kan ta'uuf sababa harkisa lafaatini. Harkisaa humna dachee irraa kan ka'e naannoo sirri galaanatti dhiibbaan qilleensaa guddaa yoo ta'u, akkuma olka'iinsi dabalaa deemuun dhiibbaan qilleensaatis xiqqaachaa deema.

1.3.2 Maalummaa Qilleensa Jijjiiramaafi Qilleensa Baramaa

Qilleensa Jijjiiramaa; haala qilleensaa guyyaa guyyaan, torban torbaniin, ji'a ji'aanifi waggaa keessatti jijjiirama mul'isuudha. Qabiyyeewwan qilleensaa baramaafi qilleensa jijjiiramaa walfakkaatu. Bifa walitti fufiinsa qabuun qabiyywwan kanneen safaruufi galmeessuun waa'ee qilleensa baramaa naannoo (biyya) tokkoo ibsuuf nama gargaara.

Qilleensi jijjiiramaan bakkaa bakkatti wal fakkaataa miti. Naannoo tokkotti, haalli qilleensa guyyaa, hoo'aa, gogaafi aduu yoo ta'e, iddoon biraa immoo faallaa kanaa duumessa, rooba, cabbiifi qorraa ta'uu danda'a.

Qilleensa baramaa jijjiirama yeroo dheeraa hamma qabiyyee qilleensa jijjiiramaa waggoota kurneerraa kaasee hanga waggoota miliyoonotaa gahuu dha. Qilleensi baramaan addunyaa yeroo hundaa jijjiirama walirraa hincinne keessatti argama. Jijjiirama qilleensa baramaa addunyaa si'anaa irratti uumamaa jiruun sababoonni iaanii bakka lamatti qoodamu. Isaanis nam-tolcheefi uumamati. Keessumaayyuu gochaalee dhala namaa wajjiin walqabatan jijjiirama qilleensaaf sababa guddaadha. Jijjiiramni qilleensa baramaa kunis guutuu addunyaatti yeroo ammaa hayyoota qilleensa baramaatiin qu'atamaa jira.

Naannoolee Qilleensa baramaa

Addunyaan naannoolee qilleensa baramaa adda addaa qabdi. Isaan gurguddoon:

(a) Nananoo Qilleensa Baramaa Jiidhaa Hoo'aa: naannoon kun naannoo Mudhii lafaatti dhiyaatanii argaman keessaa, naannawa Qorii Koongoo fi lafa dakee qarqara Galoo Galaanaa Giiniitti baldhinaan argama.

Keessattuu, mudhii lafaa irraa kaasee gara Kaabaa 6° fi gara Kibbaa 6° jidduutti argama. Naannoon kun waggaa guutuu rooba guddaa argata. Hammi hoo'a jiddu galeessaa waggaa naannoo kanaa 27°C ta'a. Waggatti hamma roobaa jiddugaleessaa 1500 mm ol ta'e argata. Garaagarummaan hoo'a guyyaa fiji'oota waggaa jidduu jiru baay'ee xiqqaadha. Naannoon kun gosa rooba hurkaa (convectional rainfall) argata. Naannoon kun waggaa guutuu rooba guddaa waan argatuuf bosona heddummaataa fi wal xaxaa ta'een uwwifamee argama.

(b) Naannoo Qilleensa Baramaa Jiidhaa gogaa: Naannoon kun naannoo

qilleensa jidhaa hoo'aa marsee argama. Naannoon kun hoo'a ol aanaa kan qabu yoo ta'u, garaagarummaan hamma hoo'a guyyaatii fi waggaa jidduu jiru guddadha. Kunis akkuma naannoo mudhii lafaa irraa garaa kaabaa fi kibbaatti fagaatuun garaagarummaan is dabalaa deema. Naannoon kun rooba waggaa guutuu hin argatu. Rooba kan argatu waqtii gannaa yoo ta'u, hemisfeera kaabaatti waqtiin gannaa (ji'oota Waxabajjii, Adoolessaa fi Hagayya)

yoo ta'u kan Himisfeera Kibbaa keessatti ammoo waqtiin gannaa (ji'oota Muddee, Ammajii fi Gurraadhala) dha. Hammi roobaa akkuma gara kaabaa fi kibbaatti adeemamuun xiqqaataa deema.

Naannoon kun naannoo bosona heddummaataa marsee argamullee biqiltoonni akka naannoo qilleensa jiidhaa hoo'aa keessatti biqilanii hin argamansa. Bakkii naannoo bosona heddummaatatti aanee argamu biqiloota Paark Savaanaa (Park savanna) yoo jedhamu margi dhedheeroo fi mukkeen walkeessatti marguun argamu.

Naannoo Paarki savaanaa irraa kaasee gara Kaabaa-Kibbaatti akkuma deemamuun biqiloonni gara Lafa marga dhugaatti (True savanna) jijjiiramaa deema. Adeemsa keessa dheerinni marga gaggabaabbachaa qarqara gammoojjii hoo'aatti akkuma dhiyaatuun gara micireetti (shrubs), marga baay'ee gaggabaaboo fi jabaatoo ta'anitti jijjiirama.

(c) Naannoo Qilleensa Baramaa Gammoojjii hoo'aa: naannoon kun naannoo qilleensa jiidhaa-gogaatti aanee argama. Naannoon kun gammoojjiiwwan hoo'a guddaa ta'uudhan beekama. Fakkeenyaaf gammoojjii hoo'aa Sahaaraa, Naambi, kalahaarii fi gammoojjii hoo'aa Somaaliyaa fa'a.

Naannoon tokko gammoojjii hoo'aa jedhamuuf hammi roobaa waggaatti argatu jiddgaleessan- 250 mm gad ta'uu qaba. Naannoon kun guyyaa guyyaa baay'ee yoo hoo'u, halkan halkan immoo baay'ee qorra. Kunis garaagarummaa tempireechara guyyaa guddaa ta'a. Roobni tasa naannoo kanatti dhufu sababa hoo'a guddaatiin osoo biyyee keessa gad hin seeniin hurkaa'ee bada. Hanqina roobaatiin kan ka'e, naannoo kanatti biqiltoonni baay'inaan hin argaman.

(d) Nananoo Qilleensa Baramaa Meediteraaniyaanii: Naannoon kun qarqara Kaaba Afrikaa naannoo Magriibii fi qarqara Kibba Afrikaa naannoo Keeppi Reenjiitti argama. Naannoo kanatti waqitiin bonaa jiidhaa fi qabbana yoo ta’u, waqtiin gannaa immoo oo’aa fi gogaadha. Sababni kanaatis naannoon kun waqtii gannaa dhiibbaa qilleensa guddaan asitti waan uumamuufi.

(e) Qilleensa Baramaa Naannoo Lafa ol ka’oo: Naannoolee ol ka’insa guddaa qaban keessatti kan argamuudha. Akkuma ol ka’insi dabalaa deemmuun hammi hoo’aa xiqqaachaa deema. Ol ka’iinsi lafaa 167 m dabalaa yoo deemuu hammi hoo’aa immoo 1°C xiqqaachaa deema.

1.1.3. Qabiyyeewwan Qilleensa jijjiiramaafi Qilleensa Baramaa

1. Qabiyyeewwan qilleensa jijjiiramaafi qilleensa baramaa maal fa’a?
2. Garaagarummaan qabiyyeewwan qilleensa jijjiiramaafi qilleensa baramaa naannoo naannootti muldhatu sababa maaliin uumame?

Qabiyyeewwan qilleensa jijjiiramaafi qilleensa baramaa kan jedhaman rooba, teempireecharaafi bubbee fa’a. Garaagarummaan qabiyyeewwan qilleensa jijjiiramaafi qilleensa baramaa naannoo naannootti muldhatu kunkan dhufe sababa too’attoota qilleensa jijjiiramaafi qilleensa baramaa irraa kan dhufe. Akkuma asiin dura barattetti too’attoota qilleensa jijjiiramaafi qilleensaa baramaa kan ta’an; teessuma lafaa, Laatitiyuudoota, fageenya qaama bishaanii irraa iddoon tokko qabufi dhiibbaa qilleensaa fa’a.

Odeeffannoowwan Haala Qilleensaa Galmessuufi Safaruu

Gahumsa barachuu barattootaa yoo xiqqaate goonfatamuu qabu:

- Maloota qabiyyeewwan qilleensa baramaa safaruufi galmeessuuf fayyadan nihubatta.
- Odeeffannoo waa’ee qabiyyeewwan qilleensa jijjiiramaafi qilleensa baramaa itti sasaabaman, galmaa’anifi xiinxalaman nibsita.

Dhalli namaa baroota dheeraaf haala qillensa baramaa keessa jiraatuu xinxaluufi mala dhahaa turuun isaa nibeekkama. Kanaafiis ragaan Misirii bara duri waqitileen walqabisiisuun yeroo waqitiin roobaa dhufee lagni Naayili itti gutuufi

itti hir'atu qorannoo haala astiroonoomii gaggessaa akka turan ragaleen adda addaa ni ibsu.

Tempireechera Safaruu: Tempireechara jechuun haala hoo'insna yookiin qorriinsa waan tokkoti. Teempireecharri waan tokkoo xiqqaafi guddaa ta'uusaa adda baasnee galmessuuf meeshaan fayyadamnu Teerimoomeetira jedhama. Teempicharaa xiqqaa safaruuf gosa Teerimoomeetira alkooliin dalagutti gargaramma. Teempireechara guddaa naannoo yookiin qilleensaa iddoo tokko kan safaruuf teermoomeetira meerkuriin dalagutti gargaaramna.

Rooba Safaruu meeshaan rooba safaruuf itti gargaramnu Reengeejii jedhama. Meeshaan kunis ragaa sirri ta'e galmessuuf iddoo cophaa manaafi wantoota biroo irraa fagessuun kaa'uun baay'ee barbaachisaadha. Galmeen raagaalee rooba naannoo tokkoo 24 sa'aatii keessatti kangalmaa'u ta'a. Rooba naannoo tokko si'a tokkotti silindariin reengeejii qabee bishaan roobaa 10mm qofa qabata.

Hangi rooba waliigala waggaa iddoon tokko argatu gosa midhaan , marga yookiin jall'isii murteessuu irratti ga'ee qaba. Hammi rooba waggaa kun ammoo teempreecheraafi hurka qaama adda addaa keessaa bahuun murtaa'a. Gosoonni midhaan garagaraa hamma roobaafi hoo'aa addaa barbaadu.

Bubbeen; Bubbeen qilleensa dalga socha'uudha. Bubbee cimaan hurka saffissiisuun biyyeen akka gogu taasisa. Hoo'a yookiin qabbana iddoo tokkoo gara birootti geessuun teempreecharri naannolee madaalawaa akka ta'u gargaara. Bubbeen rooba argachuuf yookiin dhabuufillee sababa ta'a. Meeshaan kallatti bubbeen itti bubbisu agarsiisu Wiindiveenii jedhama.



Fakkii 1.12. Wiindiveenii (meeshaa agarsiistuu kallattii bubbee)

1.3.4 Qilleensa Baramaa Itoophiyaa

Itoophiyaan biyyoota Afrikaa bahaa keessaa biyya bal'ina lafaa guddaa, teessuma lafaa garagaraafi gosa qilleensa baramaa adda addaa qabduudha. Kana malees sababa mudhii lafaafi garba Hindiitti dhihoo jirtuuf yeroofi bakka adda addaatti qabiyyeewwan qilleensa baramaafi qilleensaa jijjiiramaa gosa adda addaa akka qabaattu taatee jirti. Kanaaf, qilleensi baramaan Itoophiyaa irra caalatti kan too'atamu bubbee waqtii adda addaatti kallattii adda addaatti bubbisuufi haala teessuma lafaa ishiitiini. Teessuma lafaafi tempireechara irratti hundaa'uun qilleensa baramaa Itoophiyaan qabdu bakka shanitti qoodama. Isaanis ;gammoojjii hoo'aa, gammoojjii, bada daree, baddaa fi baddaa diilalla'aa jedhamuun beekkamu.

Garaagarummaa haala qilleensaa waqtiileefi guyyaa Itoophiyaa

Itoophiyaan biyya guutuumaan guututti godina qilleensa baramaa hoo'aa keessatti argamtuu dha. Godina hoo'aa keessatti argamuu isheerra kan ka'e garaagarummaan dheerina guyyaafi halkan jidduu jiru baay'ee xiqqaa dha. Walumaagalatti Itoophiyaa keessatti garaagarummaan dheerina yeroo guddaan kan uumamu ji'oota muddeefi waxabajjii keessatti. Itoophiyaan waqtiilee beekkamoo afur qabdi. Isaanis ;ganna, birraa, bonaa fi arfaasaa dha.

Gabatee 1.2. Qoodama waqtiilee

Maqaa Ji'ootaa	Maqaa waqtiilee Heemiisfeera kaabaa	Maqaa waqtiilee Heemiisfeera kibbaa	Hemiisfeera aduun itti argamtu
Waxabajjii, Adoolessafi Hagayya	Ganna	Bona	Kaaba
Fulbaana, Onkoloolessaafi Sadaasa	Birraa	Afraasaa	Naannoo mudhii lafaa
Muddee, Amajjiifi Gurraandhala	Bona	Ganna	Kibba
Bitootessa, Eblaafi Caamsaa	Afraasaa	Birraa	Naannoo mudhii lafaa

Faca'insi roobaa baay'inaan garaagarummaa kan qabaatu teessuma lafaa, kallattii bubbeefi fageenya iddoon tokko qaama bishaanii irraa qabuu irratti hundaa'a. Roobni wagga keessatti yookiin waqtiileedhaan uumamu sirna sochii bubbee fi dhiibbaa qilleensa addunyaa wajjin wal qabata. Itoophiyaa keessatti haalli roobaa waqtiilee adda addaa keessatti akka armaan gadiitti kan ibsame ta'a.

A. Ganna

Ganni Itoophiyaa keessatti walakeessa waxabajjii irraa jalqabee hanga walakeessa Fulbaanaatti lafa dakee Affaarfii lafa dakee kibba bahaa biyyattii irraa kan hafe naannoleen baay'een rooba argatu.

Itoophiyaa keessatti rooba gannaatiif sababa guddaa kan ta'e dhiibbaa qiilleensaa garba guddaa Atlaantikii keessatti naannoo Tiroopikiiti uumamuudha. Kun ta'uun isaa immoo bubbeen galoo galaana Giinii irra qaxxaamuree qilleensa hoo'aa hurkaan guuttame dhiibuun gara lafa olka'oo dhihaa, giddugaleessafi kaabaa Itoophiyaa waan dhufaniif carraan rooba uumuu guddaadha. Kunis kan ta'u walakkeessa ji'a waxabajjii irraa kaasee hanga walakeessa ji'a fulbaanati. Waqtiin kunis waqtii gannaa jedhama.

B. Birraa

Waqtiin birraa ji'a fulbaana irraa kaasee hamma ji'a sadaasaa yeroo jiru kan ofkeessatti haammatuudha. Waqtii kanatti wiirtun dhiibbaa qilleensaa xiqqaan mudhii lafaa irratti uumamaa. Bubbeen jiidhinsa baatu kibba bahaa galaana Indiyaa irraa bubbisuun naannoo lafa dakee kibba bahaa Itoophiyaatiif rooba kenna. Haa ta'u malee naannoleen biroo biyyatti caalatti qorraafi bubbee qabaatu.

C. Bona

Bonni yeroo aduun heemisfeera kibbaatti mudhii lafaa irraa fagaattee argamtuudha. Akkuma asiin olitti ibsameen turtiin yeroo kanaa ji'oota muddee, amajjiifi gurraandhala ta'a. Waqtii kanatti bubbee gogaan kaaba-bahaa ardii Eeshiyaa irraa dhufu qilleensa baramaa Itoophiyaa irratti dhiibbaa geessisa. Haata'u malee bubbeen kun waqtiilee biroo wajjin walbira qabnee yoo ilaallamu uwwisni isaa iddoo xiqqaadha. Bubbeen kunis galaana diimaa irraa hurka baatee waan dhufuuf lafa dakee Affaariifi qarqara galaana diimaaf rooba muraasa kenna.

D.Arfaasaa

Yeroo kanatti aduun mudhii lafaa irraa heemiisfeera kaabatti argamti. Waqtii kanatti dhiibbaan bubbee Kaaba bahaa irraa dhufu hir'ataa deema. Gama birootiin yeroo kanatti bubbeen kibba bahaa garba Hindii irraa dhufu lafa olka'aa kibba-bahaa, lafa dakee giddu-galeessaafi kibba-baha Itoophiyaatiif rooba fidu. Haa ta'u malee roobni kun yeroo hunda waqtii eeggatee kan uumamuu miti. Heemiisfeera kaabatti waqtii afraasaa kan jedhamus ji'oota bitootessa, Eblaafi caamsaa dha.

Cuunfaa Boqonnichaa

Humnoonni teessuma lafaa jijjiiruu danda'an humnoota keessa lafaafi irra lafaatti uumamaniidha. Humnoonni keessa lafaa jedhaman kanneen akka dhoo'insa voolkaanoofi hoollannaa lafaa yoo ta'an, kanneen irra lafaatti uumamanii teessuma lafaa jijjiiran immoo lolaa bishaanii, bubbeefi cabbie sigigaatudha.

Qilleensi jijjiiramaan amala qilleensa naannoo tokkoo kan yeroo gabaabaa guyyaa guyyaan, torban torbaniin, ji'a ji'aanfi waggaa kessatti mul'atuudha. Qilleensi baramaan giddugaleessa haala qilleensaa naannoo tokkoo yeroo dheeraa yoo xiqqate waggoota 35fi sanaa oliif beekamuudha. Saayinsiin waa'ee haala qilleensaa jijjiiramaa qoratu Meetirooloojii yommuu jedhamu saayinsiin waa'ee qilleensa baramaa qor'atu immoo kilaamaatooloojii jedhama.

Itoophiyaan guutumaan guututti naannoo tirooppikii keessatti argamti. Haa ta'u malee, sababa teessumni lafaa ishiitiin haalli qilleensi baramaa addunyaa hundi keessatti muldhata.

Dabaliinsi hoo'a addunyaa uumamuu hongee, dabaliinsa hoo'a naannoo, babal'achuu gammoojjummaa, dhabamuu roobaa, dhabamuu sanyii lubbu qabeeyyii adda addaa, babaldhachuu dhibee adda addaa fa'aaf sababa ijoodha. Hojiiwwan jijjiirama qilleensaa kana hir'isuudhaaf hojjataman keessaa muraasni biqiloota dhaabuu, gaasota hoo'a addunyaa dabalani hir'isuu, bosonaafi anniisaa ofhaaroomsanitti fayyadamuu fi kan kana fakkaataniidha.

Gilgaala Xumuraa Boqonnaa Tokkoo

I. Gaaffilee armaan gadiitiif deebbii gabaabaa kenni

1. Humnoonni keessa lafaa fuula lafaa jijjiiran kam fa'a? maqaa isaanii barreessi.
2. Qabiyyeewwan qilleensa baramaafi qilleensa jijjiiramaa maal fa'a?
3. Too'attoota qilleensa baramaafi qilleensa jijjiiramaa tarreessi.
4. Humnoonni irra lafaa teessuma lafaa jijjiiran kam fa'a?
5. Waqtilee Itoophiyaa keessatti muldhatan ji'oota isaanii waliin barreessi.

II. Gaaffilee armaan gadiitiif qubee deebii sirrii ta'e qabu filadhuu deebisi.

1. Kanneen armaan gadii keessa humna irra lafaa teessuma lafaa jijjiiru keessatti hin ramadamne isa kami?

A. Lolaa bishaanii
B. Harama bubbeen uumamu

C. Hollannaa lafaa
D. Cabbii sigigaatu
2. Adeemsa jijjiiramuu keemikaalaa kan ta'e isa kami?

A. kuufama cabbii

B. Harama biyyee

C. Walnyaatins qabiyywwan kattalee keessa

D. Kufama buubbeen uumamu
3. Jijjiramuun fiizikalaa maaliin uumama ?

A. Bineensota
C. Bubbee

B. Bishaan
D. Hunduu deebiidha

III. Tarree “B” jalaa filachuun kan tarree “A” waliinwalitti firoomsi.

- | A | B |
|--|---|
| 1. Meehaa hoollannaa lafaa safaru | A. voolkanoo carraa dhoohuu hinqabne |
| 2. Voolkaanoo riphaa | B. Boolla fiishaarii |
| 3. Voolkaanoo socha'aa | C. Reektar isikeelii |
| 4. Voolkaanoo dhumataa | D. Dhukkeefi aara |
| 5. Wantoota voolkanoo wajjin keessa lafaatii bahan | E. Voolkaanoo amma amma dhohu |
| 6. Dhohinsa volkaanoo bolla tokkoo | F. Voolkanoo yeroo hinbeekkamnetti dhoohu |
| 7. Dhoohinsa volikanoo boolla hedduu. | G. Veentii |

BOQONNAA 2

UUMMATAA FI SOCHIILEE HAWAAS–DINAGDEE

Bu'aawwan Barachuu Boqonnichaa

Adeemsafi Xumura barnoota boqonnaa kanaan booda:

- ✓ Dagaaginaafi jijjiiramuu aadaa uummataa yeroodha yerootti jiru ni ibsita.
- ✓ Caaculeewwan aadaa uumataa ni ibsita.
- ✓ Dhiibbaa giilobalaayizeeshiniin aadaa hawasaa irratti qabu ni ibsita.
- ✓ Garaagarummaa aadaa hawasaa jidduu jiruuf kabaja kennita.
- ✓ Maalummaa sochiilee diinagdeefi amaloota isaanii ni ibsita.
- ✓ Sochilee diinagdee biyyoota adda addaa sadarkaa guddina isaanii waliin wal-qabuun nihimta.
- ✓ Garaagarummaa tamsaa'ina odeeffannoo, omishaafi kenna tajaajilaa ni ibsita.
- ✓ Dhiibbaa fedhiifi dhiheessiin omishaa gatii gabaa irratti qabu ni hubatta.
- ✓ Seenaa gibiraafi taaksii ni himta;

Seensa

Uummattoonni addunyaa hundi aadaafi eenyummaa mataa isaanii qabu. Aadaan eenyummaa saba tokkoo kan ibsudha. Caaculee aadaa keessatti kanneen akka afaan, amantiifi haala jireenya hawaasaa fa'adha.

Akka waliigalaatti sochiileen diinagdee sadarkkaa sadiitti qoodamu. Isaanis sochiilee diinagdee sadrakaa tokkoffaa, sochiilee diinagdee sadrakaa lammaffaafi sochiilee diinagdee sadrakaa sadaffaadha. Boqonnaa kana keessatti waa'ee sochiile diinagdee gadi fageenyaan ni baratta. Dabalataanis waa'ee gibiraa, taaksii, walitti dhufeenya fedhiifi dhiyeessiitis ni hubatta.

Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate bira gahamuu qabu

Xumura barnoota mata duree kanaan booda:

- Maalummaa Aadaafi waantota dagaagina aadaaf sababa ta'an ni ibsita.
- Afaaniifi amantiin caaculee aadaa ta'uu ni ibsita.
- Giloobalaayizeeshiniin jijjiirramuu aadaa hawasaa irratti qabu maal akka ta'e ni ibsita.
- Maalummaa fi gosoota sochiilee diinagdee sadarkaa adda addaa ni ibsita.
- Dhiibbaa fedhiifi dhiheessiin omishaa gatii gabaa irratti qabu ni ibsita;
- Maalummaa galiifi gibiraa addaan nibaafatta.

2.1.Garaagarummaa Aadaafi Jijjiirama Isaa

Gaaffilee shaakalaa

- a) Aadaan maali?
- b) Ibsitoonni aadaa maal fa'a?
- c) Dhalli namaa haala kamiin aadaa akka dagaagsaa deemu irratti mari'achuun dareef dhiheessaa.

Aadaan ogummaa, haala jiruufi jireenyaa, beekumsaafi muuxannoo dhalli namaa qabuudha. Ummattoonni addunyaa hundi aadaafi eenyummaa mataa isaanii qabu. Biyyoonni akka Itiyoophiyaa, Naayijeeriyaa, Indooneezhiyaa fi kan kana fakkaatan aadaa, sabaafi sablammii heddu qabaachuun beekamu. Aadaan eenyummaa saba tokkoo kan ibsu yoo ta'u, kan walirraa baratamuufi fudhatamuudha. Garaagarummaan aadaa jiraachuun beekumsaafi muuxannoon heddu ummanni addunyaa akka walirraa barataniif gargaara.

2.1.1. Dagaagina Aadaa Uummataa

Dhallii namaa bineeladoota biraa irraa adda bahee wantoota jireenyaaf isaa barbaachisan kalaquu kan eegalee bara dhagaa keessa ture. Bara qaroomina dhagaa kan jennus yeroo ilmi namaa meeshalee adda addaa isa barbaachisan dhagaa irraa hojjechaa turedha. Barri seenaa kunis naannoo waggoota miliyoona 2.5 hanga 5,000 kan tureedha. Baroonni dhagaa kunniinis bakka gurguddoo saditti qoodamu.

Isaaniis; bara dhagaa durii, bara dhagaa gidduugaleessaafi bara dhagaa haarawa jedhamuun beekamu. Dhagaatti fayyadamuun kun akka bara Industirii dhagaa jedhamu taasiseera. Gara biraatiin barri kun maqaa bara warraaqsa aadaa dhala namaa jedhama.

Dhallii namaa baroota dhagaa sadeen keessatti aadaafi dandeettii adda addaa dagaagfateera. Akka Arkiyoolojistoonniifi hayyoonni seenaa ibsanitti aadaan dhala namaa dagaaguu kan eegalee baroota kanneen keessadha. Haaluuma kanaan bara dhagaa durii(waggoota miliyoona 2.5 hanga 200, 000) keessatti meeshalee adda addaa dhagaa jabaataa irraa hojjechuu danda'aniiru. Meeshaleen kunniinis cicimoo waan ta'aniif lafee cabsuufi muka muruu ni danda'u. Dabalataanis foon muruuf, muka bocuufi qaruu, kuduraafi muduraa yookiin firii adda addaa ittiin kukkutuuf itti tajaajilamaniiru.

Kanaan alatti, dandeettiiwwan akka ibiddaan fayyadamuu, dubbachuu danda'u, gogaa irraa uffata hojjechuufi holqa keessa jiraachuu eegalaniiru. Holqa akka manaatti keessa jiraatanis halluufi bobbooca adda addaatiin bareechuu eegalan. Amantiinis yeroodhuma kana akka eegale yaadama. Kanaaf, barrii dhagaa jalqabaa kun bu'uura dagaagina ogummaafi aadaati.

Bara dhagaa giddugaleessatti (200,000-40,000) dhalli namaa dagaagina aadaa itti fufsiisuun kalaqa adda addaa raawwateera. Beekumsaafi kalaqa baroota kanneen keessatti qooda guddaa qabanis kan akka bineensootaafi biqiloota ofitti madaqsuudha. Yeroo kana keessatti dhalli namaa bineensoota bosona keessaa saree ofitti madaqsuun waliin jiraachuu eegale. Biqiloota adda addaatis bosona keessa guuruun naannoo holqa jiraatutti facaasuun itti fayyadamuu danda'eera. Haata'u malee sadarkaa ol'aanaadhaan bineensotaafi biqiloota madaqsuu kan danda'e bara dhagaa haarawa keessa. Supheerraa meeshalee adda addaa ittiin bilcheessuufi affeeluuf tajaajilan, hojjechuu kan eegalees barootuma kanniin keessa.

Bara dhagaa haarawa (40,000-5,000) keessatti dhalli namaa dagaagina ogummaafi aadaa jireenya ammayyaatiif bu'ura ta'an dagaagseera. Aadaa, ogummaafi dandeettii baroota dhagaa lamaan dabran keessatti dagaagse daran cimsuun bifa haaraan jireenyaaf mijeesseera. Keessattuu hojii qonnaa eegaluum humna bineensotaatti fayyadamuu danda'eera. Kanaafis, barri kun hayyoota seenaatiin 'bara warraaqsa qonnaa' jedhamuun beekama. Naannoolee akka Meesopotaamiyaa, Gibsti, Nuubiyaaifi sulullan adda addaa Afrikaa keessaatti adeemsan qonni eegalameera. Qonnaan walqabatees meeshaleen qonnaa adda addaafi aadaan kuusaa omisha qonnaa ijaaruun dagaageera. Gama biraatiin bakka dhaabbataa ta'etti hojii qonnaa adeemsiisuun isaa dhalli namaa iddoo tokkotti akka qubatu gargaareera. Adeemsa kanaan qubannaan kun suutan garabuu'uureffamuufi dagaaguu Magaalootaatti ce'eera.

Bababal'achuun magaalotaa immoo hundaa'uu mootummootaafi dagaaguu bulchiinsaa fide. Dagaaginni bulchiinsaa seeronniifi qajeelfamoonni adda addaa akkasumas aadaan hogganuu, muuxannoon daangaa kabachiisuu hojiirra akka oolu taasiseera.

Waluummaagalatti dhallii namaa ogummaa adda addaa, aadaa gaddaafi gammachuu ittiin gaggeeffatu dagaagsuu kan eegalee baroota dhagaa sadeen keessa ture. Haata'u malee, adeemsaan baroota sibiilaatiifi nahaasitti aadaa duraan qabuu daran cimsatee sadarkaa ammaa irra gahuu danda'eera

1.1.2. Ibsitoota Aadaa Ijoo (Afaaniifi Amantii fa'a)

Afaan

Ibsitoota aadaa gurguddoo keessaa tokko Afaani. Akkuma olitti ibsuuf yaalametti dhalli namaa afaanitti fayyadamuun waliigaluu kan eegalee bara dhagaa durii keessatti. Haaluma kanaan baroota kanniin irraa eegalee hanga ammaatti afaaniin waliigalaa jira. Haata'u malee uummattoonni addunyaa garagaraa afaan adda addaa ittiin waliigalan qabu. Afaanonni hundi walqixaaifi meeshaa ittiin waliigalaniidha.

Uummanni gaddaafi gammachuun isaanii afaaniin ibsatu. Gadda itti dhagahame bifa weelluun, faaruufi boo'aan ibsata. Yeroo gammachuutis sirbaan, geerrarsaan

dhaaduufi shubbisa adda adaatiin ibsatu. Seeraafi qajeelfamoota adda addaa tumachuufi labsuufis ta'ee marii gaggeessuuf afaaniin fayyadamuun. Xumura marii irrattis yaada irratti waliigalame jechaafi hima adda addaa fayyadamuun walbeeksisu. Kanaaf afaan uummata kamiifuu meeshaa yaadaafi fedhii isaanii kanittiin ibsatanidha.

Amantii

Dhalli namaa amantii hordoofuu kan eegale bara dhagaa durii akka ta'etti yaadama. Amantiinnaama Waaqaa (uumaa) waliin kan walqunnamsiisudha. Dhallii namaa hundi uumama addunya kana hunda qaamni hoogganu tokko jira jedhee amana. Inni kunis Waaqa/Rabbi akka ta'e hubannaa waliigala amantiiwwaniiti. Haata'u malee, haalli ittiin amananiifi karaa amantii isaanii ittiin gaggeeffatan garagara. Amntiiwwan hundi isaanii dhala namaatiif waan gaarii kan barsiisaniifi kan hawwaniidha.

Akka barsiifannaa amantiiwwaniitti wantoota safuu ta'aniifi mirga namaa dhiiban ni balaaleffatu. Fakkeenyaaf, hanna, soba, ajjeechaa, miraga daa'immaniifi dubartii sarbuu ni dhoorku. Qajeeltoo isaanii keessattis nageenya, walgargaaruu, walii birmachuu, dhugaan hojjechuu kan jedhu barsiisu.

Dabalataaniis, namni hundi walqiixa kan jedhuurratti waliigalu. Kana malees kunuunsaafi fayyadama qabeenya uumamaa kan jajjabeessan yoo ta'u, namni hundi naamusa jiruuf jireenyaa tasgabba'aa akka hordofu gorsu. Akkuma afaanii amantiinis hariiroo hawaasa adda addaa gidduu jiru kan jabeessudha.

2.1.3. Gilobalayizeeshinii, Jijjiirramuu Aadaafi Sanyii Dhala Namaa

Gaaffilee shaakalaa

1. Giloobaalaayizeeshiniin maali?
2. Bu'aafi miidhaa giloobaalaayizeeshiniin aadaa hawaasaa irratti qabu maal akka ta'an ibsi.

Yaadni bu'uura giloobaalaayizeeshinii karaa salphaan yoo ibsamu walitti dhufeenya waliigalaa dhalli namaa qabu jechuudha. Hariiroo uummata addunyaa hundaati. Dabalataanis yaada tokkummaa'uu uummattoota addunyaa jedhu ofkeessaa qaba.

Karaalee giloobaalaayzeeshiniin ittiin babal'atu.

Yaa'insaa kaappitaalaa, omishaalee, uummataa, yaadaa, beekumsaafi odeeffannooti. Kanaan alattis, teekinoolojiifi sirna qumnnamtii adda addaa hammatati. Kunis kan ittiin ibsamu immoo karaa dinagdee, siyaasaa, hawaasummaafi aadaa fa'a. Haala kanaan yeroo ammaa addunyaan sadarakaa ganda tokkotti walitti dhufaa jirti. Inni kun walumaagalatti Giloobaalizeeshinii yaada jedhu kan ibsudha.

Faayidaalee giloobaalaayizeeshinii

Giloobaalaayizeeshiniin faayidaalee armaan gadii qaba. Isaaniis: Biyyoonni diinagdee fooyyee qaban gabaa irratti dorgommii guddaa keessa akka galan taasisa. Kana jechuun immoo humni biyya keessa jiru hojii, dandeettiifi beekumsa qabuun akka hojjetuufi fayyadamu gargaara jechuu dha. Dabalataanis dorgommii faayinaansiin addunyaa irratti qabu ni cimsa. Akkasumas, adeemsa giloobaalaayizeeshinii keessatti fayyadamtoonni meeshalee adda addaa walbira qabuun gatii salphaadhan bituu danda'u. Waluumaagalatti, sirna giloobaalaayizeeshinii keessatti biyyoonni sochii gaarii qaban gara sadarkaa guddina caalmaatti ce'uu danda'u. Fakkeenyaaf biyyoonni akka Hindiifi Chaayinaa karaa kanaan guddachuu danda'aniiru.

Miidhaawwan giloobaalaayizeeshinii

Gama biraatiin giloobaalaayizeeshiniin miidhaawwan gurguddo qaba. Adeemsa hawaasni addunyaa qunnamtiifi hariiroo qaban cimsaa deeman keessatti ilaalchi jaalala biyyaafi aadaan dagatamaa deema. Fakkeenyaaf, uummattoonni addunyaa hundii fiilmii biyya alaa ilaaluu, muuziqaa Rookii dhaggeeffachuu, dhugaatii adda addaa dhuguufi tamboo xuuxuu dagaagsaniiru.

Waluumaagalatti amala safuufi safeeffannaa hawaasa naannoo hinkabajnee dagaagfachuun biyyummaa jibbuudha.

Gilgaala 2.1

1. Aadaan maali?
2. Aadaawwan biyya keenya keessatti argaman kam fa'a?
3. Aadaan akkamitti naannoo tokkoo gara naannoo birootti babaldhachuu

danda'a?

4. Giloobaalaayzeeshinii keessatti aadaan akkamitti jijjiiramaa?

2.2. Sochiilee Diinagdee Gurguddoo

Ilmi namaa jiraachuuf jecha hojiiwwan adda addaaa irratti bobba'uun jireenya isaa gaggeessa. Inni tmurta'aan qonnaan bulaa yoo ta'u, inni kuun immoo hojjataa warshaa, hojii mukaa, hojjataa mootummaafi ogummaa gara garaa irratti boobba'uun galii jireenya isaaniif ta'u argamsiisu.

Sochiileen diinagdee iddoo gurguddoo bakka saditti qoodamu.

2.2.1. Sochiilee Diinagdee Sadarkaa Tokkoffaa

Gaaffilee Shaaklaa

1. Namni jiraachuuf jecha maal fa'a hojjatee galii akka argatu gareen irratti mari'achuun dareef gabaasaa.
2. Sochiin diinagdee uummata Itoophiyaa maal maalirratti hundaa'e?
3. Garaagarummaan qonna biyyoota guddataniifi guddataa jiranii maali?

Sochii diinagdee sad.1^{ffaa} jechuun qabeenya uumamaan jiru dhalli namaa itti fayyadamuun jireenya isaa gaggeessuu jechuu dha. Qabeenya uumamaa kunniinis biyyee, kattaalee, bishaan, bosonaafa'a of-keessatti qabata.

Hojiileen sochii diinagdee sadarkaa tokkoffaa keessatti ramadaman kan akka qonnaa, qurxummii qabuu, albuudaa baasuu, bosonaa fayyadauu, adamsuu fa'ahammata.

Qonna

Qonna: jechuun waantoota nyaatan yookiin guddina diinagdee fiduuf jecha biqiloota oomishuufi beeyladoo horsiisuu jechuudha. Qonni hojii itti yaadamee raawwatamuudha.

Jalqabamuu Qonnaa

Qonni kan eegalame Dh.K.D. naannoo bara 6000 duratti. Qonni yeroo jalqabaatiif biyyoota kibba baha Eeshiyaa keessaatti jalqabame. Suuta suutaan qonni handhuura kibba baha Eeshiyaa irraa gara Chaaynaa, Jaappaan,

kibba dhiha Eeshiyaa, Afrikaafi Awrooppaatti babal'ateera.

Yeroo ammaa kana qonni uummata addunyaa keessaa 67% kan jiraachisaa jiruudha. Kanaaf sochii dinagdee isa bal'aa uummatni baay'een ittiin jiraataa jiruudha. Osoo qonni hin jalqabamin dura maddi nyaata ilma namaa adamoo fi firii mukaa funaanuudhaan ture.

Gosoota Qonnaa

Qoodamni qonnaa ulaagaalee garagaraatiin gaggeeffamuu danda'a. Isaan keessaa:

1. Bu'aa omishaa irratti hundaa'uun

- a. Midhaan oomishu: midhaan qonna kana keessatti omishaman bakka lamatti qoodamu. Isaanis: midhaan nyaataafi midhaan gurgurtaati.
- b. Horsiisa Loonii: inni kuni immoo beelladoota horsiisuudha. Innis yeroo bay'ee lafa qonnaaf hin taane irratti gaggeeffama. Horsisni loonii kaayyoo fedhii nyaataa guuttachuufi madda galiif oola.
- c. Qonna Wal-Makaa: Sochii dinagdee midhaan omishuufi beelladoota horsiisuu walitti qabaan gaggeessudha.

2. Turtii yeroo Irratti Hundaa'uun

Qonna dhaabbataa: gosa qonnaa iddoo tokko irra yeroo dheeraaf turu.

Qonna siqaa: qonni siiqaan bakka roobaafi teempireechara guddaa ta'etti biyyeen dafee waan dhiqamuuf biyyeen albuuda of keessaa fixata. Waan kana ta'eef oomishtummaan gadi bu'a. kun immoo namoonni nannoo kana jiraatan lafti gabbina isaa waan fixattuuf qotee bultoonni lafa qonnaa jijjiiruun bosona ciranii lafa haarawa irratti qonna gaggeessu. Adeemsi lafaa qonnaa jijjiiruun omisha omishuu kun qonna siqaa jedhama.

3. Sadarkaa humnaa fi kaappitaala qindoomina hojichaa irratti hundaa'uun;

- i. Qonna inteensiivii: lafa xiqqaa irratti humna namaafi kaappitaala guddaa fayyadamuun omisha guddaa oomishuu jechuudha.
- ii. Qonna eksiteensiivii: lafa bal'aa irratti humna namaa guddaafi teeknooloojii xiqqaan fayyadamuun omisha xiqqaa oomishuudha.

Gahee Qonni Biyyoota Guddataniifi Guddataa Jiran Keessatti Qabu:

Qonni biyyoota hundaafuu karaa itti midhaan nyaataafi meeshaalee dheedhii biroo warshaaleef dhiyaatan irraa argamuudha. Biyyoota guddatan keessatti qonni teeknoojii adda addaa fayyadamuufi bifa fooyya'aa ta'een kan gaggeeffamuudha. Kanaaf oomishni qonnaa biyyoota gaddatan keessaa omishamu guddaakan ta'eefi uummanni jireenya qananii kan jiraataniidha. Biyyoota guddataa jiranitti keessatti immoo oomishni xiqqaadha. Kunis fedhii midhaan nyaataa guutuu hindandeenye.

Biyya keenyas dabalatee galiin biyyoota guddataa jiranii caalmaan kan irraa argamu qonna irraayyi. Qonni biyyoota guddataa jiran keessatti lafee dugdaa diinagdee isaaniti. Uummanni 85% ta'u Itoophiyaa keessatti jireenya isaanii qonna irratti kan hundaa'edha.

Biyyoonni guddataa jiran sharaftaa alaa kan argatan omishaalee qonnaa irraa argamuuni. Faayidaalee qonni Itoophiyaa keessatti qabu hedduudha. Isaan keessaa: madda midhaan nyaataati, madda galii, sochii diinagdee uummanni hedduun irratti bobba'e, meeshaalee dheedhii industiriif barbaachisan irraa argamuufi omisha waliigalaa biyyattiitiif gumaacha guddaa kenna.

Qurxummii Qabuu

Gaaffilee Shaaklaa

1. Karaalee qurxummiin ittiin qabaman meeqa? Gareen irratti mari'adhaatiin dareef ibsaa.
2. Biyya keenya keessatti aadaan qurxummii qabuufi nyaachuu maal fakkaata?

Qurxummii qabuun hojii adamoo keessaa isa tokko kan ta'eefi laggeen, harawwan, galaanotaafi garbawwan keessatti hojii gaggeeffamuudha. Qurxummii qabuun karaalee lamaan gaggeeffama. Isaanis:

A. Karaa aadaatiin: qurxummii qabuun malaafi meeshaalee aadaatiin yoo ta'u, bu'aan argamus baay'ee xiqqaa ta'a. Qurxummileen qabamanis kanneen xixiqqaafi nyaataaf hinoolledha. Karaa aadaatiin malleen qurxummii qabuuf

tajaajilan kanneen akka Dhagaa qaraa, Eboo qurxummii qabuufi hukoo fa'adha.

- a. Karaa Ammayyaa:** sababa babal'achuu saayinisii fi teeknooloojiitiin meeshaalee ammayyaa fayyadamuun qurxummiilee gahaa fi nyaataaf oolan qabuudha. Meeshaalee Ammayyaa qurxummiilee qabuuf tajaajilan kanneen akka Neetii diriiftii, Neetii Saayinii Tiraawuloota fi Liinaroota fa'a.

Hojii Bosonaa

Gaaffilee Shaaklaa

1. Hojii bosona jechuun maal jechuudha?
2. Naannoo ati jirtutti hojiin bosonaa gaggeeffama?

Hojii bosonaa jechuun bosona misoomsuun bu'aawwan bosonaa tajaajila adda addaatiif oolchuudha.

Gosota hojii bosonaa:

Miidhaginaaf: kana jechuun hojiiwwan bosona misoomsuufi kunuunsudhaan bareedina yookiin miidhagina naannoo uumamaa eeguu raawwatamuudha. Fakkeenyaaf daandiifi bakkeewwan bashannanaatti mukkeen bareedina qabanifi gaaddisaaf tajaajilan dhaabuudha.

Daldalaaf : hojii bosonaa mukkeen gurgurtaaf oolan baldhinaan misoomsudha. Kun kan ta'uu danda'u lafa baldhaan\ tajaajila birootiif hin oolle mukkeen daldalaaf ta'an haala ammayyaatiin dhaabuudhaani. Biyyoonni kan akka Raashaafi Indooneeshiyaa lafa baldhaa irratti mukkeen meeshaa dheedhii warshaaleef ta'an kan akka xaawula omishuun gabaa addunyaatiif dhiyeessu, Albuuda Baasuu

Albuudni maali?

Albuudni naannoo ati jiraatutti argaman maal maal fa'a?

Albuudonni qabeenya uumamaa lafa keessattiifi fuula lafaa irratti argamaniifi faayidaalee garagaraa dhala namaatiif kennaniidha.

Haallan albuuda baasuu too'atan

- A. Hamma (Size) albuudichaa :** baay'inni albuudaa iddoo tokkotti kuufamee jiru baasufi itti fayyadamuudhaaf gahaa ta'uu qaba. Akkuma

beekamu albuuda baasun qabeenyafi humna namaa barate guddaa barbaada. Kanaafuu albuudni bahe baasii bahe haguugee bu'aa barbaadame kennuu qaba waan ta'eef hammi albuudichaa kuufamee jiru gahaa ta'uu qaba.

- B. Qulqullina albuudichaa(Grade):** Kun albuudni omishame tokko bu'aa yookiin faayidaa barbaadame kennuu qaba. Albuudonni hunduu faayidaafi gatii garagaraa qabu. Hamma murta'aa ta'an namoota baay'een kan barbaadamanii gabra irrattis gatii guddaa kan qaban jiru. Isaan biroo immoo baay'inaan argamu, omishamu akkasumas gabra irratti barbaadamuun isaani xiqqaa waan ta'eef gatiin isaanitis gadi aanaa ta'a. Fakeenyaaf warqeefi Aluumiiniyeemii. Gatiinifi barbaadamuun isaanii adda adda.
- C. Gadi fageenya albuudni itti argamu:** Albuudonni faayidaalee heddu qaban lafa jalatti gadi fageenya guddaa irratti awwaalamani argamu. Warqee, Diyaamandii, Peetrooliyeemii faan fuula lafaa irraa meetira hedduun gadi fagaatanii argamu. Haalli kun immoo iddoo argaman keessaa qotanii baasun beekumsa, teeknooloojiifi baasii guddaa barbaadu. Muraasni isaanii immoo dhihoo fuula lafaatti argamu. Fakeenyaaf; dhagaa cilee Aluumiiniyeemiifi sibiilota biroo akkasumas dhagoota adda addaa ijaarsaaf ta'an.
- D. Kaappitaala:** Albuuda baasuun keesstuu kanneen gadi fageenya guddaa irratti argaman maashinoota ammayawaafi beekumsa olaanatu barbaadama. Maashinoota kanneen bituuf qabeenya/maallaqa guddaatu barbabaadama. Humna nama baratee yoo biyya keessa hin jiraanne alaa galchuuf baasii guddaa gaafata. Albuudonni kun erga bahanii boodas isaan qulqulleessanii faayidaaf qopheesuufis warshaaleen albuudota qulqulleessan dhaabudhaaf kaappitaalatu barbaadama.
- E. Humna nama baratee:** Akkuma beekamu albuuda baasuun sochii dinagdee sadarkkaa tokkoffaa keessatti ramadama. Haa ta'u malee sochii dinagdee akka adamoo, qonnaafi qurxummii qabuu nammoonni muuxannoon qofa kan irratti bobba'anii miti. Sababni isaatis naannoo tokkotti albuudonni jiraachuu, gosa isaanii, bahanii bu'aa kennan,

yaalii mana yaalii gaggeessuu, qulqulleessuu sadarkkaa adda addaa fi hojiiwwan kana fakkaatan raawwachuuf nama barate gahaa qabaachuun murteessadha. Itoopphiya dabalatee biyyoonni guddachaa jiran osoo qabeenya kana qabanuu itti fayyadamuu kan dadhabaniif tokko sababa hanqina nama barateeti.

Biyyootni addunyaa irra jiran tokko tokko albuuddaan kan badhaadhaniifi maallaqa olaanaa argachuun bay'ee kan sooramaniidha. Fakeenya biyyoota akka Afrikaa kibbaa, Koongoo, Saa'udii Arabiyaa fa'a. Yeroo ammaa kana biyyoota guddatanittis ta'ee kan guddataa jiran keessatti gaheen albuudni diinagdee keessatti qabu olaanaadha. Sababa hojii albuudaatiin faaydaa biyyi takka argattu: invastimantiin babal'achuu, daldalli biyya alaa fooyya'uu, carraan hojii baay'een uumamuu, galiin sharafa alaa irraa argamu dabaluufi guddinni biyyattii fooyya'aa deemuu. Haaluma kanaan biyyi keenyas yeroo ammaa kana galiin gama albuuda baasuutiin argamu olaanaafi gara fuulduraattis carraan albuudotaa akka boba'aafi sibiilotaa fa'a baasanii itti fayyadamuu guddaa ta'a.

Faaydaalee Albuuda Baasuun Diinagdee Keessatti Qabu

Biyyoota galii gadi aanaa fi giddugaleessaa qaban keessatti gaheen albuudni diinagdeef qabu olaanaadha. Faaydaalee albuudotaa;

- Invastimantii biyya alaa harkisa,
- meeshaalee ala-ergii ta'a,
- Galii biyyoolessaa guddisa
- Carraa hojii babal'isa.

Maloota albuuda baasuu

Albuudonni irra lafaafi keessa lafaatti awwaalamanii argamu. Haalli isaan ittiin bahanis iddoo isaan itti argaman irratti hundaa'a. Malootni albuuddan ittiin baahan keessaa muraasni:

1. Albuuda fuula lafaatii baasuu: albuudonni fuula lafaatti dhiyaatanii aragaman biyyeefi kattaalee isaan uwwisan irraa kaasuun albuudicha baasanii faaydaa gara garaatiif oolchuun nidanda'ama. Albuudonni kunneen sababa fuula lafaa irratti argamniif karaa salphaa ta'een, kaappitaalaafi humna nama baratee xiqqaan faayidaaf ooluu danda'u.

Hojiin albuuda baasuu irra/fuula lafaatti gaggeefamu kun miidhaa armaan gadii fiduu danda'a. Isaanis:

- biyyeen harama lolatiif saaxilamuu,
- faalama bishaaniifi biyyee,
- Manca'ina biqilootaa
- lubbu qabeeyyiin manca'uu danda'u fa'a.

2. Albuudota lafa keessaa baasuu: albuudonni kunneen lafa keessatti gadi fageenyaan kan argaman ta'ee qulqullina guddaata'e qabu. Hojiin kun yeroo baay'ee baasiin isaa guddaa kan ta'eefi yoo kuufamni albuudicha lafa keessa jiruu guddaa ta'e qofa hojii irra oola. Sababani isaas kuufamnifi qulqulinni albuudaa xiqqaa yoo ta'e bu'aan argamus xiqqaa ta'a. Kanaaf albuudni akkanaa kuni qulqullina guddaa qabaatee baasii hojii kana irratti bahu akka deebisuuf of eeggannoon dalagamuu qaba.

Fakkeenyi albuudonni akkanaa kunniin: kuufama gaasii boba'aa, Peetirooliyeemiifi warqee akkasumas sibiilota adda addaati (siilvarii, koopparii, ziinkii, niikeelii, fa'a).

3. Albuudota hededa irraa bahan: albuudonni kunniin kan argaman qaama lafaa bakka lafti citee sigigaatee gadi bu'etti.

Gaaffilee mirkaneeffannaa

1. Gosoonni sochii diinagdee sadarkaa tokkoofaa maal fa'a?
2. Gosoota sochii dinagdee sadarkaa tokkoffaa keessaa kan namoonni bay'een biyya keenyaa ittiin jiraatu yookiin kan hojjatu kami?
3. Gahee qonni diinagdee biyyaa keessatti qabu ibsi.
4. Qonni biyyoota guddataniifi guddataa jiranii maaliin garaagarummaa qaba?
5. Hojii bosonaa, qurxummii qabuufi albuuda baasuu naannoo keessanitti sadarkkaa akkamii irra akka jiran mari'achuun dareef ibsaa.

2.2.2 Sochiilee Diinagdee Sadarkaa Lammaffaa

Gaaffilee Shaakalaa

1. Warshaan maali?
2. Akaakuun warshaalee maal fa'a?
3. Hojiiwwan sochiilee diinagdee sadarkaa 2^{ffaa} keessatti argaman maal fa'a?

Sochiilee diinagdee sadarkaa lammaffaa jechuun hojiiwwan akka suphuu, haaraa oomishuufi jijjiiruu(bocaan yookiin bifaan) kan ofkeessatti qabatuudha. Akka waliigalaatti meeshaalee dheedhii bifa namni itti fayyadamuu danda'utti jijjiiruu jechuudha.

Warshaaleen meeshaalee dheedhii bifa namni itti fayyadamuu danda'utti kan jijjiiraniidha. Hojiiwwan meeshaa dheedhii omisha birootiif qopheessuu, tolchuu fi jijjiiruu kan of keessatti qabatuudha. Fakkeenyaaf; Sibiila gara maashina yookiin warshaatti jijjiiruu, Jirbii gara uffata adda addaatti jijjiiruu, qamadii gara daakuutti, paastaafi maakaarooniitti jijjiiruu fa'a of keessatti hammata.

Wantoota argama warshaalee too'atan:

Wantoota akka warshaaleen hundeeffaman yookiin iddoo tokkotti dhaabbatan taasisan heddutu jiru. Isanis: meeshaalee dheedhii, humna ibsaatti dhiyaachuu, dhiyeessa bishaanii fi lafa diriiraa, geejjibaaf mijataa ta'e jiraacuu, bulchiinsa gaarii, kaappitaala, humna nama baratee, gabaatti dhihaachuu fa'a.

Akaakuu Warshaalee

Warshaa jechuun bakka meeshaan dheedhii itti jijjiiramuufi meeshaan dhumataanis itti omishamuudha. Warshaalee keessatti meeshaaleen dheedhiin bocaan ni jijjiiramu, qulqullinni nifooyya'a akkasumas faayida qabeessummaan isaanis nidabala.

Sadarkaa guddina isaanii irratti hundaa'uun warshaaleen bakka lamatti qoodamu.

- i. Warshaalee Godoo:** humna namaa xiqqaan nannoo mana jireenyaa fa'atti kan gaggeeffamuudha. Meeshaaleen naannoo mana jireenyaatti omishaman kunniin ogummaa nammota dhuunfaatiin kan omishamanii fi hojiilee harkaa armaan gadii of keessatti kan hammatee dha. Isaanis: hojii gogaa, huccuu dhahuu, hojii mukaa, sibiila tumuufa'a. Oomishni warshaalee kanneenii baay'ina, qulqullinaafi gatii gadi aanaa qabu. Sababnis warshaalee goodoo keessatti teeknooloojiin ammayyaafi humni nama baratee hojii irra hinoolu.
- ii. Warshaalee Ammayyaa:** Warshaaleen ammayyaa kaappitaala guddaa, teeknooloojii ammayyaa, humna anniisaa guddaa, humna nama baratee olaanaafi meeshaalee dheedhii baayyeen kan fayyadamuudha.

Omishaaleen warshaalee kanneenii qulqullina guddaafi gatii olaanaa kan qabaniidha.



Fakkii 2.1 Warshaalee Ammayyaa

Faca`iinsa warshaalee Itoophiyaa.

Warshaaleen Itoophiyaa:

- a) iddoo muraasa qofatti kan argamaniidha.
- b) naannoo magaalota gurguddoo qofaatti dhaabbataniidha.

Haa ta'u malee yeroo ammaa gara naannoleetifii godinaaletti babal`ataa jiru. Fakkeenyaaf warshaaleen gurguddoon naannolee industrii “industrial zone” jedhaman godinoota keessatti babal`achaa jiru.

Gaaffilee mirkaneeffannaa

1. Sochii diinagdee sadarkaa 2^{ffaa} jechuun maal jechuudha?
2. Gosoonni warshaalee maal fa`a?
3. Amaloota sochii diinagdee sadarkaa 2^{ffaa} tarreessi.
4. Wantoota argama warshaalee murteessan barreessi.

2.2.3. Sochii Diinagdee Sadarkaa Sadaffaa

Gaaffilee Shaakalaa

- Sochiilee diinagdee sadarkaa 3^{ffaa} jechuun maal jechuudha?
- Wantoonni daldala murteessan maal fa'a?
- Gosti geejjibaafi daldala naannoo kee jiru kan akkamii fa'a?
- Ummanni naannoo ati jirtu keessatti odeeffannoo karaa kamiin argatu?
- Carraan tuuriizimii naannoo tokkoof uumu maal fa'a?

Sochiileen diinagdee sadarkaa sadaffaa jechuun hojiiwwan tajaajila adda addaa kennuu ofkeessatti hammata. Isaanis kanneen akka daldala, geejjiba, inshuraansii, baankii, Tuurizimii, Maloota qunamtii (communication), tajaajila hoteelaafi kan kana fakkaataniidha

Geejjibaa

Gaaffilee Shaakala

1. Gosoota geejjibaa keessaa kan namni baay'een naannoo ati jirtutti itti fayyadamu isa kami?
2. Gosoota geejjiba keessaa kan meeshaalee qaaliifi ulfaatina xiqqaa qabu fe'u isa kami?

Geejjiba jechuun meeshaalee yookiin namootaa bakka tokkoo gara bakka birootti geessudha. Guddinni Industirii daldalaa guddina geejjiba irratti hundaa'a. Geejjibaan ala misoomni industirii, fayyaafi barnootni hin yaadamu. Geejjibni hidda dhiigaa diinagdee biyyootaati. Sadarkaa guddina biyya tokkoo kan ittiin madaallu keessaa tokko dagaagina teeknooloojii geejjibaati.

Gosoota Geejjibaa

Akka waliigalaatti geejjibni iddo lamatti qooddama. Isaaniis:

1. Geejjiba Aadaa: gosa geejjibaa meeshaaleen ba'aa namaatiniifi beeyladotaan iddoodhaa gara iddootti geessudha. Geejjibni kun biyya keenya keessatti yeroo ammaa kana tajaajila bal'aa kennaa jira. Hawaasni bal'aan baadiyaa biyya keenyaa gosa geejjibaa kanaan bal'inaan itti tajaajilamaa jira.

2. Geejjiba Ammayyaa: Geejjibni ammayyaa immoo bakka sadiitti qooddama.

Isaanis:

- a. Geejjiba dacheerraa
- b. Geejjiba Bishaanirraa
- c. Geejjiba Qilleensarraa

A. Geejjiba dachee:

i. Geejjiba Konkolaataa: geejjiba ammayyaa kan biroo waliin walbira qabamee yoo ilaallu bakka baay’etti kan argamuudha. Iddoo mijataa ta’e hundatti gosoota geejjibaa ammayyaa irra ijaaruu salphaadha. Gatiin ittiin bitaman geejjiba baaburaa fi doonii irra baay’ee salphaa kan ta’eedha.



Fakkii 2.2 Geejjiba Konkolaataa

i. Geejjiba Baaburaa: Geejjibni baaburaa biyya keenya keessatti baay’ee hinbabal’ne. Yeroo ammaa kana daandiin baaburaa kan sarara Jibuutiin ala magaalaa Finfinnee keessatti tajaajila magaalaa keessaa kennaa jira.

Babaldhachuu geejjiba baaburaa irratti wantoonni dhiibbaa uuman kan akka teessuma lafaa, guddina dinagdeefi babaldhachuu teeknooloojii fa’a.



Fakkii2.3 geejjiba baaburaa

B. Geejjiba Bishaanirraa

Geejjibni bishaanii karaa lamaan adeemsifama: Geejjibni bishaan irraa biyya keessaafi geejjiba Garbaafi galaana irraati.

Geejjiba Bishaanii Biyya keessaa

Geejjibni bishaanii biyya keessatti kan raawwatamu bishaan laggeeniifi haroo irratti. Geejjiba bishaaniitiif daandii sirreessuuf yookiin suphuuf baasiin hinjiru. Kanaaf gatii salphaan meeshaalee ulfaatina qaban iddoo tokkoo gara iddoo biraatti geessuuf nugargaara.

Hanqinni geejjiba bishaanii biyya keessaa

- Laggeen darbatamaa fi finca'aa ta'uu
- Kallattii yaa'a bishaanii hordofuun dirqamuu
- Hammi bishaan lagaa waqtiin jijjiiramuu.
- Geejjibni bishaanii geejjiba lafaa irra saffisa hinqabneedha.

Geejjiba Garba Irraa : Gosa geejjibaa yeroo dheeraaf tajaajila kennaa tureedha. Baasii xiqqaa gaafachuu isaa fi meeshaalee ulfaatoo fi baayy'ee fe'uun karaa dheeraa deemuu isaatiif geejjiba filatamaadha.



Fakkii 2.4 Geejjiba Garba irraa

Faayidaalee geejjiba garbaa irraa

- Daandiin garbarra gibira irraa walaba.
- Baasiin geejjibaaf bahu xiqqaadha.
- Daandiin ijaaramu yookiin suphamuu hin jiru.
- Meeshaalee ulfaatina qaban geejjiba.

Hanqinni geejjiba garbaa

- Saffisa xiqqaa qaba.
- Baasiin ijaarsa buufata dooniitiif barbaachisan qaalidha.
- Biyyoota garba/galaanan daangeffaman qofatu fayyadama.
- Saamtota galaanaatiif saaxilamaadha.

C. Geejjiba Qilleensaa

Biyyoota akka Itoophiyaa ijaarsi daandii rakkisaa ta'e keesstti geejjibni qilleensarraa baay'ee barbaachisaadha.

Faayidaa Geejjiba Qilleensaa

- Saffisa guddaan karaa dheeraa deema.
- Meeshaalee gatii guddaaa qaban, sassalphoo fi dafanii baduu danda'an geejjibuuf fayyada. Fakkeenyaaf, meeshaalee yaalaa fi qoricha, mi'oota elektirooniksii, nyaatafi dhugaatiifi kan kana fakkaatan.



Fakkii 2.5 Geejjiba qilleensaa

Qunnamtii

Gaaffilee Shaakalaa

1. Karaaleen qunnamtiin/odeeffannoon ittiin daddarban maal fa'a?
2. Meeshaaleen tajaajila qunnamtiittif fayyadan tarreessi.

Qunnamtiin tamsa'ina odeeffannoo (yaada) sagalee fi ergaan dabarsuuf faayidaa olaanaa qaba.

Yeroo ammaa meeshaaleen qunnamtii ammayyaa saffisa ol'aanaa ta'een ergaa fi odeeffannoo qaama addunyaa hundaan walgahuun kan danda'ameef sababa fooyya'iinsa tajaajila intarneetiini. Namoonni walirraa fagoo jiran haala salphaafi saffisaa ta'een wal qunnamuu danda'u.

Hawaasni kanaan duraa meeshaleen aadaa qunnamtiif oolaa turan kan akka: dibbee, aarafi sagalleessuu fa'aan fayyadamuun ergaa dabarfataa turan. Yeroo ammaa kana immoo meeshaalee ammayyaa kanneen akka Teeleefoonaa, Raadiyoo, Televizhiinaa, Imeeyilii, Faaksii, Teelee giraamii, fa'a fayyadamuun ergaafi odeeffannoo barbaade dabarsuufi fudhachuu yookiin ilaaluufi dhageefachuu danda'a.

A. Tuuriizimii

Gaaffilee Skaakalaa

1. Tuuriizimiin maali?
2. Diinagdee biyyaa guddisuu keessatti gaheen tuuriizimiin qabu maali?

Turizimiin namoonni iddoo jireenyaa isaanitii ala bashannanaaf, daawwannaa, qorannoofi qo`annoof deemaniidha. Tuuriizimiin sochiilee diinagdee galii guddaa argamsiisan keessaa tokko ta'ee gochi isaa naannoo waan hin faalleef warshaa aaraa hin qabne jedhamuun beekama.

Itoophiyaan qabeenya turiizimii qabaattullee sababoota garagaraatiin hanga fayyadamuu qabdu hinarganne. Itoophiyaa keessatti iddoowwan hawata turistii ta'an kan akka holqa soof umar, Dallaa Jagol, Dirree Sheek Huseen, Laallibalaa, Aksuum, naannoo sululaa qiinxamaa, Gaarren Baalee, Gaarren kaabaa fa'a tuquun ni danda'ama.

Faaydaalee Tuuriizimii

Turiizimiin faayidaalee heddu qaba. Isaan keessaa muraasni:

- Carraa hojii uumma,
- Bashannanaaf,
- Galii guddisuuf,
- Dagaagina sochiilee diinagdee birootiif deeggarsa kenna,
- Iddoowwan seena - qabeeyyii ta'an beeksisuufi
- Walitti dhufeenya biyyootaa cimsuuf fayyada.



Fakkii 2.6 Eddoowwan hawata Tuuriizimii Itoophiyaa

Gaaffilee mirkaneeffanaa

1. Gareen ta'atii gosoota geejjiba garagaraa erga tarreessitaniin booda faayidaafi hanqina isaan qaban irratti mari'achuun gabaasaa.
2. Wantootni guddina geejjiba biyya keenyaa irratti gufuu ta'an maal fa'a?

2.2.4. Sochiileen Diinagdee Adda Addaa Faayidaa**Guddina Biyyaatiif Qaban**

Bu`uurri diinagdee biyyoota guddataniifi guddataa jiranii maal irratti hundaa'a? Uummanni addunyaa hundinuu haala qabataamaa naannoo isaanii, guddina teeknooloojii, aadaa hojii isaanii, muuxannoo qaban fa'a irratti hundaa'uun hojii garagaraafi galii mataa isaanii qabu. Kanaaf sochiileen diinagdee hundinuu guddina biyya keessatti gahee olaanaa qabu. Haa ta'u malee baay'inni ummataa akaaku sochii diinagdee sadeen irratti bobba'an biyyaa biyyatti garagara.

Biyyootaa guddatanitti ummanni hedduun sochii dinagdee sadarkkaa lammaffaafi sadaffaa irratti kan bobba'an yoo ta'u kanneen biyyoota guddataa jiranii immoo baay'inaan sochii diinagdee sadarkkaa tokkoffaa irratti bobba'aniiru. Keessattuu ardilee industiriin keessatti hin babaldhatin kan akka Afrikaa, Laatiin Ameerikaafi Eeshiyaa baayy'ee keessatti galii nama dhuunfaafis ta'ee biyyaatiif baay'ee murteessaa kan ta'eedha.

Walumaagalatti sochiileen diinagdee sadarkaa saddaffaa biyyoota guddatanitti galii olaanaa yoo argamsiisan jireenya yookiin hojii nama baayy'ee wajjiinis kan wal-qabatuudha. Biyyota guddataa jiranitti immoo galiin irraa argamu xiqqaafi kan jireenya namoota muraasaa irratti hundaa'eedha.

Gabaa

Gabaa jechuun bakka omishaaleen itti gurguramaniifi itti bitamaniidha. Gabaa jechuun tooftaa yookiin adeemsa bittaaafi gurgurataan itti raawwatamuudha. Adeemsa gurgurataafi bitataan walitti dhufanii bittaaafi gurgurtaa itti taasifamaniidha. Gabaan haala gatii meeshaaleefi baay'ina meeshaalee gabaaf dhiyaatanii murteessa. Gabaan yeroo ammaa akka addunyaatti beekkamaa ta'e Gabaa bilisaati.

2.2.5 Yaad-rimee fi seenaa dhufaatii daldalaafi Gabaa

Daldala

Gaaffilee shaakalaa

- i. Daldala jechuun maal jechuudha?
- ii. Daldalli akkamitti jalqabame?
- iii. Gosoonni daldalaa maal fa'a?

Daldala jechuun bittaa fi gurgurtaa meeshaalee namoota, dhaabbilee yookiin biyyoota jiddutti taasifamuudha. Gama biraatiin immoo daldalli adeemsa omishaleen, omishtoota irraa gara fayyadamtoota bira gahuudha.

Daldalli yeroo jalqabaatiif meeshaafi meeshaa wal-jijjiiruun jalqabame. Fakeenya, Ashaboo sibiilaan jijjiiruu. Omisha gosa tokkoo isa biraatiin

wal-jijjiiruu. Jalqabamuu daldalaatiif wantoota sababa ta'an.

- Garaagarummaan omishaa jiraachuu,
- Garaagarummaan teeknooloojiifi aadaan jiraachuu,
- Argama Ji`oogiraafikaalaa,
- Geejjiba mijaa`aan jiraachuufi
- Tasgabbiin jiraachuu fa'a.

Uummanni yeroo durii bakka adda addaatti meeshaalee naannoo isaanii jiran itti fayyadamaa turanii jiru. Addunyaa kana irratti uummanni omishaa hundaanuu ofdanda`ee hinjiru. Sababni isaas iddoo kamirrattiyyuu qabeenyi uumamaa bifa walfakkaatuun faca`ee hinargamu.

Uummata qaroomina durii kanneen akka Misirii fi sulula Indus keessatti qoodama hojii eegaleera. Suuta suutaan hojiin suphee dhahuu, sibiila tumuu fi hojiin mukaa dhalateera. Haala kanaan, midhaan nyaataa oomishuu biratti waa hojjechuunis guddachuu jalqabe. Haaluma kanaan uummanni wanta nyaatamu mi`oota kanaan jijjiiruu eegalan. Akkuma uummanni jalqabaa kun aadaa fi qaroominaan fooyya`aa deemen fedhiin isaaniitis baay`inaa fi qulqullinaan dabaleera. Haalli kun immoo ummanni fageenya dheeraa akka deemaniif dirqisiiseera. Dhalachuun qoodama hojii fi fooyya`iinsi aadaa fi jireenya uummataa jalqabamuu daldalaaf bu`uuraata`eera.

Faayidaalee daldalaa

Daldalli jireenya ilma namaafi guddina diinagdee biyya tokkootiif baayy`ee barbaachisaadha. Daldalli waldorgommii cimsuun, gatii meeshaalee gadi buusuun, fayyadamtoonni meeshaalee haala dandeettii isaaniitiin akka bitatanii bu`aa irraa argatan godha. Daldalli hanqina meeshaalee bakka tokkotti uumamu furuu danda`a. Akka waliigalaatti daldalli faayidaalee armaan gadii qaba.

- Wanta barbaadan gabaadhaa bitachuufi gurgurachuuf,
- Oomishni bakka adda addaatti akka raabsamuuf,
- Oomishni dabalataan akka omishamu taasisa,
- Sochiin maallaqaa karaa salphaan akka raawwatuuf,
- Oomishni irraa hafaan akka gurguramuuf,

- Hojjatanii ittiin durgoomuuf,
- Carraan hojii namoota adda addaatiif akka argamuuf,
- Galii biyyaa galchuuf ,
- Dagaagina sochiilee diinagdee birootiif deeggarsa kenna,
- Walitti dhufeenya biyyootaa cimsa,
- Utubaa guddina diinagdee biyya tokkootifi
- Namni meeshaalee gatii barbaaduun akka bitatu isaa taasisuu fa'a

Gosoota Daldalaa

Daldalli iddoo lamatti qoodama. Isaanis: Daldala biyya keesaa fi daldala biyyaan alaati.

- A. Daldala biyya Keessaa – Bittaa fi gurgurtaan omishaa guutuu hawaasa biyyaattii keessatti kan raawwatamuudha. Kana jechuun daldalli gosa kanaa Magaalafi baadiyyaa, magaalaa akkasumas baadiyyaafi baadiyyaa gidduutti gaggeeffama.
- B. Daldala Biyyaan Alaa:gosa daldalaa biyyoota lamaafi sanaa ol jidduutti gaggeeffamuudha. Kunis waliigaltee biyyoota irratti hundaa'a. Daldalli kuni meeshaalee biyya keessaa gara alaa erguufi kan alaa immoo gara keessaatti galchuu jechuudha

Dhiibbaa dhiyeessii fi fedhiin gaba' irratti geessisu

Gaaffilee Shaakalaa

- Sirna gaba' keessatti fedhii jechuun maal jechuudha?
- Dhiheessi jechuun hoo maal jechuudha?
- Walitti dhufeenyi fedhiifi dhiheessimaali?

Dhiheessii jechuun meeshaalee yookiin tajaajila barbaadaman qulqullinaan faayyadamtootaaf qopheessufi dhiyeessuudha. Dhiheessii baayy'ina meeshaalee oomishtoonni gatii adda addaatiin gabaaf dhiheessuuf barbaadaniidha.


Fedhii jechuun meeshaalee yookiin tajaajila namoonni dhuunfaan yookiin gareen fayyadamuuf barbaadan. Fedhiin kunis galma gahuuf wantoota armaan gadii irratti hundaa'a.

- Dandeettii meeshicha bitachuu,

- Meeshaalee bituuf fedhiin jiraachuufi
- Argamuu meeshaalee fa'a.

Haala dhiheessi


Yoo gatiin meeshaalee dabale oomishni omishamuufi gurgurtaaf dhiyyaatu nidabala. Akkasumas yoo gatiin gadi bu'e dhiheessii\ meeshaalee hir'ataa deema.



Fakkii 2.7 Giraafii Dhiheessii

Wantootaa dhiheessii murteessan

- Baay'ina maammiltootaa,
- Gatii omishaa,
- Fedhii maammiltootaafi
- Qulqullina omishaa fa'a.




Fakkii 2.8 Giraafii fedhii

Akkuma graafii irratti muldhatutti xiyyi "Y"n gatii meeshaalee yoo bakka

bu`u, xiyyi `X`n immoo baay`ina meeshaalee barbaadamu agarsiisa. Sararri golboo fedhii kan agarsiisu hariiroo faallaa gatiifi baay`ina meeshaalee barbaadamuuti.

Fedhiin hariiroo faallaa gatii waliin qaba. Kana jechuun yoo gatiin dabaluu fedhiin meeshaalee bitachuu maammilaa nihir`ata.



Fakkii 2.9 Wantoota Fedhii meeshaalee muteessan

Wantoota dhiyeessii irratti dhiibbaa geessisan heddu yoo ta'an, isaan keessaa muraasni;

- Gatii meeshaalee dheedhii ,
- Beekumsaafi dandeetti omishtootaa
- Baay`ina omishtootaa,
- Teeknooloojii
- Gibira humnaa oliifi dhiibbaa mootummaa fa`adha.

Yaad-rimee dorgommii gabaa

Dorgommiin gabaa bilisaa: Gatiin omishaalee kan murtaa`u waliigaltee dhiyeessitootaafi fayyadamtootaa irratti hundaa`a. Kana jechuun gatiin omishaa qaama birootiin kan murtaa`uu miti. As keessatti dhuunfaan gatiin gabaa kophaa isaa murteessun hin jiru. Gosa gabaa kana keessatti gatiin kan murtaa`uun haala dhiibbaa fedhiifi dhiheessiitiini.

Mirga fayyadamtootaa

Mirga nageenyi fayyadamtootaa eeggamuu: Akkaataa mirga kanaatti fayyadamaan yookiin maamilli tokko mirga meeshaaleeniifi tajaajilli inni argatu balaa irra gahuu danda'u irraa bilisa ta'uu jechuudha.

Fakkeenyyaaf sababa meeshaaleen qulqullina dhabuu irraa kan ka'e fayyadamtoota irratti balaan irra gahuu danda'a. Kuni mirga nageenyumaa yookiin balaa irraa bilisa ta'uu maamilli kuni bittaa meshaalee yookiin tajaajila irraa qabuudha.

Mirga Odeeffannoo argachuu: kuni mirga odeeffannoo waa'ee gatii ,qulqullina, bay'inaa, iddoo itti argamu, sadarkaa meeshaalee yookiin tajaajilaa maamilli tokko argachuu qabu fa'a kan ibsuudha.

Galiifi gibira mootummaa

Maalummaa Galiifi Gibiraa

Galii; galii jechuun maallaqa mootummaan tajaajila adda addaa irraa argatu jechuudha. Madda galii mootummaa kan ta'an daldala, gibira; lafaa, manaa, mindaa hojjattootafi dhaabbilee adda addaa fa'a irraa argama.

Gibira; gibira jechuun biyya tokko keessatti buusii akka dirqamaatti mootummaan labsamu ta'ee kan lammiileen biyya sana keessa jiran galii argatan irraa kaffalaniidha. Buusiin kunis deebi'ee baasii mootummaatiifi ijaarsa bu'uuraalee hawaasaa adda addaatiif oola. Gibirri namni dhuunfaafis ta'ee waldaalee yookiin dhaabileen seeran hojjatan hunduu kan kaffalaniidha. Gibirri madda galii mootummaafi bu'uura guddina diinagdee biyya tokkooti.

Seenaa Dagaagina Galii fi Gibira Mootummaa Itoophiyaa

Itoophiyaa keessatti gibirri kan eegale seenaa ammayyaa keessatti yeroo mootummaa Miniliki. Gibirri yeroo sana gabbaramaa tures kan seeraan labsiifi ogummaan qindaaye hin turre. Sassaabbiin gibira ammayyaa sagantaan yookiin yeroo idileefi qaama leenji'ee itti gaafatamummaa qabuun kan eegale bara 1928 A.L.I. tti waytii mootii Hayla Sillaaseeti.

Bara 1929 A.L.I.tti labsiin koodii gibiraa qabu lammiileen hunduu hojii hojjatanii galii argatan irraa gibira akka gabbaran labsame. Yeroo Mootummaa dargii bara 1967tti labsiifi caasaa gibiraa fooyyessuun qabiyyee lafa qonnaa irraa akka gibirri gabbaramu murteesse. Bara 1986 A.L.I. tti Mootummaan Federaalaa Dimokraatawaa Itoophiyaa labsii gibiraa fooyyessee baasuun hanga ammaatti itti tajaajilaa jira.

Faayidaalee Gibira

- Galii biyyaa guddisuuf
- Guddina diinagdee saffisiisuuf
- Invsatimantii jajjabeessuuf
- Bu’uuraalee hawaasummaa babaldhisuuf
- Industirii biyya keessaa jajjabeessuf fa’a.

Cuunfaa boqonnaa lammaffaa

- Ummattoonni Addunyaa hundi aadaafi eenyummaa mataa isaanii qabu. Aadaan eenyummaa saba tokkoo kan ibsuudha.
- Caaculeen aadaa keessatti hammataman: Afaan, Amantiifi haala hawaasni ittiin jiraatu.
- Bara qarroomina dhagaa kan jedhamu yeroo ilmi namaa meeshaalee jireenyaaf isa barbaachisu dhagaa irraa hojjetee itti fayyadamaa ture. Baroonni kunis bakka gorguddoo sadiitti qoodamu. Isaanis bara dhagaa durii, bara dhagaa gidugaleessaafi bara dhagaa haarawaati.
- Giloobaalaayizeeshinii jechuun neetiwoorkii waliigalaa dhalli namaa qabu jechuudha. Innis yaada tokkummaa’uu wantoota addunyaa jedhu of-keessaa qaba.
- Sochiileen dinagdee iddoo sadiitti qoodamu. Isaanis:- sochii dinagdee sadarkaa 1^{ffaa}, 2^{ffaa} fi 3^{ffaa} fadha.
- Hojiileen sochii dinagdee sadarkaa 1^{ffaa} keessatti ramadaman: qonna,

qurxummii qabuu, albuuda baasuu, bosona misoomsuu, adamsuufi k.k. fa'a.

- Sochii dinagdee sadarkaa 2^{ffaa} n hojiiwwan akka suphuu, tolchuu, oomishuufi jijjiiruu fa'a of-keessatti qabata. Meeshaalee dheedhii bifa namni itti fayyadamuu danda'utti jijjiiruu jechuudha.
- Sochiileen dinagdee sadarkaa 3^{ffaa} n hojiiwwan tajaajila adda addaa kennuu of-keessatti hammata. Isaanis daldala, geejiba, inshuraansii, baankii, Tuurizimii, maloota qunnantiifi k.k.fa.a dha.
- Sochiileen dinagdee sadarkaa 3^{ffaa} biyyoota guddatanitti galii olaanaa yoo argamsiisu, biyyoota guddataa jiranitti immoo galii kan argamsiisu sochilee dinagdee sadarkaa 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} dha.
- Galiin maallaqa mootumman tajaajila adda addaa irraa argatu.
- Gibirri biyya tokko keessatti buusii akka dirqamaatti mootummaan labsamuun lammilee biyya sana keessa jiraatanii galii argata irraa kaffalaniidha.

Gilgaala Boqonnaa Lammaffaa

I. Himoota asiin gadii Kan sirrii ta'aniin “Dhugaa”, kan sirrii hin ta'iniin immoo “Soba” jedhii deebisi

1. Jijjiiramni teknooloojii aadaa haaraa babal'isuu yookiin jijjiiruu keessatti gahee olaanaa qaba.
2. Ilmi namaa aadaa isaa kan ibsachuu yookiin shaakaluu jalqabe bara dhakaa sadan darban keessatti.
3. Aadaa, afaanfi amantiin qabnu wajjiin jiraachuu keenya irratti dhiibbaa hin qabu
4. Uummanni biyyoota guddataa jiranii irra caalaa sochii diinagdee sadarkaa tokkoffaatiin jiraatan.
5. Albuuda baasanii warshaaf dhiheessuun sochiilee diinagdee sadarkaa 1^{ffaa} keessatti ramadama.
6. Qonni yeroo jalqabaatiif biyyoota kibba baha Eeshiyaatti jalqabe.
7. Warshaan konkolaataa gosa warshaalee Godoo keessatti ramadama.
8. Geejjiba dacheerraa keessaa kan wanta ulfaatina qabu fe'u geejjiba Baaburaati.

9. Geejjibni sochiilee diinagdee adda addaa walitti fiduu keessatti gahee guddaa qaba.
10. Daldalli biyya keessaa galii yookiin gibira mootummaadhaaf galchuu keessatti gahee olaanaa qaba.

II kanneen roga “A” Jala Jiru isa “B” Jala Jiruun Walitti Firoomsi

A	B
1. Tuuriizimii	A. Sochii Diinagdee Sad. 1ffaa
2. Qonnaa	B. Sochii Diinagdee Sad. 2ffaa
3. Geejjiba Namni Baay`een itti fayyadamu	C. Sochii Diinagdee Sad. 3ffaa
4. Geejjiba meeshaa gatii guddaa fi saffisaa fe`u	D. Geejjiba Lafarraa
5. Geejjiba baasii xiqqaa fi mi`oota ulfaataa fe`u	E. Geejjiba Bishaanirraa
6. Warshaa Saamunaa	F. Geejjiba Qilleensarraa

III. Gaaffilee armaan gadii erga dubbisteen booda qubee deebii sirrii ta`ee filachuun Idoo deebiif qophaa`tti guuti

1. Kan armaan gadii keessaa caacculee aadaa kan hin taane isa kami?
 - A. Afaan B. Amantii C. Siyaasa D. Deebii hin qabu
2. Wantoota uumammuu Giloobaalaayzeeshinii sababa ta`e kami?
 - A. Teeknooloojii qunnamtii C. Miidiyaalee
 - B. Teeknooloojii Geejjibaa D. Hunduu deebiidha.
3. Sochiilee diinagdee armaan gadii keessaa uummanni Itoophiyaa baay`inaan irratti hirmaatu kami?
 - A. Qonna C. Qurxummii kiyyeessuu
 - B. Albuuda baasuu D. Bosona baasuu
4. Meeshaalee gurgurtaa Itoophiyaan gara biyya alaatti ergitu keessaa kan sharafa alaa guddaa argamsiisu isa kami?
 - A. Konkolaataa C. Buna
 - B. Gaazii boba`aa D. Nyaata saamsame

5. Sochiin qonnaa midhaan nyaataa omishuufi beelladoota horsiisuu walcinaatti gaggeeffamu _____ jedhama?

- A. Qonna beellada horsiisuu C. Qonna wal-makaa
B. Qonna biqiloota oomishu D. Qonna boodatti hafa

6. Waaee fedhiifi dhiheessiin walqabatee Soba kan ta'e

- A. Yoo fedhiin xiqqaa ta'e gatiin meeshaalee gadi bu'a
B. Yoo fedhiin guddaa ta'e gatiin meeshaalee ni dabala
C. Fedhiifi dhiheessiin hariiroo cimaa qabu
D. Fedhiifi dhiheessiin hariiroo hin qaban

IV. Gaaffilee armaan gadii haaluma gaafatamteen deebisi.

1. Sochiin diinagee biyyi Keenya caalmaan gaggeessaa jirtu sochii diinagdee sadarkaa _____ dha?
2. Warshaalee jechuun maal jechuudha?
3. Warshaaleen bakka meeqatti qoodamu? Maqaa isaaniitis barreessi.
4. Garaagarummaan sochiilee sadarkkaa 1^{ffaa}, 2^{ffaa} fi 3^{ffaa} maali?
5. Wantootni dhiheessii irratti dhiibbaa geessisan afur barreessi

6. Wantootni Fedhii irratti dhiibbaa geessisan sadi barreessi

BOQONNAA 3

QABEENYA UMMAAMAAFI GUDDINA HAWAAS- DIINAGDEE

Bu'aawwan Barachuu Boqonnichaa

Xumura barnoota boqonnaa kanaa booda:

- ✓ Faayidaa qabeenyi uummamaa guddina hawaas-diinagdee keessatti qabu nihubatta.
- ✓ Yaad-rimee itti fayyadama qabeenya uummamaa guddina biyyaatiif qabu niibsita.
- ✓ Naannoo keessa jiraattutti akkataa uummanni qabeenya uummamaa itti kunuunsu nihubatta.
- ✓ Tooftaalee walitti bu'iinsa hawasaa sababa itti fayyadama qabeenya uummamaa ittin hiikkamu adda nibaasta.

Seensa

Mata duree kana jalatti faayidaa qabeenyi uummamaa guddina hawaas-diinagdee keessatti qabu barattaa. Dabalataanis qabeenyi uummamaa guddina biyyaatiif faayidaa maalii akka qabufi akkaataa uummanni qabeenya uummamaa itti kunuunsu nibaratta. Akkasumas tooftaalee walitti bu'iinsa hawasaa sababa itti fayyadama qabeenya uummamaa ittin hiikkamu nibaratta.

3.1. Kunuunsaafi itti Fayyadama Qabeenya Uummamaa Guddina itti Fufiinsa Qabuuf

Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate bira gahamuu qabu

Barattoonni adeemsaafi xumumuura barnootaa kanaa booda:

- ✓ Dhiibbaa gocha dhala namaatiin qabeenya uummamaa irra gahaa jiru ni ibsita.
- ✓ Faayidaa qabeenya uummamaa guddina hawaas-diinagdee irratti qabu ni hubatta
- ✓ Waantota itti fayyadama qabeenya uummamaa irraatti dhiibbaa fidaan adda nibaasta.
- ✓ Yaad-rimee kunuunsaafi itti fufiinsaan fayyadama qabeenya uummamaa ni ibsita.
- ✓ Kunuunsa qabeenya uummamaa irratti hawaasa naannoo waliin hirmaachuun gahee keenibaata.
- ✓ Kunuunsa qabeenya uummamaa irratti haala itti fayyadamuu beekumsa hawaasaa ni ibsita
- ✓ Qabeenya uummamaa naannoo keetitti argamaniif kunuunsaa barbaachisaa nigoota.

Kunuunsa Qabeenya Uumamaa

Gaaffilee shakalaa 3.1.

1. kunuunsa jechuun maal jechuudha?
2. Qabeenya uummamaatiin itti fayyadama itti fufiinsa qabuu jechuun maal jechuudha?
3. Miidhaa qabeenya uumamaa irra gahaa jiru akkamitti hir'isuun danda'ama?

uummata addunyaa yeroodhaa gara yerootti gar-malee dabalaa jira. Akkuma lakkoofsi uummataa dabalaa deemuun fedhiin dhala namaa guddachaa deema. Dhalli namaa fedhii isaa kana galmaan gahachuuf qabeenya uummamaatti fayyadama. Kana irraa kan ka'e qabeenya uummamaa dhumaa deema jira. Kanaafuu, uummanni qabeenya uummamaatiif kunuunsa barbachisaa gochuun

baa'yee murtessaadha. Dhalli namaa Qabeenya uummamaa guddina hawaasaatiif oolchuun baay'ee barbachisaadha. Sababaan isaas:

- ✓ Dhaloonni amma jiruufi gara fuulduraa mirga qabeenya uumamaatti fayyadamuu akka argatuuf.
- ✓ Madaala naannoo eeguun lubbuu qabeeyyi itti fufsiisuuf.
- ✓ Qabeenya uummamaa mancaatii malee fayyadamuuf.
- ✓ Qabeenya uummamaa adda addaa sanyii isaa badii irraa hambisuuf.

Hojii irra oolmaa kunuunsa qabeenya uummamaa gahaa waan hintaaneef furmaata armaan gadii fayyadamuun qabeenya uummamaa badii irraa hambisuun baay'ee murtessaa dha. Kunis kan galma gahu:

1. Barnoota dhimma kunuunsa qabeenya uummamaa hawaasa barsiisuun.
2. Xiyyeeffannoo qabeenya uummamaa haala armaan gadii fudhachuu:
 - ✓ Itti fufiinsaan qabeenya uummamaa dhalootaaf dabarsuu jajjabeessuu.
 - ✓ Naannoo bosonni hinjirre mukkeen biyya keessaa dhaabuun dhiqama biyyee hir'isuu.
 - ✓ Seerota kunuunsa naannoofi qabeenya uummamaaf bahan hojii irra oolchuu.
3. Xiyyeeffannoo hawaas-dinagdee cimsuu
 - ✓ Kunuunsa qabeenya uummamaa dhimmamtoota hunda wajjin mari'achuun bu'aa argame gara hojiitti jijjiiruu.
 - ✓ Faayidaa qabeenya uummamaa hawaas-dinagdee naannoo tokkoof kennu xiyyeeffannoo keessa galchuu.
 - ✓ Dhaabbilee kunuunsa qabeenya uummamaa sadarkaa adda addaatti dhaabbatan cimsuu.

3.1.1. Faayidaa itti Fufiinsaan Fayyadamuun Qabeenya Uummamaa Diinagdee Keessatti Qabu

Itti fufiinsaan qabeenya uummamaa fayyadamuun guddina uummataa kallattii egeree biyyaa kessatti iddoo guddaa qaba. Qabeenya jiru qixa sirrii ta'een fayyadamuuf dursanii furmaata kaa'uun meeshaa jabaa ta'ee kan tajaajiluu danda'udha. Kanaafiis fakkeenya gaariin kanneen armaan gadiiti caqafamaniidha:-

- ✓ Lakkoofsi uummataa yommuu dabalaa adeemu, toftaalee to'annaa

qabeenya uummamaa adda addaatti gargaramuu.

- ✓ Beelaaf akka hinsaxilamne aadaa nyaataa hawaasaa fooyyessuu.
- ✓ Walgitiinsa qabeenyaafi uummataa walmadaalaa gochuu.
- ✓ Tajaajila hawaasummaa kanneen akka bishaan qulqulluu, mana jireenyaa, carraa hojii argachuu malleen garagaraatti fayyadamuun foyyeessuu.

3.1.2. Qabeenya Uummamaa itti Fayyadamuu irratti Wantoota Dhiibbaa Qaban

Qabeenya uummamaatti fayyadamuu irratti wantoonni adda addaa dhiibbaa nigeessisu. Isaan kessaa beekkamoon kanneen armaan gadiiti.

A.Wantoota namaan walqabatan

B.Wantoota uumamaa

Hawaasni itti fayyadama qabeenya uummamaa irratti gahee guddaa taphata. Namni yeroo baay'ee qabeenya uummamaa faayyadamuu irratti aadaafi muxannoo adda addaa niqaba. Lafa Caffa'aata'e qonnaaf oolchuu, itti fayyadama albuudota adda addaa, babal'ina waarshaaleefi kkf. gaheendhala namaa ol aanaadha.

Aadaa Hojii

Aadaan hojii walitti dhufeenya namaafi uummamaan walqabateen hiikamuu danda'a. Aadaan bakkaa bakkatti addaa addummaa niqabaatu. Garaagarummaan aadaa kanneenitti fayyadama qabeenya uummamaafi haala guddinaa dinagdee biyya tokkootiif baay'ee murtessaa dha. Adunyaa irrattii uummatoonni argaman heeddu aadaan itti fayyadama qabeenyaa irratti qaban garagarummaa guddaa niqaba. Fakeenya Afrikaanonni aadaa itti fayyadama qabeenyaa uummamaa hindagaagne waan qabaniif ardiilee biroon walbira qabuun yemmuu ilaallamu qisasa'inna qabeenya uummamaa hammataa dha. Sababa kana irraa kan ka'e Afriikaan duubatti hafiinsa haawaas- dinagdeetiifi rakkoolee hawaas- dinagdee hedduu keessaa bahuu hindandeenye. Hanqina humna nama baratee, teeknooloojii duubatti hafa, aadaa hojii cimaa ta'e dhabuu, hanqina kaappitaalaa, babal'achuu dhabuu geejjibaa fa'a.

B. Haala ummata

Garagarumman haala teessuma lafaa argama qabeenya uummamaa irratti dhiibbaa niqabaata.

Biyyota addunyaa adda adddaa kessaatti faca'insi haala qilleensaa baramaa, bosonaa, albuudotaa, biyyeefi bishaan iddoo tokko gara iddoo biroo garagarummaa niqaba. Kaanaafuu haalli kun garagarummaa hawaas-dinagdee bal'aa akka uummamu taasisee jira.

3.1.3. Faayidaa Qabeenya Uummamaa Yeroodha gara Yerootti Qabu**Gaaffilee shakalaa**

Qabeenya uummamaa faayidaalee adda addaa dhala namaatiifni kenna. Jiruufi jireenya haawaasaa kan bu'ureefame qabeenya uummamaa irratti. Guddina dinagdee biyyaa keessatti gaheen qabeenya uummamaa qabu karaa adda addaatiin ibsamuu nidanda'ama. Faayidaalee qabeenya uummamaa qabu keessaa muraasni kanneen armaan gaditti caqafamaniidha. Isaaniis:- Meeshaalee dheedhii warshaalee ta'uun nitajaajilu.

Faayidaa nyaataatiif oolu.

Galii dhunfaafi biyyaa guddisuuf murtessaa dha.

Qabeenya uummamaa qixa sirriitiin yoo hin fayyadamne ni qisasa'a.

Hariiroon qabeenyaafi uummamaa karaalee sadiin ibsamuu nidanda'a. Isaaniis:-

A. Baay'ina Uummataa Humnaa Olee. Baay'ina ummataa humnaa olee jechuun baay'inni uummata biyya tokkoo hanga qabeenyaa uummamaa biyyattiin qabdu caalee yoo argameedha. Amaloonni biyyoota akkanaa kun rakkoolee armaan gadii niqabaatu.

- ✓ Hoj-dhabdummaa cimaa
- ✓ Galii dhunfaafi biyyaa xiqqaa
- ✓ Umrii jireenyaa gabaabaa
- ✓ Al-tasgabii siyaasaafi hiyyummaa hammataa kessatti argamuu.
- ✓ Tajaajilli hawaasaa guutamuu dhabuu fi kkf

B. Baay'ina Uummataa Humnaa gadii

Biyyota addunyaa murasa kessatti qabeenya uummamaa baay'ina ummataa

caalee argama. Biyyoota akkasii kanneen keessatti qisaasa'inni qabeenyaa nimudata. Kanaafiis fakkenya gaariin biyya Awustiraaliyaa fa'a.

C. Baay'ina Uummata Madaalawaa

Amalli biyyota uummataafi qabeenya madalawaa kan agarsiisu hariiroon baay'ina uummataafi qabeenya uummamaa gidduu jiru walmadaalaa ta'ee yoo argameedha. Biyyonni akkasii kanneenis amaloota armaan gadii niqabaatu.

- Saayinsiifi teeknooloojiin fooyya'insa fidaanii jiru.
- Fooyya'ina jireenyaa gaarii nijiraatu.
- Carraa hojjii uummataa gaarii ta'e nijira.
- Tajaajila hawaasa fooyya'aa ta'e niqabu.
- Madda anniisaa amansiisaafi fooyya'aa ta'e niqabu.
- Babal'ina industriifi fooyya'insa tajajila haasummaa.

3.1.4. Kunuunsaafi itti Fayyadama Qabeenya Uummamaa

Gaaffilee Shakalaa

1. Faayidaalee qabeenya uummamaa qabu ibsi.
2. Kunuunsa qabeenya uummamaati godhuun maaliif barbaachise?
3. Miidhaa kunuunsa malee fayyadamuu qabeenya uummamaa irra gahu ibsi.

Qabeenya uummamaa kunuunsuun fayyadamuun baay'ee murtessaadha. Qabeenya uummamaa kunuunsa malee fayyadamuun mancaatiifi qisasa'ina cimaa qabeenya uummamaa irratti geessuu waan danda'uufi. Faca'insi qabeenya uummamaa bakka hundatti walfakkaataa miti. Sababiin isaas garaagarummaan uummama lafaa garagarummaa facaa'insa qabeenyaa bakka bakkatti akka qabaatu godhee jira. Qabeenya uummamaa itti fufiinsaan fayyadamuu jechuun qabeenya ummata osoo hinqisaasa'iin

dhaloonni amma jiru qixaa sirriitiin kunuunsuufi fayyadamuun dhaloota boruutiif dabarsuudha.

Kunuunsa Qabeenya Uummaamaatiif Godhamuu Qabu

Kunuunsa Biyyee

Biyyeen caccabaa kattaaleefi bosbosa lubbu qabeeyyii irraa uummama. Biyyeen jijjiirama baroota baay'ee keessatti kan uumamuudha. Biyyeen wantoota garagaraa kan akka qilleensa, bishaan, albuudafi lubbu qabeeyyii of-keessatti qabatee argama. Biyyeen haala ijaarama isaatiin caasaa, halluu, dandeetti bishaan qabachuufi qabachuu dhabuu kkf niqaba.

Biyyee gabbataan oomishtummaafi guddina biqiltootaaf gahe guddaa qaba. Biyyeen biqiltoota gosa hundaa magarsuuf fayyada. Biqiltoonni madda nyaataa namaafi bineensotaa ta'uun faayidaa kennu. Kana malees, namni biqiloota irraa faayidaa heddu argata. Akkuma lakkoofsi ummataa yeroo yeroon baay'achaa adeemuu fedhiin dhalli namaa qabeenya uumamatti fayyadamuuf qabu garmalee dabala adeema. Dhalli namaa fedhii isaa kana guuttachuuf kallattiinis ta'e al-kallattiin biqiltoota irratti hirkata. Haalli kun biyyeen akka gabbina isa dhabuun omishaafi oomishitummaan akka xiqqatu taasisa. Kanaafuu, rakkoo kana furuuf biyyee kunuunsuun baay'ee murteessaadha. Biyyeen akka hinharamne, mala kunuunsafi eegumsa biyyee garaagaraatti fayyadamuun barbaachisaadha.

Kunuunsa biyyeetiif wantoonni godhamuu qaban kessaa tokko wantoota biroo naannootti argaman gargaaramuufi naannoo lafa lolaan nyaatame daagaa ijaaruun barbaachisaadha. Kanamalees biqiltoota tarreefi walkeessa dhaabuu: Malli kun kan gargaaruu bubbee humna cimaan bubbisuun biyyee haree akka hindeemne hambisa.

Bosoneessuufi deebisanii dhaabuu: Bosoneessuu jechuun lafa duwwaa biqiloonni irra hinjirre irratti biqiltoota dhaabuun gara bosonaatti jijjiiruu jechuudha. Deebisanii dhaabuun ammoo muka faayidaa garaagaraatiif muran bakka buusuu jechuudha. Karaalee biyyee dhiqama irraa ittisnuun gurguddoon armaan gadiiti dhimma bahuun barbachisaadha. Isaaniis

A.Dalga qotuu: Mala sarara Konturii hordofuun qotuu ti. Lafa gaaraa irra dalga qotuun bishaan lolaa saffisa guddaan gadi yaa'u bo'oo dalga qotameen qabamee akka keessa ciisu gochu qabna. Bishaan haala kanaan ciisu lafa keessatti gadi xuuxamuun jiidhinsa biyyee ni eega.



Fakkii 3.1.4. Dalga qotuu

B. Daagaa Tolchuu

Daagaa toolchuun naannoo lafa gaaraafi dhiqamni biyyee hammatuutti daaga hojjechuun dhiqama biyyee hir'isuun nidanda'ama kanaafiis fakkenya gaarii kan ta'u uummata koonsoti. Uummanni koonsoo kunuunsa naannoo eeguuf daagaa hojjechuun biyya keenya bira dabree fakkenyummaa gaarii argachuun mootummaan Gamtomee dameen UNSECO hojii fakkeenyummaa qabu waan gumachaaniif beekkamtii kennuun siidaa yaadannoo dhabameefii jira.

C.Midhaan walitti makanii facaasuu: Midhaan gosaa adda adaa yeroo bilchinaa garaaggarummaa qaban toora adda adaaa irratti si'a tokko facaasuudha. Faayidaan mala kanaas yeroo midhaan gosti tokko haamamee galu, inni biroon oyiruu irratti hafuun bubbeefi lolaa irraa oyiruu ittisa.

D.Midhaan waljijjiiruun facaasuu: malli kun midhaan bara tokko faca'ee waggaa itti aanu immoo gosa midhaanii kan biraa facaasuudha. Sababaa isaas gosti midhaan adda addaa albuuddan garaagaraa waan fayyadamaniif gabbina biyyee eeguuf faayidaa niqabaata.

Kunuunsaa fi itti fufiinsaan itti fayyadama Bosonaa

Gaaffilee Shakalaa

1. Sababoonni mancaatii bosonaa maal fa'aa?
2. Dhalli namaa bosona naannoo isaa jiru irratti akkamiin miidhaa irraan gahuu danda'a?

Mukkeen gosa adda addaa bakkaa bal'aa irratti baay'inaan biqilaanifi qilleensa baramaa naannoo murtaa'aa tokko kessatti argamani bosona jedhama. Addunyaa irratti saffisaan dabaluu lakkoofsa ummataa wajjiin fedhiin dhalli namaa bosonaafi qabeenya uummamaa kan birootti fayyadamuuf qabu garmalee dabalaa jira. Fedhiwwan kanneen keessaa muraasa kanneen itti aanuudha. Isaaniis lafa qonnaa babaldhisuuf, mana jireenyaa ijaarsaaf, anniisaa argachuuf kkf guuttaachuuf bosonaa irratti miidhaa geessissa. Kana malees, babal'ina qubsumaa magaalaa daandii konkolaataa baasuu, qonna ammayyaa, warshaaleen baay'achuunfi dhedichi lafa margaa sababa guddaa mancaatii bosonaati. Miidhaa sababa mancaatii bosonaatin dhufan;

- Jijjiirama qilleensa baramaa
- Harama biyyee gabbataa
- Badiinsa lubbuu qabeeyyii
- Bishaan irra lafaa goguu
- Godaansa bineensotaa fi dhala namaa
- Hongee fi beela fa'a.

Kunuunsaa fi itti Fayyadama Bineensota Bosonaa

Bineensota Bosonaa- bineensota bosonaa kan jedhaman lubbu-qabeeyyii xixiqqoo irraa kaasee hanga bineensota gurguddaatti kan jiraniifi to'annaa dhala namaatiin ala kanneen jiran maraa of-keessatti qabata. Isaanis: Hoosiftoota, allaattiiwwan, qurxummiwwan, kanneen lafa irra looyaanii fi lubbu qabeeyyii xixiqqoodha.

Bakki jireenya isaanii naannoo qorraati hanga naannoo ho'aa jiraachuu danda'u, akkasumas jala bishaani hanga irra dacheetti jiraatu. Bineensota bosonaa bakka jireenya isaanii irratti hundaa'uun dhaabbatan bakka tokko kan jiraataniifi kan

godaanan jedhamee qoodamuu nidanda'a.

Bineensota bosonaa haala soorrata isaanii irratti hundaa'uun yemmuu qoodnu kan marga soorratan, foon soorratanfi kan margafi foon soorratan jedhamee niqoodamu. Bineensonni bosonaa muraasni Itoophiyaa keessatti qofa kanneen argamaniidha. Isaan keessa mursinnis: - Waaliyaa, Jeedala Diimtuu, Gadamsa, Qorkee, Harree diidoofa'a.



Fakkii.3.1.4. Bineensota Bosonaa Itoophiyaa

Miidhaa kunuunsa malee Qabeenya Ummamaatti Fayyadamuun Dhufu.

Gaaffilee Shakalaa

1. Kunuunsa malee fayyadamuun qabeenya ummamaa miidhaa fidu ibsi.
2. Toftaalee qabeenyi ummamaa itti kunuufaman maal fa'a?
3. Mancaatiin qabeenya ummamaafi dabluun uummataa hariiroo maalii qabu?

Qabeenya ummamaa kunuunsa malee fayyadamuun miidhaafi qisaasa'ina irratti waan fiduuf lammileen kunuunsa gochuun dirqama ta'uun beekkamaadha. Addunyaa si'anaa kessatti qisassa'inni qabeenya ummamaa biyyoota heddu kessatti mul'ataa jira. Kessumayyuu biyyikeenya yeroo ammaa biyyota Afrikaa

kessaa baay'ina uummataatin sadarkaa 2^{ffaa} irratti argamiti.

Haala dabaliinsa uummataa kana faana itti fayyadamni qabeenya uummamaa kanneen akka bosonaa, bishaniifi biyyee kan kana fakkaatu yeroo gara yeroo garmalee waan dabalaa jiruuf mancatiin qabeenya uummamaa hangana hinjedhamne gahaa jirachuun beekkamaadha. Haalli kun kanitti fufu yoo ta'e rakkoleen akka hanqina lafa qonnaa, mana jireenyaa, godaansa bineensota bosonaa, harama biyyee, hanqina bishaan qulqulluufi falama qilleensa fa'a yeroo gara yerootti hammessuu waan danda'uuf lammileen qusannaan itti fayyadama qabeenyaafi lakkoofsa uummataa to'achuuf qusannaa maatii hordofuun baay'ee murtessaa ta'a.

3.2 Walitti Bu'iinsa Sababa Qabeenya Uummamaa Fayyadamuun dhufu

Gaaffilee shakalaa

1. Rakkoolee qabeenya uummamaa irra gahaa jiru tarressi.
2. Itti fayyadamni qabeenya uummamaa guddina diinagdeetiif bu'aan qabu maali?
3. Malleen qabeenya uummamaa kunuunsuuf fayyadan maal fa'a?

Qabeenya uummamaa qixa sirrii ta'een yoo hinfayyadamne qisasa'inni kan uummamu ta'uun beekkamaadha. Kanaafuu hawaasni qabeenya uummamaa naannoo isaa jiru osoo hinqisaasessiin fayyadamuun baay'ee murtessaa ta'a. Kana ta'uu baannaan itti fayyadama qabeenya uummamaa irratti walitti bu'iinsi hawaasaa uummamu yeroo gara yeroo hammataa dhufuu nidanda'a. Waan kana ta'eefi dursanii walitti bu'iinsi akka hin uummamne qabeenya uummamaa qixa sirrii ta'een fayyadamuun barbaachisadha.

Haata'u malee hawaasa biratti yeroo tokko tokko qabeenya uummama kan akka lafa qonnaa, bishaaniifi lafa margaa irratti walitti bu'insi ni uummama. Kanaafuu walitti bu'iinsa kana karaa nagaafi tasgabbi qabuun furuun baay'ee murtessaadha.

Kuniis ta'uu kan danda'u sababoota armaan gadiitiifi.

- ✓ Dhaloonni amma jiruufi gara fuulduraa mirga qabeenya uummamaatti fayyadamuu akka argatu.
- ✓ Madaala uummama naannoo keenyaa eeguun itti fufsiisuun dirqama lammilee waan ta'eefi.
- ✓ Lubbu-qabeeyyii adda addaa sanyiin isaanii akka hinbanne gochuuf.
- ✓ Walgitiinsa qabeenyaafi uummataa eeguuf.
- ✓ Uummanni hundi mirga qabeenya uummamaatti fayyadamuu waan qabuufi.

Qabeenya uummamaa mancaasuun addunyaa keenya rakkoolee gurguddoo adda addaatiif nisaaxilaa. Rakkooleen kanneenis dabaluu lakkofsa uummataafi gochaalee dhalli namaa jireenya isaa foyyeefachuuf jecha dhiibbaa naannoo isaa irraan gahaa jiruun walitti hidhatamiinsa qaba. Kanaafuu dhimmi kunuunsa naannoo dhimma addunyaalessaa ta'uu qaba kan jedhamuuf. Keessumayyuu jireenya fooyya'aa jiraachuuf tattaaffii dhalli namaa godhu keessatti naannoon isaa baay'ee miidhamaa akka jiru haala qabatama addunyaa har'a jiraannu irraa hubachuun nidanda'ama. Kanaafuu qabeenya uummamaa kunuunsuun gahee lammilee hundaa waan ta'eef namni kamiyyuu qabeenya uummamaa kunuunsuuf gahee isaa yoo bahe osoo hinqisaasa'iin dhaloota itti aanuuf dabarsuun nidanda'ama.

Haa ta'u malee dhimmi kunuunsa naannoo kuni hariiroo addunyaalessaa irratti dhiibbaa adda addaa nigeessisa. Kessumaayyuu biyyoonni guddatan kan akka Ameerikaa kaabaa waliigaltee faaltoota qilleensaa hir'isuu mallateessuu diduun ifatti nimul'ata. Kanaafuu rakkoolee kana hir'isuuf biyyoonni tarkaffiiwwan armaan gadii fudhachuun baay'ee murtessadha. Tarkaffiiwwan kanneenis;

- ✓ Kunuunsa qabeenya ummamaa dhimmamtoota hunda wajjin mari'achuun bu'aa argame gara hojiitti jijjiiruu.
- ✓ Faayidaa qabeenya ummamaa hawaas-dinagdee naannoo tokkoof kennu xiyyeeffannoo keessa galchuu.
- ✓ Dhaabbilee dhimma kunuunsa qabeenya uummamaa sadarkaa adda addaatti dhaabbatan cimsuu.


- ✓ Imammata qabeenya ummamaa bahan qixa sirrii ta'een fayyadamuufi hojirra oolchuu.
- ✓ Waa'ee kunuunsa naannoo hawaasa naannoo barsiisuu.
- ✓ Lammileen hundi kunuunsa qabeenya ummamaa kanneen akka biyyee, bishaaniifi bineensoonni bosonaa kessatti gahee isaanii akka bahan haala mijeessuudha.

Kunuunsaafi itti fayyadama Bishaanii

Gaaffilee shakalaa 3.3.

1. Faayidaalee dinagdee qaamota bishanna'oo maal fa'a akka ta'an ibsi.
2. Qabeenyi bishaanii guddina dinagdee biyya tokkoo keessatti faayidaa akkamii akka qaban ibsi?
3. Faayidaalee qabeenya bishaanii gareedhaan mari'adhaatii bu'aa marii keessanii dareef gabaasaa.

Lubbu qabeeyyiin hundi jiraachuuf bishaan barbaadu. Biqiloonni soorata isaanii qopheessuuf bishaan baay'ee barbaachisaadha. Bishaan itti fufiinsa jirachuuf marsaan bishaanii murtessadha. Lafa irraa bishaan qilleensa naannoo lafaatti makamu keessaa 90% bifa hurkaafi hargansa(transpiration). Hurki qilleensa naannoo lafaatti makamu diilallaa'ee rooba uumamuun qaamota bishaanii seenu. Walumaagalatti adeemsonni ijoon marsaa bishaanii haala armaan gadiitiin itti fufee argama.



Fakkii 3.3.Sirna marsaabishaanii

Laggeen Gurguddoo Addunyaa

Addunyaa irratti laggeen gurguddoo hedduu jiru. Baay'inni, hamma bishaan isaanii dheerinni isaanii ardiidhaa ardiitti walfakkaataa miti. Laggeen gurguddoon addunyaa kunniinis kanneen asiin gadiiti.

Laga Naayil –dheerinaan isaa addunyaarraa tokkoffaa dha. Gaarreen Bahaa Afrikaa keessaa ka'ee fageenya guddaa adeemuun xumurarratti Galaana Meediteraaniyaaniitti makama.

Lagni kun jireenya hawaas-dingdee Afrikanootaa kessatti iddoo guddaa kan qabuudha.

Laga Amaazon- ardii Ameerikaa Kibbaa keessatti yoo argamu, qabee bishaaniifi bal'inaan addunyaa irraa tokkoffaadha.

Laga Yaangitiiz- ardii Eeshiyaa (Chaayinaa) keessatti kan argamuufi laga dheeraa ardichaati.

Laga Koongoo –ardii Afrikaa keessatti kan argamuufi mudhii lafaa si'a lama qaxxaamura. Lagni kun qabee bishaaniitiin laga Amaazonitti aanee sadarkaa lammaffaarratti argama.

Laga Miisisiippii- ardii Ameerikaa Kaabaa (USA) keessatti argama.

Qabeenya bishaanii faayidaa dinagdee adda addaa qabu. Isaan ijoon:-

Geejjibaaf: Biyyoonni Garba Hindii, Galaanota Diimaafi Galoo Galaana Eden daangessan qaamolee bishaanii kanneen irraa tajaajila geejjibaa guddaa argachaa jiru. Akkasumas, haaroowwan Afrikaa gurguddoon, kanneen akka haaroo Viiktooriyaa, Taangaanikaa, Maalaawii Albartiin, Itoophiyaatti harawwaan akka Xaanaafi Baatuu (Dambal) irratti tajaajila geejjibaa kennaa jiru.

Jal'isiif: Lagni Naayil Sudaanifi Misirii keessatti; laggeen akka Hawaas, Finca'aa, Dhidheessaa fi kkf Itoophiyaa keessatti tajaajila qonna jal'isii kennu jiru.

Horsiisa Qurxummiif: Qaammonni bishaana'oo keessatti qurxummii gosa adda addaa baay'inaan niargaman. Kanaafiis fakkeenya gaarii kan ta'an haaroowwan akka Viiktooriyaa, Xaanaa, Turkaanaa, Galaana Diimaa, Galoo Galaana Eden, Garba Hindii fa'a.

Humna Elektirikii Maddisiisuuf: Laggeen Bahaa Afrikaa kanneen gaarreen irraa ka'an humna guddaadhaan irraa-gadee yaa'u. Kanaaf humna elektirikii maddisiisuuf mijaawaadha. Akka fakkeenyaatti hidhoota Itoophiyaa keessatti ijaaramaniifi ijaaramaa jiran fudhachuun ni danda'ama. Isaanis: Laga Hawaas irratti Hidha Qooqaaa, Laga Abbaay irratti Hidha Xiis-Abbaay, Xaanaa- Balasiifi Hidha Haaromsaa Guddicha ijaaramaa jiru.

Laga Fincaa'aa irratti Hidhaa Fincaa'aa

Laga Waabee-Shabalee irratti Hidha Malkaa Waakkennaa

Laga Gibee irratti Hidha Gibee 1^{ffaa}, 2^{ffaa}, fi 3^{ffaa}

Laga Takazee irratti Hidha Takazee fa'a dha.

Qulqullinnifi qabee kuusaa bishaanii kun yeroodhaa gara yerootti sababa dhiibbaa ilmaan namaa fi ummatatiin hir'achaa jira. Saffisaan dabaluu lakkoofsa ummataa akka lafti jiidhaan gogaa deemu, qonna jallisii, babal'achuu warshaaleefi qonna abaaboo qabeenya bishaanii bal'inaan akka fayyadaman akkasumas hurkaa, gara lafaaseenuun qabeefi fayyummaan kuusaa bishaan akka hir'atu ta'ee jira. Gama ummatatiinis jijjiiramni qillensa baramaa kuusaa qabeenya bishaanii kana gaaffii keessa galchaa jira. Kuusaawwan bishaanotaa kana keessatti sababa biqiloonni manca'aniif salphumatti kuufamuun qabeen bishaanii akka hir'atu taasisa. Dabalataanis, adeemsi hurkaa'uu qabee bishaanii hir'isuun cinaattii dhamdhamni bishaanii gara ashabummaatti akka geeddaramu godha.

Cuunfaa Boqonnaa 3

Qabeenya ummamaa jechuun qabeenya garagaraa uummaman argamani jireenya dhala namaafi bineensota birootiif faayidaalee adda addaatiif oolaniidha. Haata'u malee faca'insi qabeenya ummamaa iddoo hundatti walfakkaataa miti. Sababiin isaas haala garaagarummaa qilleensa baramaa, teessuma lafaa, gabbina biyyeefi dabaliinsi uummataa dhibbaa guddaa qaba. Kessumayyuu naannoo Afrikaa keessatti teessumni lafaa faca'insa qabeenya ummamaa irratti dhiibbaa guddaa qaba. Teessumni lafaa jijjiiramaa deemuun haalli gabbina biyyeefi hamma roobaafi faca'iinsi ho'aas jijjiiramaa waan adeemaniif haalli faca'iinsa qabeenya ummamaa iddoo iddootti garaagarummaa qaba. Ardii Afrikaa kuufama qabeenya ummamaa heddu osoo qabdu hanga ammaatti uummanni isaanii hiyyummaa hammaataa kessatti argamu jechuun yaada mormii isaanii dhihessu.

Gaaffilee xumura boqanna. 3

I. Kan sirrii ta'e dhugaa kan dogoggora ta'e soba jedhii deebii kenni

1. Qabeenya ummamaa kunuunsuufi itti fufifisuun fedha malee dirqamaa miti.
2. Qabeenya hara'a jiru kan dhaloota boruu ta'uu hinqabu.
3. Walitti bu'insa qabeenya ummamaa irratti uummamuu kara nagaatiin furuun barbaachisaadha.
4. Biyyonni qabeenya ummata qaban hundi foyya'insa dinagdee fidanii jiru.

II. Kanneen 'A' jala kan jiran 'B' jala kan jiraniin walitti firoomsi.

'A'

1. Laga Amaazon
2. Laga Koongoo
3. Laga Naayil
4. Laga Misisippii
5. Laga Yaangitiiz

'B'

- A. Afrirkaa
- B. Eeshiyaa
- C. Ameerikaa kaabaa

III. Gaaffilee armaan gadiitiif deebii gabaabaa kenni

1. Kunuunsafi itti fayyadama qabeenya ummamaa guddina itti fufiinsa qabuu jechuun maal akka ta'e ibsi.
2. Faayidaa itti fufiinsaan fayyadamu qabeenya ummamaa diinagdee keessatti qabu ibsi.
3. Qabeenya ummamaa itti fayyadamuu irratti waantota dhiibbaa gessaan tarressi.
4. Faayidaa qabeenyi ummamaa yeroodha gara yerootti qabu ibsi.
5. Kunuunsaafi itti fufiinsaan fayyadama biyyee akkamitti eeggama?
6. Faayidaawwan diinagdee qaamman bishaana'oo ibsi.
7. Manca'uun bosonaa rakkolee gessuu danda'u tarressaa.
8. Hariiroo dabaliinsa uummataafi mancatii qabeenya ummamaa gidduu jiru ibsi.

BOQONNAA 4

SEENAA ADDUNYAA AMMAYYAIFI BARA JALQABBII ISAA

Bu'aawwan barachuu boqonnichaa:

- ✓ Adeemsa abuurraa ji'oogiraafawaa ni ibsita
- ✓ Hariiroo madduu yaada haaraa(Renaissance) haaromsaa (Reformation) fi sochii faallaa haaromsaa hariiroo isaan waliin qaban ni xiinxalta
- ✓ Yaad-rimee warraaqsa Industirii bal'inaan ni ibsita
- ✓ Ka'umsaafi amaloota waraana addunyaa lamaanii ni xiinxalta
- ✓ Amala waraanni ololaa qabu ni ibsita.

Seensa

Kutaa torbaffaatti qaroomman Awurooppaa, Eeshiyaafi Afrikaa durii hubattee jirta. Dabalataanis, ka'umsaafi babal'ina amantii Kiristaanaafi Islaamaa hubattee jirta. Akkasumas, bara giddugaleessaa keessa mootummoota humnaan babal'ataa turan akka Baayzantaayinii adda baafattee jirta. Itti aansuun bu'uura dinagdee mootummoota kanneenis barattee jirta.

Kutaa 8^{ffaa} keessatti immoo, haala qabatamaa addunyaa ammayyaa keessaa seenaa Abuurraa ji'oogiraafawaa gurguddoofi bara jalqabbii Yaadni Haaraa itti maddee(Renaissance)baratta.Akkasumas,Haaromsaafi sochii faallaa Haaromsaa fidan haalaan qaacceffamaniiru. Bifuma walfakkaatuun, warraaqsa Industirii, waraana addunyaa tokkoffaa, lammaffaafi waraanni ololaa miidhaafi bu'aa isaan fidan ni baratta.

Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- ✓ Daandii abuurtonni fayyadamaa turan kaartaa irraa ni agarsiifta
- ✓ Amaloota yaada haaraa(renaissance), haaromsaa (reformation) fi sochii faallaa haaromsaa ni ibsita
- ✓ Bu'aawwan warraaqsa industirii fide ni tarreessita
- ✓ Miidhaa waraana addunyaa tokkoffaafi lammaffaa irratti barreeffama qopheessuun ni dhiyeessita
- ✓ Adeemsa waraana addunyaa lamaan irratti uumaman ni ibsita
- ✓ Amaloota waraanni ololaa qabu ni xiinxalta.

4.1. Abuurrraa Ji'oogiraafawaa Gurguddoo

Gaaffilee Shaakalaa

1. Sababoota Abuurraan ji'oogiraafawaa itti eegaleefi adeemsa isaa irratti mari'adhaa.
2. Ilmi namaa Galaanaafi Garba addunyaa irra akkamiin yabaluu danda'e?
3. Bu'aawwan abuurraa ji'oogiraafawaa tarreessi?

Abuurraan ji'oogiraafawaa jalqabuun, eegalamuu bara ammayyaatiif daandii kan saaqeefi hawaasa addunyaa kan walqunnamsiisedha. Baroota dheeraaf, Awurooppaafi hawaasni addunyaa ardii biroo keessa jiraatan daandii lafarraan walqunnamaa turan. Daldaltoonni Awurooppaa hanga baha giddugaleessaafi walakkaa kibba- baha Eeshiyaatti geejjiba aadaa fayyadamuun imalaa turanii jiru. Imalli kun hangam ulfaataa ta'us rakkoo hawaas-dinagdeefi siyaasaa haala kanaan hiikaa turee jira.

Haata'u malee, jaarraa 11^{aa} irraa eegalee waldhabdeen Awurooppaafi Ottomaan Turkii gidduutti cimaa waan dhufeef daandiin lafa irraa gara Eeshiyaa geessu cufamuu danda'eera. Waldhabdeen kunis waraana bara 1090 keessa jalqabee hanga 1270 keessa kan adeemsifamedha. Waraana kun garee amantii Kiristaanaa waan hirmaachiseef waraana Qaxxaamuraa (Crusade War) jedhamee beekama.

Haaluma kanaan, sababa daandiin gara bahaa deemu cufameef warri Awurooppaa fedhii daldalaa, siyaasaafi ji' oogiraafawaa guuttachuuf filannoo biroo barbaaduu jalqaban. Bifuma kanaan, warri Awurooppaa kallattii jijjiirachuun daandii gara bahaa fayyadamuu dhiisuun gara lixaatti abuuruu jalqaban. Haaluma kanaan, dooniiwwan qilleensaan dhiibaman fayyadamuun Awurooppaa lixaa irraa gara Afrikaa lixaatti deemsa taasisuu eegalan. Suuta suutaanis abuurtonni Porchugaaliifi Ispeen hanga kibba Afrikaatti yabala bishaan irraa taasisaniiru. Fakkeenyaaf, bara 1488, Bartolomew Deeyiz fiixee Afrikaa kibbaa yoo ga'u, Vaaskoo Da Gaamaa immoo bara 1498 Hindii ga'eejira. Bara 1492, Kiristoofar Kolombos ardii duraan hinbeekamne (haaraawa) Amerikaa qubate. Bara 1519-1522, Fardinaandi Maajilaan immoo addunyaa yeroo jalqabaatiif naanna'eera. Imalli Fardinaandi Maajilaan kun yeroo jalqabaatiif ardiin danaa korboo qabaachuu ishee kan mirkaneessedha.

Warri Awurooppaa galaana irra yabaluu bara durii irraa jalqabanii yaalaa turaniiru. Baroota Abuurraa ji' oogiraafawaa keessa garuu dagaaginni qaroomman adda addaa kan akka argannoo kompaasii, kaartaa fayyadamuufi dooniiwwan ammayyaa hojjetamuun imala kana saffisiisee jira. Haaluma walfakkaatuun fooyya'iinsaafi jijjiiramni guddina dinagdee jaarraa 16^{ffaa} Abuurraa ji' oogiraafawaa kana bu'a qabeessa taasisiiseera. Biyyoonni Abuurraa ji' oogiraafawaa kanaan milkaa'an keessaa biyyoota akka Porchugaaliifi Ispeen maqaa eeruun nidanda'ama.

Barri abuurraa bu'aawwan siyaas-dinagdeefi hawaasummaa gurguddoo fidee jira. Bu'aawwan kanneen keessaa inni ijoon dagaagina dinagdee waliin kan walqabatudha. Haala kanaan daandilee haaraawa fayyadamuun ardiilee akka Amerikaa, Afrikaafi biyyoota baha fagootti argaman irra qubachuun danda'ameera. Warri Awurooppaa biyyoota addunyaa irra qubatan keessaa qabeenya uumamaa hunda to'achuu danda'aniiru. Qabeenya uumamaa gabaa irratti barbaadaman ardiilee to'ataman irraa gara Awurooppaatti geessuun dinagdee guddaa horataniiru. Biyyoonni Awurooppaa dinagdee kanaanis hedduu badhaadhaniiru.

Gama siyaasaan immoo daldala garbaafi sirni koloneeffannaa akka dagaagan taasiseera. Bifuma kanaan jaarraa 16^{ffaa} fi 17^{ffaa} keessa Ispeenii fi Porchugaal Amerikaa kibbaa to'achuun ol'aantummaa siyaasaafi dinagdee ittiin argatanii jiru. Biyyoonni akka Porchugaal, Holaandiifi Ingiliizii, Ispeen hordofuun kibba-baha Eeshiyaafi kibbaafi kibba-baha Afrikaa to'ataniiru.



Maappii 4.1. Daandilee Abuurraa

Gilgaala 4.1

Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaabaa kenni

1. Biyyoonni sochii abuurraa ji'oogiraafawaan jaarraa 15ffaa fi 16ffaa keessa beekamoo turan lama barreessi.
2. Sochii bara abuurraa taasifameen Fardinaandi Maajilaan maaliin beekama ?
3. Ardiin Addunyaa haaraa jedhamuun beekamu kami? Maaliif ardii addunyaa haaraa akka jedhames ibsi?
4. Barnootaafi ogummaawwan sochii abuurraa wajjiin guddatan sadii barreessi.
5. Kaartaa addunyaa kaasuun kallattiifi daandii Vaaskoo Da Gaamaan imala irra taasise agarsiisi

4.2. Bara Jalqabbii Yaada Haaraa(Renaissance), Haaromsaa (Reformation) fi Sochii Faallaa Haaromsaa (Counter-Reformation)

4.2.1. Bara Jalqabbii Yaada Haaraa(Renaissance)

Gaaffilee shaakalaa

1. Yaadoota haaraa bara qarooma addunyaa durii turan irratti mari'adhaa
2. Jalqabbii yaada haaraaf sababni ijoon maal ture?
3. Garee lamatti qoodamuun amaloota madduu yaadota haaraa irratti marii taasisuun dareef dhiyeessaa.

Bara qaroomman durii keessatti dhalli namaa yaadota haaraa akka dimookiraasii, rippaablikii, seeraafi bulchiinsaa maddisiisuun itti fayyadamaa akka turan kutaa 7^{ffaa}tti boqonnaa afraffaa keessatti barattee jirta. Bifuma walfakkaatuun, dhalli namaa jalqabbi bara haaraatti qaroomman duraan turan dagaagsuun, yaadota haaraa maddisiisuu jalqabe. Yaadni haaraa kunis qaroomman durii irra deebi'un gadi fageenyaan qorachuu, sakatta'uufi xiinxaluu waliin walqabata.

Keessattuu qaroomman Giriiko-Roomaa durii gadi fageenyaan qorachuun itti fayyadamuu irratti xiyyeeffata. Haaluma kanaan, xumura jaarraa 14^{ffaa} irraa eegalee, sochiin yaada haaraa biyya Xaaliyaanii keessatti jalqabee, adeemsaan gara biyyoota birootti babal'ate. Walumaagalatti, sochiin kun, warraaqsa ogummoota adda addaa, yaadota saayinsaawaafi kalaqoota hedduu jaarraa 14^{ffaa} irraa hanga jaarraa 16^{ffaa}tti raawwataman of jalatti kan hammatudha.

Barri sochii yaadota haaraa amaloota gurguddoo hedduu qaba. Isaanis, beekumsa dagaagfachuufi sababa amansiisaatti fayyadamuu of jalatti qabata. Akkasumas, mirgaafi bilisaan yaada ofii ibsachuu, qo'annoofi qorannoo qaroomman durii irratti taasisuufi gadi fageenyaan yaaduun ofgaafachuu fa'a of keessatti hammata. Dabalataanis, afaan dhalootaa fayyadamuun waan addaa uumuu, barreessuufi waa'ee dhala namaa irratti qo'annoofi qorannoo gadifageenyaan gaggeessuun amaloota isaan gurguddoodha.

Haala kanaan, dhallii namaa jiruufi jireenya isaa keessatti dhimmoota hundaaf sababa amansiisaa ta'e dhiyeessuu qaba. Dhimmoonni sababaafi ragaa gahaa hinqabne irra deebi'amanii xiinxalamuu qabu yaada jedhu kan keessummeessudha.

Walumaagalatti, baroota Yaadni Haaraa maddan kana keessatti qaroomman Giriiko-Roomaa durii hedduun isaanii irra deebi'amanii qoratamanii jiru. Haaluma kanaan, ogummoota akka halluu dibuufi fakkii kaasuu, ijaarsaafi uumama qaama namaa irratti qorannoon gadifageenyaan gaggeeffameera. Dabalataan, karaa saayinsaawaafi sababa gahaan dhimmoota adda addaa xiinxaluu, yaada bilisaan ibsachuufi barnoota jajjabeessuun dhimmoota bara yaada haaraa keessatti xiyyeeffannoon itti kennamanidha.

Hojii piroojektii 4.2.1

Gaaffilee armaan gadii bu'uura ajajamtaniin hojjechuun dareef dhiyeessaa

1. Garee miseensa shan- shan qabu hundeessuun hayyoota bara giddugaleessaa beekamoo turan fakkii isaanii fakkeesuun dareef dhiyeessaa.
2. Haaluma hayyoonni bara giddugaleessa Awurooppaa kalaqa adda addaa hojjetaniin, garee keessaniin muka, dhoqqee yookiin kaartonii irraa meeshaalee manaa adda addaa hojjechuun daree keessanitti agarsiisaa.

Gabatee armaan gadii keessatti hayyoota bara madduu yaada haaraa kalaqa adda addaafi hojiilee ittiin isaan beekaman qaacefameera.

Gabatee 4.2.1. Hayyoota beekamoo bara jalqabbii yaada haaraa

Maqaa Hayyootaa	Bara	Lammuummaa	Yaada (Ogummaa) ittiin beekaman
Daante Aligihayri	1265-1321	Xaaliyaanii	Barreeffama (komeedii)
Donaatelloo	1386-1466	Xaaliyaanii	Ogummaa bobbocaafi ijaarsaa adda addaa
Li'onaardoo Daavinci	1452-1519	Xaaliyaanii	Fakkii kaasuu. Fakkeenyaaf, Monaaliziaa
Mika'eelanjelloo	1475-1564	Xaaliyaanii	Fakkii kaasuu. Fakkeenyaaf, Moosee (Muusee)
Maartin Lutar	1547-1616	Jarman	Kitaaba qulqullu gara afaan Jarmanitti hiikuu
Nikolaas Kopperinkas	1473-1564	Polaandi	Qorannoo hawaa, sirna biiftuu
Tomaas Muur	1466-1533	Ingilizii	Barreeffama (yaada Yutoopiyaa dagaagse)
Wiiliyaam Sheekispiir	1483-1546	Ingilizii	Diraamaafi tiyaatira Barreessuu
Waaykiliffi	1328-84	Ingilizii	Kitaaba qulqulluu gara afaan Ingiliffaatti hiike

4.2.2. Bara Jalqabbii Sochii Haaromsaa (Reformation)

Gaaffilee Shaakalaa

1. Sochiin Haaromsaa akkamitti eegaluu danda'e?
2. Sababoota gurguddoo sosochii haaromsaa cimsan tarreessuun irratti marii taasisaa.

Sochiin haaromsaa Awurooppaa lixaa keessatti fooyya'iinsa amantii fiduuf jaarraa 16^{ffaa} keessa kan jalqabedha. Yaadonni haaraa jalqaba Awurooppaa keessatti madduun, haaromsi ardii Awurooppaa keessatti akka jalqabuuf dhiibbaa taasissee jira. Akka waliigalaatti, amantii qofaan osoo hintaane gama hawaasummaa, siyaasaafi dinagdee duraan turan sadarkaa ol'aanaan fooyyeessuun ummanni yaada haaraa hedduu maddanitti akka fayyadaman taasissee jira.

Sababoonni ka'umsa sochii haaromsaa hedduudha. Isaanis; yaada amantiifi mootummaan adda bahuu qabu jedhu isaan ijoodha. Akkasumas, aangoofi ol'aantummaan amantii Kaatolikii daangaa qabaachuu qaba jedhu irratti kan xiyyeeffatudha. Dhimmoota akka gaggeessaan amantii Kaatolikii biyya tokkoo dhaabbilee amantii kanaa biyya hundaaf itti-gaafatamaa ta'u hinqabu yaada jedhus ni dabalata. Bifuma kanaan qabeenyii manni amantii Kaatolikii daangeffamuu qaba jedhus ofjalatti kan qabatudha. Kanaan alattis, namni hundi mirgaafi bilisaan yaada amantii deggaruu yookiin moormuu qabaachuu qabu jedhu fa'i.

Bulchiinsaafi hojiilee manneen amantii Kaatolikii keessaa kan akka gageessitoonni amantichaa qabeenyaa horachuu jaallachuufi safuu eeguu dhiisuun sababa jalqabamuu sosochii haaromsaa keessaa isaan duraati. Walumaagalatti, gageessitoonni amantii Kaatolikii aangoo seeran ala fayyadamuun qabeenya kuufachuun ka'umsa sosochii haaromsaatti.

Sosochiin haaromsaa kun daran kan babal'ate jalqaba jaarraa 16^{ffaa} keessa ture. Haaluma kanaan, bara 1517 Maartiin Lutar ifaafi bilisaan amantii haaraa Lutaraaniziimii jedhamu hundeesse. Sochii kana keessatti Maartiin Lutar seeroota kitaaba qulqulluu keessa jiran faayyadamuun gara afaan Jarmanitti hiikee jira. Joon Kaalviin amantii Kiristaanaa Kalvinisitti jedhamu dhaabun barnoota amantichaa babal'isuu jalqabe. Bifuma walfakkaatuun, bara 1558-1603 Giiftiin Ingilizi Elsaabet, damee amantii Angilikaan jedhamu hundeesuun namoonni hundi bilisaan akka hordofan taasisittee jirti. Walumaagalatti, amantiin Kiristaanaa olitti eeraman kunniin, damee amantii Kiristaanaa Pirotastaantii (Protestant Christian Religion) jedhamuun beekamu.

Sosochiin haaromsaafi madduun yaada haaraa bu'aawwan hedduu qabu. Kanneen keessaa isaan gurguddoon:

- Hundaa'u damee amantii Kiristaanaa Pirotastaantii (Protestant Christian Religion) jedhamuufi fooyya'uu bulchiinsa amantii Kaatolikii eeruun ni danda'ama.
- Dabalataan dagaagina barnoota ammayyaa, adda bahuu amantiifi mootummaa, akkasumas dagaaguu mirgoota dhaabbilee amantii isaan ijoodha.

4.2.3. Sochii Faallaa Haaromsaa (Counter-Reformation)

Gaaffilee shaakalaa

1. Hordofoonni amantii Kaatolikii jijjiirama maaliif moraman?
2. Jijjiirama haaromsaan dhufan gareen mormaa turan tarkaanfii gurguddoo isaan fudhatan tarreessi.
3. Garee miseensa afur afur qabu hundeessuun yaadoota haaromsaafi sochii faallaa haaromsaa walbira qabuun qaaccessaa.

Sosochiin faallaa haaromsaa yookiin mormitoota jijjiirama haaroomsa keessoo amantii Kaatolikii jedhamuun beekama. Amantii Kaatolikii irratti mormiifi qeeqni adda addaa waan baay'ateef hordofoonni amantii kanaa adeemsa keessoo amantichaa fooyyeessuuf karoorfatan. Kaayyoon ijoo sochii faallaa haaromsaa, qabxiilee gurguddoo gareen haaromsaa qeeqan adda baafachuun irratti hojjechuu kan xiyyeeffatudha.

Dabalataan, karaa hundaan garee yaada haaromsaa irraa amantii Kaatolikii irratti xiyyeeffatu hunda qolachuu ture. Akkasumas, hawaasa hordofoonni amantii Kaatolikii barsiisuun gara dhaabbilee amantii biraatti akka hin madaqne ittisuun irratti kan xiyyeeffatu ture. Kanaaf, sochiin faallaa haaromsaa duula karaa keessaafi alaatiin taasifamaa kan turedha.

Garee haaromsaa balleessuuf jecha amantiin Kaatolikii Roomaa sochiilee adda addaafi tarkaanfilee hedduu fudhattee jirti. Tarkaanfiin inni jalqabaa Maatii Saba Iyyasus, (The Society of Jesus) jedhamu hundeessuun sochii adda addaa taasisaa turan. Inni lammaaffaa immoo gaggeessitoonni amantii Kaatolikii duraanii jijjiiruufi kan ummata biratti fudhatama qaban muuduudha. Inni sadaffaan, walgahii gurguddaa akka addunyaatti gaggeessuufi walgahii kanarratti garee haaromsaafi amanticha qeeqan balaaleffachuu fa'idha.

Maatiin Saba Iyyasus bara 1534 biyya Ispeen keessatti nama Ignaatiyas Loyolaa jedhamuun kan durfamu ture. Kaayyoon hundeeffama Maatii Saba Iyyasus biyyoota adda addaa irra deemuun amantii Kaatolikii barsiisuufi garee haaromsaa dhabamsiisuudha. Haaluma kanaan, jaarraa 16^{ffaa} irraa kaasanii,

gareen Maatii Saba Iyyasus jedhaman ardiilee akka Eeshiyaa, Awurooppaa, Amerkaafi Afrikaatti babal'achuun barsiisaa turaniiru.

Garee faallaa haaromsaa kanneen keessaa gareen tokko naannoo bara 1557-1665 gara biyya Itoophiyaa har'aa kanatti dhufanii mootii Susiiniyoos amantii Kaatolikii akka fudhatuuf dhiibbaa taasisaa turaniiru. Sababa kanaan walitti bu'iinsi guddaan Gondor keessatti uumameera. Waldhabdee kana tasgabbeessuuf jecha mootiin Faasilidas Susiiniyoositti aanee aangoo qabate garee faallaa haaromsaa warra Awurooppaa biyya keessaa ari'uu danda'eera. Booda irra hariiroo biyyoota alaa waliin ture dhiisuun labsii haaraa "Hariiroo Maleessaa" (Close Door Policy) jaarraa tokko ol ture labsee jira. Bifuma kanaan biyyattiin jaarraa tokkoofi isaa ol hariiroo siyaas-dinagdeen Awurooppaa waliin qabdu adda citee ture.

Gilgaala 4.2

Gaaffilee deebii gaggabaaboo

1. Kaayyoon sochii madduu yaadota haaraa maal ture?
2. Garaagarummaa madduu yaadota haaraafi haaromsaa ibsi
3. Wiirtuun sochii yaadota haaraa eessaa ture?
4. Yaad-rimee dimookiraasiifi yaadota haaraa walbira qabuun ibsi
5. Qeeqa adda addaa amantii Kaatolikii irratti dhiyaataa turan tarreessi
6. Baroota yaadonni haaraa maddan keessa namoota hojiiwwan gurguddoo raawwachuun beekaman kan akka Maartii Luutar, Li'onardoo Daavichi, W.Sheekispiiriifi Mikaa'eelanjelloo ibsi.

4.3. Warraaqsa Industirii

Gaaffilee shaakalaa

1. Garaagarummaa Industiriifi warshaa addeessi
2. Warraaqsa Industirii jechuun maal jechuudha?
3. Bu'aafi miidhaa dagaagina Industiriifi warshaalee walbira qabuun ibsi.

Warraaqsi Industirii jijjiiramaafi guddina kallattii adda addaa kan fidedha. Warraaqsi Industirii sosochii mala aadaan hojjechuu irraa maashinoota adda addaa fayyadamuun omishuu kan dhugoomsedha. Warraaqsi Industirii guddina dinagdee biyya Ingilizii keessatti kan mul'atedha. Haaluma kanaan Warraaqsi Industirii yeroo jalqabaaf biyyuma Ingiliziitti eegaluu danda'eera. Bara 1750 moota keessa, biyyii Ingilizii maashinoota fayyadamuun warshaalee adda addaa keessatti oomisha garaagaraa baay'inaan omishuu jalqabde.

Warraaqsi Industirii oomisha warshaalee sadarkaa ol'aanaan akka guddatu taasisun kallattii hundaan jijjiirama fidee jira. Bifuma kanaan warshaaleen saffisaan babal'atan jijjiirama dinagdee, siyaasaafi hawaasummaa fiduun addunyaan teekinolojiin akka dagaagu godhee jira. Adeemsaan warraaqsiichi, gara biyyoota Awurooppaa adda addaafi Amerikaa kaabaatti babal'achuu danda'eera.


Warraaqsi Industirii biyya Ingilizii keessatti akka eegaluuf haaloota mijataa turan:

- Albuuda cilee dhagaafi oomisha sibiilaa gaha jiraachuu
- Galaanaan marfamuufi buufata dooniiwwan hedduu qabaachuu
- Laggeen geejjibaaf mijataa ta'an qabachuu
- Mootummaa bulchiinsa gaarii qabuufi siyaasni tasgabbii qabu jiraachuu
- Bulchiinsa fooyya'iinsa dinagdee jajjabeessuufi qo'annoofi qorannoo saayinsaawaa irratti xiyyeeffatu qabaachuufi
- Humna waraanaa nageenya galaanaa eeganiifi hojii daldalaatiif kallattii hundaan eegumsa cimaa godhu qabaachuu fa'i.

Warraaqsi Industirii sadarkaalee gurguddoo lama qaba. Inni sadarkaa jalqabaa bara 1750-1870 mootaa kan ture yoo ta'u kalaqaafi argannoo ogummaa adda addaan beekama. Innis, maashinoota sasalphaa humna hurkaatiin hojjetan uumamuu, cilee dhagaa sibiila baqsuutti fayyadamaa turan. Akkasumas, dagaagina geejjibaa kan akka baaburaa, konkolaataafi dooniiwwan humna hurkaan socho'an bara itti hojjatamanidha. Gama walqunnamtiin teelegiraafiifi teelephoonni yeroo hojiirra oolaniidha. Warshaaleen xixiqqoo ta'an kan akka warshaalee uffata adda addaa, warshaa zayita nyaataafi warshaa midhaan daaku dagaaganiiru. Akkasumas, bara maashinoonni jirbii fo'aaniifi wayaa suufii saffisaan oomishan sadarkaa warraaqsa Industirii keessatti daran bara itti babal'atanidha.

Warraaqsi Industirii sadarkaa lammaffaan immoo bara 1870 mootaan booda jijjiiramaafi guddina mul'ataa turedha. Baroota kanneen keessatti beekumsa saayinsiitti fayyadamuun kalaqni teeknolojii adda addaa bara itti dagaaganidha. Isaan keessaa kanneen akka annisaa Elektirikii, boba'aa adda addaa, humna atoomikiifi solaaritti fayyadamuun annisaa Eletirikii maddisiisuun bara itti jalqabamedha. Humnoota adda addaa kanniin fayyadamun omishitummaan warshaalee daran fooyya'eera.

Gama biraatiin dagaaginni qorannoo hawaa sadarkaa ol'aanaatti guddachuu danda'eera. Bifuma kanaan saatalaayitoota gara hawaatti erguun qorannoo haaraa gaggeessuun bara addunyaa irratti mul'atedha. Teekinolojiin odeeffannoo walqunnamtii daran ammayyoomuun hariiroo hawaasa addunyaa walitti fiduu danda'eera. Akkasumas, warshaalee sadarkaa ol'aanoofi maashinii (warshaalee gurguddoo) maashinoota adda addaa omishan bara itti kalaqamanidha.



Fakkii 4.3. Warshaalee sadarkaa ol'aanaa irra jiran

Akka waliigalaatti, warraaqsi Industirii jijjiirama faayida qabeessaafi miidhaa qaban hedduu fidee jira. Jijjiiramoota faayida qabeessa ta'an kanneen jedhaman oomishaalee humna namaatiin hojjetamaa turan maashinoota humnaafi yeroo qusataniin bakka bu'uudha. Humni omishittummaafi oomishaaleen adda addaa daran dabaluu danda'eera. Annisaa cilee dhagaa fayyadamuun sibiila baqsuun tajaajila adda addaatiif olchuufi annisaa humna bishaanii, atoomikiifi aduu fayyadamuun tajaajila elekitirikaa argachuu fa'i. Akkasumas, dagaagina geejjiba lafarraa, galaanarraafi qilleessa irraa babal'achuun teekinolojiin odeeffannoo walqunnamtii bara daran fooyya'edha. Qonnaafi warshaaleen adda addaa walitti hidhami'iinsa cimaa waan horataniif omishittummaafi oomishinni dabalaa deemuu danda'eera. Akkasumas, bara ogummaan adda addaa itti dagaaganidha.

Hojii piroojektii 4.3a

I. Garee miseensota sadii hanga afurii qabu hundeessuun hojii piroojektii armaan gaditti kenname hojjechuun agarsiisaa

- Meeshaalee adda addaa warshaaleen omishamanii naannoo keessanitti itti fayyadamaa jirtan ilaaluun wantoota naannoo keessanitti argaman irraa fakkeessuun hojjedhaa daree keessanitti agarsiisaa.

Gama biroon dagaaginni Industirii miidhaalee gurguddoo hedduu fideera. Isaan keessaa inni ijoon, namoonni hedduu hojii dhabuun hiyyummaaf saaxilamaniiru. Bifuma kanaan rakkoolee hawaasummaa babal'isuun godaansi namootaa baadiyyaa irraa gara magaalaattii akka babal'atu taasiseera. Haadholiin hedduu warshaa keessatti qacaramanii hojjechuu irraan kan ka'e kunuunsaafi guddisni daa'immanii haala sukkanneessaa keessa seeneera. Kana malees, Industiriin xixiqqoo (aadaa) hedduun dorgommiin ala taasifamaniiru. Gama biroon, meeshaaleen waraanaa gurguddoon baay'inaan oomishamuun rakkoo addunyaa bara itti ta'aniidha.

Akkasumas faalamni naannoofi qilleensa baramaa miidhaa guddina warshaatiin walqabatu keessaa isaan ol'aanoodha. Karaa biroon, dagaaginni Industirii madda waldorgommii meeshaalee dheedhii argachuuf taasifamu olguddisee jira. Akkasumas, babal'inni Industirii madda waldorgommii gabaa meeshaalee dhumataa warshaalee adda addaan omishamaniif barbaaduu addunyaa irratti daran olguddiseera. Kana irraa ka'uun biyyoota Awurooppaa gidduutti dorgommiin gabaa cimuun walitti bu'iinsa uumee jira. Waldorgomii gabaa dagaagina warshaan booda mul'ate kun ka'umsa waraana addunyaa ta'ee jira. Akkasumas, biyyoota akka Afrikaa, Eeshiyaafi Amerikaan immoo sirna kolonii jalatti akka kufaniif haala mijataa uumeera.

Gilgaala 4.3.B

I. Gaaffilee armaan gaditti dhiyaataniif hima sirrii ta'e "Dhugaa" kan sirrii hintaane immoo "Soba" jechuun deebii kenni

1. Warraaqsi Industirii jijjiirama hojii maashiniin gaggeeffaman qofa waliin walqabata.
2. Warraaqsi Industirii sadarkaalee lama qaba.
3. Biyyi Ingiliizii wiirtuu ka'umsa warraaqsa Industirii turte.
4. Barnoonni teekinolojii odeeffannoo walqunnamtii daran kan babal'ate bara jalqaba warraaqsa Industirii keessa ture.

II. Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaabaa kenni

1. Biyya Ingilizii keessatti warraaqsi Industirii akka eegaluu haalota mijaatoo turan keessaa sadii tarreessi.
2. Moobaayilli itti fayyadamtan bu'aa warraaqsa Industirii sadarkaa kamiti?
3. Bu'aa warraaqsi Industirii fide keessaa sadii tarreessi
4. Miidhaa dagaaginni Industirii fide keessaa sadii tarreessi.

4.4. Waraana Addunyaa Gurguddoo Lamaan

4.4.1. Waraana Addunyaa Tokkoffaa (1914-1918)

Gaaffilee Shaakalaa

1. Yaad-rimee maalummaa waraanaa irratti mari'adhaa.
2. Sababoota waraana addunyaa tokkoffaa irratti mari'adhaa.
3. Sababoota hawaasa naannoo tokkoo walitti buusaniifi waldhabdee babal'isuun waraana akka walirratti banan taasisaniifi sababoota waraana addunya tokkoffaa waliin walbira qabuun xiinxalaa.
4. Bu'aa siyaas-dinagdeefi hawaasummaa waraana addunyaa tokkoffaa qindeessuun dareetti gabaasaa.

Sadarkaa Idil-Addunyaatiin hanga ammaatti waraanoota gurguddoo lamatu gaggeeffaman. Isaaniis, waraana addunyaa tokkoffaa (1914-1918) fi waraana addunyaa lammaffaa (1939-1945) dha. Waraanonni gurguddoo lamaan kunniin sababa ka'umsaa, bu'aafi miidhaa siyaas-dinagdeefi hawaasummaa mataa isaanii qabu.

Haaluma kanaan waraannii addunyaa tokkoffaa sababaa mataa isaa danda'e qaba. Barreessitoonni seenaa sababoota waraana addunyaa tokkoffaa bakka lamatti qooduun xiinxalu. Isaanis, sababoota bu'uuraafi battalaati. Sababoota bu'uuraa keessaa isaan gurguddoo:

- Awurooppaa keessatti sabboonummaan dagaaguu, waldorgommii biyyoota koloniin qabachuuf taasifame, baamsi (garee) waraanaa

adda addaa ijaaramuufi waldorgommii siyaas-dinagdee fa'i. Kanarraa ka'uun, naannoo xumura jaarraa 19^{ffaa} fi jalqaba jaarraa 20^{ffaa} Awurooppaan bulchiinsa Empaayeroota mootummaa gonfoo jibbuun sochii sabboonummaafi biyya bilisa ta'e hunddeessuu eegalan. Sochii sabboonummaa dagaagsuun immoo fincillii akka finiinuuf gahee ol'aanaa gumaacheera.

- Akkasumas, biyyoonni Awurooppaa biyyoota addunyaa koloniin qabachuuf waldorgommii taasisaa turan. Suuta suutaan waldorgommiin biyyoota Awurooppaa gidduu ture daran ammaachaa deemuun gara humna waraanaa qopheeffachuufi garee adda addaa jalatti ijaaramuu jalqaban. Gama biraatiin qophiin waraanaaf taasisan kun humna waraanaa akka jabeeffataniif waan isaan kakaaseef garee waraanaa akka hundeessan dirqamaniiru. Itti aansuun biyyoonni miseensi garee ilaalchaafi kaayyoo walfakkaataa tokko jalatti hundeeffaman garee faallaa isaanii irratti waraana banuuf qophii taasisuun waraanatti seenan.

Haaluma kanaan, biyyi Jarman biyyoota akka Ostiroo-Hungaariifi Ottoomaan Turkii gurmeessuun garee giddugaleessaa (Central Bloc) ijaarte. Bifuma walfakkaatuun, Ingilizii biyyoota akka Faransaayii Raashiyaa walitti qindeessuun garee waliigaltee (Allied Bloc) biyyoota sadaniin hundeesite. Akka waliigalaatti qophiifi dorgommiin biyyoota Awurooppaa keessa ture daran dagaagee gara sababa battalaatti ol guddate.

Ajjeefamuu dhaalaa gonfoo mootummaa Ostiryaa, Firaansis Fardinaandiifi haadha warraa isaa sababa battalaa ta'eera. Sababa kanaan Ostiriyaan tarkaanfii biyyi Sarbiyaa fudhatte kana mormuun aggaammii Sarbiyaa irratti jalaqabde.



Fakkii 4.4.1(a) Firaansis Fardinaandiifi haadha Warraa isaa Soofiyaa

Aggaammii Ostiroo-Hungarii Sarbiyaa irratti jalqabde kana immoo Raashiyaan balaaleffachuun garee Sarbiyaa ta'u ishee beeksifte. Itti aansuun, Jarman garee Ostiriyaa ta'u ishee waan beekameef gareen biyyoota sadan waliigaltee uummattan waraanaaf qophaa'an. Waraanichis ji'a hagayyaa bara 1914 gaafa Jarmaan waraana labsite waraanni addunyaa Tokkoffaa eegalame.

Bara 1917, Amerikaan waraana addunyaa Tokkoffaatti erga dabalanteen booda madaalliin humna waraanaa gara biyyoota Ingilizii, Faransaayyiifi Raashiyaatti duufuu danda'eera. Adeemsa keessa, bara 1918 waraanni addunyaa Tokkoffaa mo'aannaa garee Ingiliziitiin xumuramuu danda'eera. Waraanni addunyaa tokkoffaan miidhaafi bu'aalee siyaas-dinageefi hawaasummaa hedduu fideera.

Miidhaawwan waraana addunyaa tokkoffaa keessaa isaan gurguddoon:

Ummata gara miliyoonni 10 ta'an du'aniiru, kan miliyoona 20 ol ta'an baqachuufi bakka jireenya isaanii irraa buqqa'aniiru. Jarman immoo adabbii cimaafi beenyaa maallaqa guddaa akka kafaltu waliigaltee Varsaayilas (Faransaay) bara 1919 irratti mallatta'eera.

Jijjiirama waraana addunyaa tokkoffaan booda dhufan

Biyyoonni akka Amerikaafi Raashiyaan ol'aantummaa siyaas-dinagdee akka argatan taasiseera. Empaayeroonniifi mootummoonni gonfoo durii akka Ottoomaan Turkii, Ostiriyaafi Jarman diigamuu danda'aniiru. Akkasumas, hundeeffamuun Liigii Mootummootaa addunyaa bu'aalee gurguddoo waraana addunyaa tokkoffaati.



Fakkii 4.4.1.(b) Miidhaa Waraana Addunyaa Tokkoffaa agarsiisu

4.4.2. Waraana Addunyaa Lammaffaa (1939-1945)

Gaaffilee shaakalaa

1. Sababoota ka'umsa waraana addunyaa tokkoffaa irraa waan hubatte kan waraana Addunyaa lammaffaa waliin walbira qabii xiinxali
2. Amerikan waraana Addunyaa lammaffaatti akkamiin hirmaachuu dandeesse? Hirmaachuu isheen jijjiirama dhufe ibsi
3. Itoophiyaan waraana addunyaa lammaffaa irratti hirmaachuufi hirmaachuu dhabuu irratti mari'adha
4. Bu'aa siyaas-dinagdeefi hawaasummaa waraana addunyaa lammaffaa irratti marii taasisuun calaqqee gabaabaa dareef dhiyeessaa.

Akkuma waraana addunyaa tokkooffaa waraanni addunyaa lammaffaa sababoota gurguddoo hedduu qaba. Isaan keessaa sababoonni bu'uuraa:

- Hundeeffamuufi daran cimaa dhufuu ilaalcha Faashistummaa (Fascist)fi Naazistummaa(Nazism)
- Humna dhabuufi laafina Liigii Mootummootaa(Weakness of League of Nations)fi milkaa'uu dhabuu imaammata sossoobannaa(Appeasement policy)

- **Miidhaa waraana addunyaa tokkoffaa:** Waraanni addunyaa tokkoffaan akkuma xumurameen biyyoonni akka Jarman beenyaa akka kafalaniifi sochiin siyaas- dinagdee isaanii akka hordoffamu murtaa'ee ture. Inni kun immoo Jarman haloo bahuuf akka qophooftu taasisee jira. Sababa waraana Addunyaa tokkoffaa dinagdeen addunyaa rakkoo keessa seenuun hojidhabdummaafi hiyyummaan dagaaguu isaa.
- Haaluma kanaan Beniitoo Musoolonii bara 1920^{ffaa} irraa kaasee biyya Xaaliyaaniitti aangoo kan qabatee Faashistummaa labseera. Bara 1930^{ffaa} tti immoo Adoolf Hitler ilaalcha Naazisimii qabatee gara aangootti dhufee jira. Akkasumas, Liigiin mootummootaa waraana Addunyaa Tokkoffaan booda hundeeffame sochiilee warra Awurooppaa biyyoota addunyaa kolonneeffachuuf fedhii qaban (Imperialist Group) dhaabsisuu waan hindandeenyeef tuffatameera. Kunis kufaatii imaammata sossoobannaa kan agarsiisuufi waraanni addunyaa lammaffaa akka jalqabuuf haala mijataa uumeera.



Fakkii 4.4.2. Bitaa gara mirgaatti, Beniitoo Musooloniifi AD. Hitler

Jalqaba irratti gareen Aksiis (Axis) jedhaman (Jarman, Xaaliyaaniifi Jaappaan) qophii waraanaa erga xumuranii booda, garee faallaa isaanii garee walta'iinsaa (Allied Power) irratti waraana banuu danda'aniiru. Jarman fulbaana 1 1939 Polaandiin humnaan qabatee jirti. Gareen walta'iinsaa (Allied Power) biyyoota akka Ingilizii, Faransaayii Raashiyaa immoo wareeramuu Polaand (Fulbaana 1, 1939) akka sababa battalaatti fudhatanii jiru. Haaluma kanaan gareen walta'iinsaa Jarmaniifi garee ishee irratti waraana labsan. Adeemsa kanaan waraanni adduunyaa lammaffaa jalqabamee dirree waraanaa gurguddoo hedduu irratti hanga bara 1941 tti ol'aantummaan garee Jarman jala ture.

Haata'u malee, Muddee bara 1941 Amerikaan erga waraana adduunyaa lammaffaatti dabalante booda, haalli waraanichaa jijjiirameera. Inni kunis Jaappaan wiirtuu ajajaa waraana Ameerikaa Piirl-Harbooritti argamu erga barbadeessitee booda Amerikaan humna haaraafi cimaa ta'en waraana addunyaa lammaffaatti dabalante.

Amerikaan waraanichatti hirmaachuun ishee waraanicha gara xumuraatti fideera. Haaluma kanaan, bara 1945, waraanni addunyaa lammaffaa injifannoo garee Walta'iinsaatiin (Allied Power) xumarama. Injifannoofi xumaramuu waraana kanaaf gahee guddaa kan taphate tarkaanfii mootummaan Amerikaa fudhattedha. Kunis bara 1945, tarkaanfii mootummaan Amerikaa fudhatte keessaa inni guddaan magaaloota Jaappaan lamaan Hirooshimaafi Nagasaakii rukkuttee barbadeessuu isheeti. Inni kunis injifannoo waraana addunyaa lammaffaatiif gahee ol'aanaa gumaacheera.

Xumuramuun waraana addunyaa lammaffaa bu'aafi miidhaa gurguddoo qaba. Bu'aaleen gurguddoo waraana kanaatis:

- Hundeeffamuu dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii, Diigamuu sirna koloneeffannaa, bilisummaa biyyoota hedduufi dagaagina warshaalee addaa addaa fa'i.

Gama biraatiin immoo miidhaa gama hawaasummaan qabu keessaa isaan gurguddoo:

- Kallattii adda addaan ummattoota addunyaa irra miidhaa dhaqqabsiisee jira. Fakkeenyaaf, lubbuun darbuu namoota gara miliyoon 50 olii, buqqa'iinsaafi namoonni hedduu naannoo duraan turan irraa dhabamuu,

diigamuu maatii, daa'imman heddu haadhaafi abbaa dhabuu yookiin achi buuteen isaanii dhabamuu.

- Dabalataanis, miidhaan cimaa magaalootaafi bu'uuraalee misoomaa irra ga'uufi babal'achuu hoji-dhabdummaafi hiyyummaan miidhaa gurguddoo waraanni addunyaa lammaffaa fidedha.

Gilgaala 4.4.

I. Gaaffilee armaan gaditti tarreeffamaniif deebii gabaabaa kenni

1. Sababoota bu'uuraa waraana addunyaa lammaffaa keessaa afur tarreessi
2. Sababa battalaa waraana Addunyaa Lammaffa ibsi
3. Amerikaan bara kam waraana addunyaa lammaffaa irratti hirmaatte
4. Miidhaa waraanni addunyaa tokkoffaafi lammaffaan gama hawaasummaan fidan ibsi
5. Dhiibbaa waraanni addunyaa tokkoffaafi lammaffaa siyaasa Itoophiyaa irraan gahee odeeffannoo adda addaa qaacceessuun gabaasa dhiyeessi
6. Bombiin Atoomikii Hirooshimaafi Nagasaakii irratti darbatame miidhaa dhaqqabsiise ragaa barbaaduun gabaasi

4.5. Waraana Ololaa

Gaaffilee shaakalaa

1. Waraana addunyaa lammaffa irraa maal akka hubattan tarreessaa?
2. Olola jechuun maal jechuu akka ta'e hiriyyoota dareetiif ibsi?
3. Sababoota waraana Ololaa maal maal fa'i? Adda baasuun irratti mari'adhaa.
4. Bu'aawwan waraana Ololaa tarreessuun marii bal'aa taasisaa

Waraana ololaa jechuun walitti bu'iinsa yaadaa yookiin ilaachaa jechuudha. Sababa waldhabdee siyaas-dinagdeen oduu ololaafi dhaadhessaa walirratti haasa'uu yookiin labsuun waraana adeemsifamedha. Akkuma waraanni addunyaa lammaffaan xumurameen biyyoonni bahaafi lixaa ilaalchaafi yaadaan bakka lamatti qoodaman. Sababoonni addunyaa bakka lamatti qoodan hedduu ta'anis dhimmoonni gurguddoo ilaalcha siyaas- dinagdee adda addaa hordofuufi walshakkuudha. Amerikaan Koministoota waan shakkiteef sirna kana addunyaa irraa dhabamsiisuu yookiin laaffisuu karoorfattee kaate. Akka waliigalaatti, garaagarummaa ilaachaa biyyoota bahaafi lixaa gidduutti babal'achuun sababa isa ijoodha.

Gama biraatiin bara 1945 booda, biyyoonni ilaalcha Koministii hordofan kan Raashiyaan hogganaman hundi Amerikaa waliin waldhabdee guddaa keessa seenuu danda'aniiru. Walumaagalatti waraanni ololaa biyyoota ilaalcha Kaappitaalistootaafi Koministoota hordofan gidduutti dorgommii siyaas-dinagdee taasifamaa turedha.

Waraanni ololaa waraana bifa ifaa ta'en dirree waraanaa irratti kan taasifamee miti. Kanaafuu, namoota tokko tokko biratti waraana qabbana'aa jedhamuun beekama. Waraanni ololaa kallattiin jalqabamuu isaa kanneen agarsiisan keessaa waraana Kooriyaa lamaanii (1953-54)fi waraana Veetinaam lamaan gidduutti (1956-1974) gaggeeffamanidha. Waraana gurguddoo biyyoota lamaan gidduutti gaggeeffaman keessatti Amerikaafi Raashiyaan al-kallattiin hirmaataniiru. Dabalataan, dhimmoota keessoo biyyoota hedduu keessa seenuun ilaalcha isaanii(Amerikaafi Raashiyaan) jalatti bulaa turanii jiru. Haala kanaan, harka keessa galfachuun haala siyaas-dinagdee biyyoota hedduu tasgabbii dhabuufi jeequmsa siyaasaa keessa akka seenan taasisaniiru.

Mootummaan Amerikaa bara 1945(yeroo waraanni ololaa jalqabe) irraa walitti fufiinsaan biyyoota sirna Koministii(Communism) hordofan hunda irratti mormitoota gurmeessuufi deggaruun isaanitti duulchisaa turtee jirti. Bifuma walfakkaatuun, Raashiyaanis biyyoota sirna Kaappitaalizimii (Capitalism) hordofan laaffisuuf dhimmoota keessoo biyyoota adda addaa keessa seenuun mormitootaafi fincilitoota deggaruun al-kallattiin dhiibbaa taasisaa turte. Akkasumas, dorgommiin meeshaa waraanaa oomishuu daran cimaa ture.

Kunis, garee lamaan gidduutti walmorkii cimaa taasiseera.

Bara 1990mootaa booda, xumuramuun waraana Ololaa miidhaafi bu'aalee gurguddoo fidee jira. Miidhaa gurguddoo keessaa muraasni:

- Dinagdeen biyyootaa adda addaa qancaree jira
- Biyyoonni akka Kooriyaa kaabaafi kibbaa bakka lamatti qoodamanii hafaniiru
- Meeshaaleen waraanaa gurguddoo summaawaa (Atomic bomb)fi nukilaaraa oomishamuun addunyaaf soda guddaa ta'aniiru

Gama bu'aaleetiin immoo guutummaan guutuutti bilisoomuu biyyoota Afrikaafi dagaaguu saayinsiifi teekinolojii fa'i.

Akka waliigalaatti waraanni ololaa sirna siyaas-dinagdee Raashiyaatiin kan ka'e biyyoonni garee Koministii hordofan dadhabuu danda'aniiru. Gama biraatiin immoo Amerikaan gargaarsa biyyoota adda addaaf diriirsuun dhiibbaa al kallattiin garee Koministootaa dadhabsiissun biyyoota hedduu gara ilaalcha mataa ishee, Kaappitaalizimiitti fiduu dandeesseetti. Walumaagalatti, dadhabuu Koministootaaafi imaammata siyaas dinagdee jijjiirrachuu Raashiyaa irraa kan ka'e waraanni ololaa bara 1990moota booda xumurameera.

Gilgaala 4.5

I. Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii kenni

1. Waraana ololaa biyyoonni adda-durummaan gaggeessaa turan lama barreessi
2. Miidhaa waraana Ololaa keessaa sadii tarreessi
3. Gareewwan (Kaampiiwwan) siyaasaa gurguddoo sababa waraana ololaan uumaman ibsi?
4. Sababa waraanni Ololaa waraana qabbana'aa jedhamuuf ibsi
5. Biyyoota waraanni Ololaa irra caalaan keessatti adeemsifamaa ture adda baasuun miidhaa inni dhaqqabsiise ibsi?

Cuunfaa Boqonnichaa

Bara jalqabbii yaadoonni haaraa maddan irraa jalqabee jijjiiramoonni gurguddoo addunyaa irratti mul’ataniiru. Jijjiiramni gurguddoon mul’atanis kan akka dagaagina abuurraa addunyaa, haaromsaafi sochii faallaa haaromsaa fa’i. Keessattuu jaarraa 16^{ffaa} irraa eegalee sochiilee haaromsaafi faallaa haaromsaa amantii waliin walqabatan mul’ataniiru. Gareen haaromsaafi jijjiirama barbaadan qajeeltoowwaniifi adeemsi amantii Kaatolikii akka fooyya’uuf dhiibbaa taasisaa turan. Haata’u malee, amantiin Kaatolikii adeemsaafi qajeeltoowwan isaa akka fooyya’u sababa fedhii dhabeef dameen amantii Kiristaanaa Pirotastaantii (Protestant Christian Religion) hundeeffamuu danda’eera.

Jalqaba jaarraa 18^{ffaa} irraa eegalee sababa warraaqsi Industirii babal’ateef addunyaan jijjiirama gurguddoo keessa seentee jirti. Haaluma kanaan, bara 1750mootaa keessa dagaaginni Industirii biyya Ingilizii gara ardiilee adda addaatti babal’ateera. Dagaaginni Warraaqsa Industirii kunis jiruufi jireenya dhala namaa jijjiireera. Haata’u malee, meeshaaleen waraanaa gurguddoon omishamuufi hundeeffamuun garee waraanaa adda addaa waraana addunyaa tokkoffaafi waraana addunyaa lammaffaa kaasuu danda’eera.

Walumaagalatti, madduu yaada haaraafi jijjiiramni gurguddoo addunyaa irratti mul’achaa dhufuun jalqabbii bara haaromsaatiif bu’uuradha. Gama biroon, warraaqsi Industirii jalqabbii waraana adduunyaa lammanniif bu’uura ta’e jira.

Gaaffilee Xumura Boqonnicha

I. Gaaffilee armaan gaditti dhiyaatan kanneen sirrii “Dhugaa”kan sirrii hin taane immoo “Soba” jechuun deebisi

1. Warraaqsi Industirii faayidaa malee miidhaa hin qabu.
2. Abuurraa jaarraa 15^{ffaa} fi 16^{ffaa} keessatti Porchugaal gahee ol’aanaa qabdi ture.
3. Sochiin madduu yaada haaraa sochii amantii Awurooppaa lixaa keessatti eegaledha.

4. Sochiin haaromsaa sochiii adeemsa faallaa kitaaba qulqulluu tarkaanfachiisan irratti xiyyeeffatee kan gaggeeffamedha.
5. Sababoota bu'uuraa ka'umsa waraana addunyaa tokkoffaa keessaa sobboonummaan isa tokkodha.

II. Gaaffilee armaan gaditti dhiyaataniif deebii sirrii filadhu

1. Lammiin Porchugaal jalqaba fiixee Afrikaa kibbaa gahee;
 - A. Vaaskoo Da Gaamaa
 - B. Baartalomeew Deeyiz
 - C. Kiristoofar Dagaamaa
 - D. F.Maajilaan
2. Sochii haaromsaa keessatti kamtu gahee ol'aanaa qaba?
 - A. Maartin Lutar
 - B. Maartin Lutar kiingi
 - C. Tomaas Muur
 - D. Nikolaas Kopperinkas
3. Mootota Itoophiyaa durii armaan gadii keessaa kan amantii Kaatolikii jalqaba fudhachuun akka amantii hawaasaa ta'uuf kan labse isa kam?
 - A. Faasiladaas
 - B. Susiiniyoos
 - C. Ezaanaa
 - D. Taasfa Iyyeesuus
4. Warraaqsi Industirii gulantaa hawaasaa inni uummee isa kami?
 - A. Dafqaan bulootaa
 - B. Qonnaan bulootaa
 - C. Abboottii warshaa
 - D. AfiC
5. Kamtu jalqabamuu waraana addunyaa tokkoffaatiif sababa battalaati?
 - A. Sobboonummaa
 - B. Loltummaa (Militarism)
 - C. Ajjeefamuu Firaansis Fardinaandi
 - D. Ajjeefamuu Abrahaam Linkan

6. Waliigalteen guddaan xumuramuu waraana addunyaa tokkoffaa irratti godhame isa kami?
- A. Varsaayilas
 - B. Mooskoo
 - C. Barliin
 - D. Waarsoo

III. Taateewwan seenaa armaan gadii bara dhihoo gara fagoo tarreessuun barreessi

- Hundeeffama Liigii Mootummotaa Addunyaa, Rukkutamuu Hirooshimaafi Nagasaakii, Waliigaltee Varsaayilas, Aangoo qabachuu Naazii (Nazism), aagoo qabachuu Faashistii (Fascism)

IV. Gaaffilee armaan gaditti dhiyaataniif deebii gabaabaa kenni

1. Magaalota Jaappaan lama bara xumuramuu waraana Addunyaa Lammaffaa Bombii Atomikiitiin rukkutaman maqaa barreessi?
2. Waraanni ololaa biyyoota addunyaa kaampii(garee) meeqatti qoode ?
3. Sochiin qarooma Giriiko-Roomaa irratti xiyyeeffatee qorannoofi xiinxala gaggeesse maal jedhama?

BOQONNAA 5

SEENAA AFRIKAA BARA 1500MOOTAA EEGALEE JIRU

Bu'aawwan barachuu boqonnichaa:

- Sirna daldala garbaa Afrikaa ni ibsita
- Miidhaa sirni kolonii Afrikaa irraan gahe ni tarreessita
- Qabsoo biyyoonni Afrikaa bilisummaa isaaniif godhan ni xiinxalta
- Walitti dhufeenya siyaas-dinagdee bara sirna kolonii ture ni addeessita.

Seensa

Ardiin Afrikaa bara 1500mootaa irraa jalqabdee seenaa bu'aa-bahii hawaas-dinagdeefi siyaasaa turan ardichaa dhiibbaa adda addaa keessa akka darbitu taasiseera. Haaluma kanaan, sirnoonni daldala garbaafi koloniin Awurooppaa seenaa bu'aa-bahii gurguddoo ardii Afrikaa mudatanidha.

Sirnoonni kunniin jaarraa 16^{ffaa} hanga dhuma jaarraa 20^{ffaa} tti mirga walqixummaafi namoomaa ummata Afrikaa sarbuun darara guddaa irraan gahee jira. Warrii Awurooppaa, humna omishittummaa Afrikaa keessaafi alatti dirqisiisuun humna isaanii fayyadamuu danda'aniiru. Walumaagalatti, sirna daldala garbaa, sirna koloneeffannaafi haala siyaas-dinagdee Afrikaa bilisummaan boodaa boqonnaa kana keessatti haalaan ibsamaniiru.

Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- Miidhaa sirni daldala garbaa hawaasa Afrikaa irraan gahe ni addeessita;
- Mormii Afrikaanotaa bara 1500 kaasee daldala garbaa dhaabsisuuf taasifame ni ibsita;
- Ilaalcha farra kolonneeffannaa cimaa gabbiffatta
- Biyyoota Awuroppaa Afrikaafi ardiilee biroo kolonneeffataa turan ni tarreessita
- Bilisummaa argachuuf wareegama biyyoonni Afrikaa taasisaniif gatii kennitaaf
- Biyyoonni Afrikaa bilisummaan booda sochii siyaas-dinagdeefi walitti dhufeenya cimsuuf taasisaniif kabajjaa kennita.

5.1. Sirna Daldala Garbaa

Gaaffilee Shaakalaa

1. Daldala garbaa jechuun maal jechuudha?
2. Garbummaan akkamitti eegale jettee yaadda?
3. Miidhaa sirni daldala garbaa qabu tarreessi?

Garbummaan gocha(adeemsa) dhala namaa humnaan tajaajila adda addaa akka kennuu itti dirqamsiifamudha. Seenaa dhala namaa keessatti garbummaan bara kamiifi eessatti akka jalqabame sirriitti hin beekamu. Akka seenaan guddinaafi jijjiirama hawaasaa ibsutti garbummaan uumamuu garaagarummaa qabeenya dhuunfaa waliin walqabata. Sirni daldala garbaa sirna namni humna qabu kan humna hinqabne faayidaa barbaadeef dhimma itti bahudha. Sirna gareen humna cimaa qabu garee (hawaasa) miseensota muraasaafi humna hinqabne akka meeshaatti itti fayyadamudha.

Sirna daldala garbaafi garbummaa keessatti dhalli namaa gadadoofi darara hedduu keessa darbee jira. Namoonni garboffataman tajaajila barbaadamu

hunda gaaffii tokko malee raawwachuuf dirqamu. Gareen garbooffataan garba harkaa qabu akka meeshaatti itti fayyadama, yoo barbaade immoo ni gurgura.

Sirna daldala garbaa keessatti bu'uurri dinagdee humna garbootaati. Qaroomman bara durii keessatti hojiileen hedduu humna garbootaatiin hojjetamaa turaniiru. Haaluma kanaan, mootummoota akka Giriik, Roomaa, Misir, Mero'eefi Aksum durii humna garbootaatti fayyadamaa turaniiru.

Bara durii gulantaa hawaasaa keessaa hoggantoonni, mootonni, abbootiin lafaafi hoggantoonni amantii humna garbootaa fayyadamaa turan. Yeroo sanatti namoonni akka garbaatti fudhatamaa turan namoota lola yookiin walitti bu'iinsa adda addaatiin dirree waraanaa irratti booji'aman fa'i.



Fakkii 5. 1(a). Haala Daldalli Garbootaa itti Gaggeeffamaa ture kan agarsiisu

Gaaffilee shaakalaa


1. Fakkii armaan olitti jiru sirriitti ilaaluun waan sitti dhaga'ame dareef ibsi.
2. Garboonni maaliif haala fakkii kana irratti mul'atuun walitti akka hidhaman irratti mari'adhaa dareef gabaasaa.

Daldalli garbaa Afrikaa keessa bara abuurraan dura tureera. Bara abuurraan dura garboonni qarqara Afrikaa bahaafi sulula Naayil keessatti adeemsiffamaa ture. Haaluma kanaan, garboonni gara naannoo Baha-giddu galeessaa, Hindiifi Awurooppaatti gurguramaa turan. Kallattiin daandii daldalichaas, Galaana Diimaa, Meditraaniyaafi Garbaa Hindii ture. Garboota gara naannoo Baha-giddugaleessaatti gurguraamaa turan irra caalaan isaanii dubartoota. Sababni isaas, dubartoonni hojii mana keessaafi tajaajila adda addaaf barbaadamu ture.

Warrii Awurooppaa bara abuurraan booda, wiirtuuwwan daldala garbaa hedduu qarqara Afrikaa Lixaatti hundeessuun ifaan ifatti daldala garbaa eegalan. Haala kanaan, biyyi Pochugaal garboota gara oddola akka Saahoo-Toomeefi Piriinsippeetti geessuun hojii qonnaa hojjechiisaa turte. Akkasumas, gara Awurooppaatti bal'inaan daldaluu eegalte.

Jaarraa 15^{ffaa} keessa abuurramuun ardii Amerikaa daldala garbaa saffisisuu danda'eera. Sababni isaas, Pochugaaliifi Ispeen qonna babal'aa jirbii, shonkooraafi baala Tamboo waan jalqabaniifidha. Hojiin qonnaa daran yeroo babal'ataa ture kana humna namaa hedduu barbaadu guuttachuuf daldala garbaa ol guddisuu danda'eera. Fedhii kana guuttachuuf garboota qarqara Afrikaa lixaa irraa walitti qabuun gara Amerikaa geessuun daldaluu eegalan. Adeemsi kun daandii daldala garba Atilaantikii qaxxaamuru uumee jira.

Daandiin daldala garbaa Atilaantikii qaxxaamuru kun daandii daldala garbaa Rog- sadee jedhamuun waamama. Sababni isaas, ardiilee Afrikaa, Amerikaafi Awurooppaa waan walqunnamsiisuufidha. Daandiin daldala garbaa Rog- sadee kun Afrikaa irraa garboota gara ardii Amerikaafi naannawa isheetti geejjibsiisa. Marsaa lammataatti immoo Amerikaa irraa meeshaalee bu'aa qonnaa ta'an gara Awurooppaatti sirna ittiin ergamudha. Dhumarratti, Awurooppaa irraa immoo meeshaalee dhumataa bu'aa warshaalee ta'an gara gabaa Afrikaatti ittiin geeffamudha. Haala kanaan adeemsi daldala garbaa marsaa sadii qabu kun Afrikaatti eegalee Afrikaatti xumurama.



Fakkii 5. 1(b) Daandii Daldala Garbaa Atilaantikii Qaxxaamuru

Jaarraa 15^{ffaa} hanga 16^{ffaa} keessa Porchugaaliifi Ispeen sadarkaa ol'aanaatiin garboota daldalaa turaniiru. Haata'u malee, xumura jaarraa 17^{ffaa} irraa eegalee ol'aantummaan addunyaa garee Porchugaaliifi Ispeen, biyyoota Ingiliziifi Faransaayiin fudhatamee jira. Haaluma kanan, jaarraa 18^{ffaa} keessa Ingilizii ol'aantummaan daldala garbaa dhuunfachuun bal'inaan adeemsiisaa turtee jirti. Bara kana keessa ummanni Afrikaa garbummaan gurguramaa turan rakkoolee gurguddoo keessa darbaniiru. Warri Awurooppa meeshaalee waraanaa ummata Afrikaa hidhachiisuufi gargar qoqqooduun akka wal adaamsaanii garbummaatti wal gurguran dhiibbaa taasisaa turaniiru.

Ummanni Afrikaa daldala garbaatiif bakka qabamanii irraa kaasee hanga Amerikaa gahanitti haala sukkaneessaafi dhiphina qabu keessa darbaa turan. Cancallii harkaafi luka isaanii madeessuu, dhibee daddarboon du'uu, bishaanitti ofgatuufi nyaata lagachuun lubbuun isaanii darbaa turee jira. Iddoo hojjiittis dararamaafi miidhaa guddaatu isaan mudataa turee jira. Fakkeenyaaf, sibiilaan walitti hidhuufi qaama isaanii irratti sibiila oo'aan gubuun

mallattoo addaa qaama isaanii irratti bocuun kan baratamedha. Akkasumas, kanneen yaalii mormii agarsiisan irratti tarkaanfii sukkanneessaafi adabbii cimaa fudhachuun kanneen biroo ittiin sodaachisu ture.



Fakkii 5. 1(c) Adabbii Garboota Irratti Fudhatamaa Turan

Biyyoonni Awurooppaa daldala garbaa naannoo waggoota dhibba sadiif adeemsisuun bu'aa ol'aanaa irraa argataniiru. Qabeenya guddaa kuufachuun gara sirna Kaapitalizimiifi warraaqsa Industiriitti ce'uu danda'aniiru. Afrikaatti garuu humna oomishaa dhabamsiisuun miidhaa dinagdee, tasgabbii dhabuu siyaasaafi hawaasummaa guddaa fidee jira. Suuta suutaan, warri Awurooppaa tooftaa saamicha qabeenya Afrikaa bifa haaraan sochii faallaa daldala garbaa xumura jaarraa 19^{ffaa} keessa haala hirmaachisaan eegalaniiru.

Bu'uurri sochii faallaa daldala garbaa inni ijoon jijjiirama fedhii dinagdee waliin kan walqabatudha. Warraaqsa Industirii waliin walqabatee jijjiirama dhufee keessaa hojiiwwan humna namaatiin hojjetaman maashinoota adda addaa fayyadamuun bara itti jalqabamedha.

Gama biroon, mormiifi fincilli diddaa daldala garbaa akka sirni daldala garbaa dhaabbatu taasisee jira. Warri Awurooppaa, ardii Afrikaa maddaa daldala garbaa turte madda albuudaafi meeshaalee dheedhii akka taatuuf fedhii ol'aanaa horatan. Akkasumas, Ardiin Afrikaa wiirtuu gabaa meeshaalee warshaa Awurooppaa akka taatu waan barbaadameef sochiin faallaa daldala garbaa

dagaaguu danda'e.

Biyyi Ingilizii yaada-rimee daldala garbaa, daldala Seera Qabeessa ta'een bakka buusuu jedhu qabatee mormii daldala garbaa jalqabsiiste. Haata'u malee, tooftaa ummataafi qabeenya Afrikaa, Afrikaa keessatti (Exploitation of Africa on the spot) koloneeffachuun bu'aa barbaadamu argachuu akka danda'amu kan karoorfatedha. Daldalli garbaa miidhaa ummata Afrikaa irraan gahee keessaa isaan gurguddoo kanneen armaan gaditti tarreefamanidha.

- Baay'inni ummata Afrikaa gar-malee akka xiqqaatu godheera,
- Ummata Afrikaa gulantaa umrii omishittummaa irratti argaman garbummaatti gurguruun hiyyuummaan akka dagaagu taasiseera
- Daa'immaniifi manguddoonni gargaarsa malee akka hafan godheera
- Jeequmsaafi waraanni walii waliinii babal'ateera
- Loogummaafi waljibbiinsi babal'achuun eenyummaa sanyiin walqabatu dagaaguun rakkoolee daldala garbaa irra maddanidha.

Akka waliigalaatti, daldallii garbaa ummata Afrikaa irra gama siyaas-dinagdee, hawaasummaafi xiin-sammuun miidhaa cimaa irraan gaheera. Rakkoolee hiyyummaafi waldhabdee ummanni Afrikaa har'a keessummeessaa jiru bu'uurri isaa daldala garbaati. Akkasumas, eenyummaafi ofitti amanamummaa ummata Afirkaa sadarkaa ol'aanaan hir'iseera. Ummata Afrikaa hiyyummaafi boodatti hafummaaf saaxileera. Hariiroo ummattoota Afrikaa gidduu ture booreessuun waljibbiinsi akka dagaagu taasiseera. Sababa kana irraa kan ka'e ardiin Afrikaa ardii jeequmsaafi waraana walii waliiniin mirga dhala namaa hanga har'attii sarbaa jirti.

Gilgaala 5.1

I. Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii ta'e kenni

1. Biyyoota Awurooppaa keessaa kan daldala garbaa jalqabe eenyu?
2. Biyyi Ingilizii sochii faallaa daldala garbaa maaliif deggarte?
3. Daldala garbaa Rog-sadeen ummata Afrikaa naannawa kamii irra miidhaa caalmaa dhaqqabsiise?
4. Tarkaanfii sukkanneessaafi miidhaa garboota irra gahaa ture keessa sadii barreessi.

5. Akka waliigalaatti miidhaa daldallii garbaa ummata Afrikaa irraan gahee tarreessi?

Hojii Garee

Garee miseensota shan qabuu hundeessun gaaffilee armaan gadii hojjedhaa dareef dhiyeessaa

1. Kaartaa ardii Afrikaa kaasuun daandii daldala garbaa jaarraa 16ffaa hanga 19ffaa ture haalluu adda addaa dibuun agarsiisaa.
2. Amantii ati hordoftuu keessatti dhala namaa garboofachuun akkamitti akka ilaalamu hiriyyoota keetiif ibsi?
3. Aadaa Oromoo keessatti sababoota nama garboofachuun hin eeyyamamneef manguddoota gaaffachuun dareef ibsi?

5.2. Sirna Bittaa Kolonii Afrikaa Keessatti**Gaaffilee shaakalaa**

1. Koloneeffannaan maal akka ta'e marii gabaabaa taasisaa?
2. Sababoota bu'uura koloneeffannaa jajjabeessan tarreessuun marii gaggeessaa.
3. Adeemsa bittaa kolonii Afrikaa keessatti ittiin eegale hubannoo qabdan irraa ka'un gabaasa dareef dhiyeessaa.
4. Garee miseensa afur afur qabu hundeessuun amaloota bittaa kolonii Afrikaa irratti marii gadifageenyaan adeemsisuun dareef gabaasaa

Yaadni kolonii jedhu bal'aadha. Haata'u malee, hayyoonni hedduu koloneeffannaan sirna yookiin adeemsa ol'aantummaa siyaas-dinagdee biyyi tokko biyya biraa irratti qabaachuu yaada jedhu irratti waliigalu. Dabalataanis, biyyi tokko lafa biyya biroo qabachuun qabeenya saamuun sirna ofii irratti fe'uu jechuudha. Kanaaf, biyyi tokko ol'aantummaa siyaasaa biyya biraa irratti yoo qabaatte, sirna ishee diriirsuufi qabeenya to'achuu jalqabdi. Faallaa kanaa, biyya to'atamee immoo mirga dimookiraasii gonkumaa hinqabdu. Walumaagalatti sirni koloneeffannaa bifa armaan oliitiin ibsamuu danda'a.

Sababoota ka'umsa koloneeffannaa


Sababoonni bu'uuraa jalqabbii sirna koloneeffannaa ta'an hedduutu jiru. Isaan keessaa gurguddoon:

- Sababa Warraaqsi Industiriin Awurooppaatti warshaaleen adda addaa babal'atan meeshaalee dheedhiifi qabeenya uumamaa Afrikaa keessaa argachuuf karoorfamee waan jiruuf,
- Awurooppaanonni Afrikaa koloneeffachuun babal'ifannaa lafaa dursanii karoorfatanii waan jiraniifidha.

Babal'inni warshaalee fedhii albuuda dheedhii argachuu kakaasuu danda'eera. Kanaaf, warri Awurooppaa fedhii kana guuttachuudhaaf abuurraa bakka argama albuudaa daran adeemsiisaa turan. Abuurraafi gareen amantii da'oo godhachuun Afrikaa keessa bakka adda addaa turan albuudni hedduun ardii Afrikaa jiraachuu mirkaneeffataniiru. Haala kanaan sababoonni siyaas-dinagdeefi hawaasummaa sirni koloneeffannaa akka eegalu taasisaniiru. Sababoonni bu'uuraa armaan olitti ibsaman hundi adeemsa bittaa kolonii Afrikaa keessatti saffisiisuun akka dhugoomu taasiseera.

Adeemsa warri Awurooppaa Afrikaa ittiin koloneeffatan

Dhuma jaarraa 19^{ffaa} keessa warri Awurooppaa haala mijataa fayyadamuun ardii Afrikaa sirna koloniin qabachuu danda'aniiru. Warri Awurooppaa Afrikaa qubachuu kan eegalan bara jalqabbii daldala garbaa ta'us, dhuma jaarraa 19^{ffaa} keessa garuu kallattiidhaan qarqara ardii Afrikaa qubataniiru. Qubannaan kun jalqaba sababa qonna babal'aafi humna garbaa fayyadamuun kan eegaledha. Adeemsaan garuu lafa dhuunfachuun sirna daldala garbaa dagaagsuu jalqaban. Fakkeenyaaf, qarqara biyya Seraaliyoonii, Gaambiyaa, Sa'aatomee, Gaanaa, Koti Divooriifi fiixee Afrikaa kibbaa keessatti fa'i. Akkasumas, qarqarri Afrikaa kaabaa, Aljeeriyaa, Tuniiiziyaa, Morookoofi Misir dursa to'atamanii jiru. Wiirtulee eeraman kanniin akka ka'umsaatti fayyadamuun kallattii lixaa, kibbaafi kaabaan gara walakkaa Afrikaatti saffisaan babal'achuu danda'anii jiru. Haala kanaan iddoowwan barbaachisaa ta'etti meeshaa waraanaa fayyadamuun bara 1914 keessa lafa Afrikaa harka caalu to'ataniiru.



Maappii 5. 2 (a) Adeemsa Koloneeffattoonni Awurooppaa Ittiin Afrikaa qabatan

Adeemsa faccee Afrikaanotaa

Gama biraan immoo sirna bittaa kolonii warra Awurooppaa, ummanni Afrikaa mormuun qabsoo gurguddoo taasisee jira. Qabsoowwan beekamoo bara jalaqabbii koloneeffannaa adeemsifaman keessaa muraasni:

- Qabsoo ummata Maalii(Maandinkaa), Gaanaa(Ashaantee), Iboo Ibiiboo(Naayijeeriyaa) fi qabsoo ummata Zuuluuti.
- Dabalataan, qabsoo ummata Zaanzihaar, Taangaanikaafi Misir mormii cimaa gaggeessaniiru.
- Ummattoonni Sudaaniifi Itoophiyaa faccee gurguddoo taasisaniiru.

Faccee ummattoota Afrikaan taasifamaa ture keessaa qabsoon milkaa'e kan ummattoota Itoophiyaa qofadha. Ummattoonni Itoophiyaa bara 1896 dirree waraanaa Adowaa irratti waraana taasisaniin Xaaliyaanii irratti injifannoo

galmeessuu danda’aniiru. Injifannoo Itoophiyaan argatte kunis, ummattoota Afrikaa hundaaf fakkeenya gaarii qabsoo bilisummaa ta’e jira.

Biyya koloneeffatte		Faccee Ummata Afrikaanotaa	Biyya
1	Faransaay	Ummata Woloof	Seneegaaliifi Gaambiyaa
2	Faransaay	Ummata Maandiinkaa	Maalii
3	Ingilizii	Ummata Ashantee	Gaanaa
4	Xaaliyaanii	Ummata Itoophiyaa	Itoophiyaa
5	Xaaliyaanii	Fincila Saanuusiyyaa	Libiyaa
6	Holaandi	Ummata Baasutuufi Zuuluu	Afrikaa Kibbaa
7	Ingilizii	Uraabii Paashaa	Misir/Ijpti/
8	Ingilizii	Mormii Mahaadistootaa	Sudaan
9	Jarman	Fincila Majii Maajiifi Siwaahilii	Taangaanikaa
10	Jarman	Fincila ummataa Naamaafi Hereeroo	Naambiyaa
11	Beelgiyeem	Ummata Siwaahilii	Kongoo
12	Portugaal	Baakoongoo,Mibundu,Ovaambo	Angoolaa
13	Ingilizii	Bugaandaa /Bonyoroo/	Ugaanda Har’aa
14	Ingilizii	Mizru’ii	Keeniyaa

Hojii piroojektii

Garee miseensa afur afur qabu hundeessuun gaaffilee armaan gadii erga sirriitti dubbistaniin booda walfalmii gabaabaa taasisaa

- Qabsoo ummattoonni Itoophiyaafi ummattoota Maadinkaa (Maalii) taasisan irratti walfalmii taasisaa

Ummattoonni Afarikaa faccee yeroo dheeraaf taasisaan keessatti xumura irratti sababoota adda addaan kan ka’e mo’aatamuu danda’aniiru. Sababoota kanniin

keessaa inni guddaan ol'aantummaafi qindoomina humna waraanaa warrii Awurooppaa qabanidha. Dabalataanis, tokkummaa dhabuu ummattoota Afrikaa, muuxannoo waraanaa dhabuufi hanqina leecalloo waraanaaf barbaachisan dhabuudha. Ol'aantummaa humna waraanaa jechuun leenjii yookiin ga'umsa loltummaafi meeshaa waraanaa gahaafi leecalloo waraanaaf barbaachisan hunda qabaachuu (Military Superiority) jechuudha.

Warri Awurooppaa Afrikaa erga koloniin qabatanii booda sirna bulchiinsa adda addaa diriirsuun bulchaa turan. Fakkeenyaaf, Ingiliziin sirna bulchiinsa, al- Kallattii (Indirect Rule) jedhu yoo diriirsitu, Faransaay immoo sirna bulchiinsa Kallattii (Direct Rule) jedhu diriirsuun bulchaa turte. Sirna bulchiinsa al- Kallattii qopheessee kan hojiitti hiike lammii biyya Ingilizii nama Freedirik Lugaardi jedhamudha. Tooftaan sirna bulchiinsa al-Kallattii aangoo ol'aanoo harka keessa galfachuun caasaa bulchiinsaa aantummaa ummata Afrikaa hinqabne keessa gaggeessittoota Afrikaa hirmaachisuun looggummaafi dhiibbaa mirga dhala namaa kan raawwatudha. Sirna bulchiinsa al-Kallattii Ingiliziifi biyyoonni biroo muraasni itti fayyadamaa turaniiru.


Gama biraatiin, sirna bulchiinsa Kallattii kopheessee hojii irra kan oolche lammii biyya Faransaay Albarti Saraawut nama jedhamudha. Sirna bulchiinsa Kallattii keessatti Faransaay aangoo hunda dhuunfachuun beekamti. Haaluma kanaan, Faransaay biyyoota Afrikaa koloniin qabatte hunda isaanii lammummaa Faransaay akka fudhatanii (Assimilation)fi seera tokkon akka bulan dhiibbaa taasisaa turte. Biyyoonni Afrikaa Faransaay jala turanis suuta suutaan lammummaa, aadaafi afaan isaanii akka dagatan taasifamaniiru. Akka waliigalaatti, baroota sirna bulchiinsa Kallattiifi al- Kallattiin, warrii Awurooppaa biyyoota Afrikaa bulchaa turan keessa seerri haaraa qophaa'ee kan mirkanaa'u paarlaamaa biyyoota Awurooppaan ture.

Baroota sirna koloneeffannaa miidhaan hedduu ummata Afrikaa irra gaheera. Isaan keessaa muraasni:

- Sarbamu mirga dimookiraasii, aadaafi eenyummaa isaanii akka dagataniif dhiibbaa irraan ga'u, Sababa sarbamu mirga dimookiraasiin, ummattoonni Afrikaa mirga siyaasaafi namummaa akka dhaban

taasisaera. Akkasumas, mirga filuufi filatamuu, bakkaa bakkatti socho'uu, gurmaa'uufi qabeenya horachuu dhorkamaniiru

- Saamicha qabeenyaa uumamaa. Fakkeenyaaf, Albuudoota adda addaa.
- Afrikaan jeequmsa siyaasaa guddaa keessa seentee jirti
- Rakkoo daangaa biyyootaafi waraana waliinii dagaaguu fa'i.



Maappii ,5. 2(b) Biyyoota Afrikaa Awurooppaan Koloneeffataman Agarsiisu

Gilgaala 5.2

Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaabaa kenni

1. Adeemsa warri Awurooppaa keessa darbanii biyyoota Afrikaa hedduu koloneeffatan duraa duubaan tarreessi
2. Kaartaa Afrikaa qopheessuun biyyoota Afrikaa kanneen Awurooppaan koloneeffataman halluu adda addaa dibuun agarsiisi.
3. Miidhaa sirni bittaa kolonii warri Awurooppaa ummata Afrikaa irraan gahan ibsi
4. Rakkoolee yeroo amma Afrikaan keessa jirtu keessaa kanneen sirna bittaa koloniin walqabatan bifa gabaasaan ibsi.

5.3. Walitti Dhufeenya Siyaas- Dinagdee Biyyoota Afrikaa bara Bilisummaan Boodaa

5.3.1. Bilisummaa Biyyoota Afrikaa



5.3 Bara bilisummaa biyyoota Afrikaa

Gaaffilee shaakalaa

1. Kaarataa Afrikaa Fakkii 5. 3 armaan olitti jiru fayyadamuun biyyoota Afrikaa sirna kolonii jala turanii bilisummaa isaanii argatan adda baasi
2. Sababoota ijoo bilisummaa biyyoota Afrikaa irratti marii bal'aa taasisuun booda dareef dhiyeessaa.
3. Haala bilisummaa biyyoota Afrikaa irratti gabaasa gabaabaa qopheessuun dareef dhiyeessaa.

Bara 1950^{ffaa} keessa biyyoonni Afrikaa hedduu sirna kolonii Awurooppaa jalaa bilisa bahuu eegalan. Sababoonni gurguddoo bilisummaa biyyoota Afrikaaf gahee ol'aanaa tapahatanis:

- Waraana Addunyaa Lammaffaa, sochii paan-Afrikaanizimiifi hundaa'uu dhaabbilee siyaasaafi jijjiiramuu madaala humna siyaasaafi dinagdee addunyaati. Isaan kunniinis bifa ifa ta'een akka armaan gaditti bal'inaan ibsamaniiru.

Waraana Addunyaa Lammaffaa

Waraanni addunyaa lammaffaa biyyoonni Afrikaa hubannoo siyaas-dinagdee akka argatan taasiseera. Biyyoonni akka Gaanaa, Seneegaal, Afrikaa kibbaa, Angoolaafi Aljeeriyaan waraana addunyaa lammaffaa keessatti hirmaataniiru. Biyyoonni Afrikaa waraana addunyaa keessatti hirmaatan hubannoo siyaasaa, hawaasummaafi gahumsa loltummaa akka argatan taasiseera.

Sababa waraana addunyaa lammaffaan haalli siyaas-dinagdeefi ga'umsi humna waraanaa warra Awurooppaa laafaa deemuun biyyoota Afrikaa bulchuu hindandeenye. Gama biraatiin immoo biyyoonni akka Amerikaafi Raashiyaan sirna koloneeffannaa mormuun biyyoota sirna koloneeffannaa jala jiran deggarun biyyoota Afrikaa hedduuf humna guddaa uumaniiru. Kanaaf waraanni addunyaa lammaffaan bilisummaa biyyoota Afrikaatiif gahee guddaa qaba.

Sochii Paan-Afrikaanizimiifi hundaa'uu dhaabbilee siyaasaa

Bara 1920^{ffaa} keessa sochiin Paan-Afrikaanizimii namoota Afrikaa lammii Amerikaa kanneen bara daldala garbaan ardii Afrikaa irraa gurguramanii deemaniin kan jalqabedha. Innis kan jalqabe Amerikaa kaabaatti. Dhaabbanni kun dhaabbata namoota dhalataa Afrikaa lammummaa Amerikaa qabaaniifi garbummaa jalaa erga bilisa ba'an booda mirga ummata gurraachaa kabachiisuuf kan hundeeffamedha. Paan-Afrikaanizimiin bara 1945 booda, gara Afrikaa seenuun biyyoonni Afrikaa paartilee siyaasaa akka hundeessan hubannoo uumeera.

Biyyoonni Afrikaa dhaabbilee siyaasaa mataa isaanii hundeessanis qabsoo bilisummaa akka hogganaan taasifameera. Haaluma kanaan, dhaabbileen akka

Dh.T.A(Dhaabbata Tokkummaa Afrikaa)fi dhaabbilee siyaas-dinagdee kaabaa, lixaafi kibba Afrikaa hunda'aaniiru. Dhaabbileen siyaas-dinagdee hundinuu qabsoo bilisummaa hogganuun bilisummaa Afrikaadhaaf gahee guddaa taphataniiru.

Jijjiiramu madaala humna Siyaasa addunyaa

Walakkeessa jaarraa 20^{ffaa} keessa madaalliin siyaasa addunyaa warra Awurooppaa irraa gara Amerikaafi Raashiyaatti jijjiirameera. Inni kunis bara 1950mootaan booda koloneeffannaan sirna tuffatamaafi jibbamaa akka ta'u taasisa.

5.3.2. Haala siyaas-dinagdee Afrikaa sirna koloniin boodaa

Gaaffilee shaakalaa

1. Godaannisa sirni koloneeffannaa Afrikaa irraan ga'e maal fa'i? Gareen irratti mari'adha.
2. Qindoomuu dhabuufi gareen walqooduun ummattoota Afrikaa bu'aafi miidhaa sirna kolonii irratti qabu ilaalchisee walfalmii taasisaa.
3. Bilisummaan booda haalli siyaas-dinagdee biyyoota Afrikaa maal akka fakkaatu gabaasa qopheessuun dareef dhiyeessaa.

Bara 1960 booda, haalli siyaas-dinagdee biyyoota hedduu sirna bittaa kolonii Afrikaa keessa ture jijjiireera. Haata'u malee, rakkooleen akka irkattummaa dinagdee, rakkoo hawaasummaa, fonqolcha mootummaafi waraana walii waliinii rakkoolee gurguddoo bilisummaan boodaati. Gama biraatiin garuu, haalli siyaasaa guutummaan guutuutti warra Awurooppaa irraa bilisa jedhamuu baatus dhaabbileen Afrikaa hedduun hundaa'anii jiru. Kanniin keessaa tokko Dh.T.A yoo ta'u isaan biroo immoo dhaabbilee naanooleeti. Isaan kunniin tokko tokkon armaan gaditti ibsamaniiru.

Dhaabbata Tokkummaa Afrikaa

Dhaabbanni Tokkummaa Afrikaa adeemsa hedduu keessa dabree bara 1963 hundeeffame. Biyyoonni Afrikaa sirna bittaa kolonii Awurooppaa jalaa bilisooman hedduun isaanii miseensa gareewwan ilaalcha adda addaa tarkaanfachiisan ta'u danda'aniiiru. Sababa kanaan gareewwaan gurguddoo

sadii adeemsa hundeeffama Dhaabbata Tokkummaa Afrikaa irratti yaadota adda addaa tarkaanfachiisaa turan akka itti aanutti dhiyaataniiru. Isaaniis,

- Garee Kaasaabilaankaa(Gaanaa, Giinii, Aljeeriyaa, Misir, Morookkoofi Maaliidha)
- Garee Biraazaaviilii(Senegaal,Moritaaniyaa, Ivoorii Koostii,Koongoo, Gaaboon, Nijeer, Voltaa, Daahomee,Chaad, Kaameruun,Niijer, Gaabooniifi Ripaapilika Gidduugala Afrikaa)
- Garee Monoroviyaati(Itoophiyaa, Laayibeeriyaa, Liibiyaafi Naayijeeriyaa) fa'i

Gareen Kaasaabilaankaa ejjennoo biyyoonni Afrikaan dirqama aadaa Afrikaa ganamaa deebisuufi siyaas-dinagdeen gamtoomuu qabu jedhu irratti xiyyeeffata. Akkasumas, humna waraanaa biyyoota Afrikaa bakka bu'uufi dhaabbata Tokkummaa Afrikaa hundeesuu irratti kan xiyyeeffatudha.

Bara 1960,gareen Biraazaaviilii miseensa biyyoota Afrikaa kudha lama keessaa kudha tokko bittaa kolonii Faransaay jalaa bilisoomaniin kan hundeeffamedha. Gareen kun babal'achuu ilaalcha Koministootaa kan balaaleffatudha.Haaluma kanaan walitti dhufeenya siyaas-dinagdeefi gargaarsaan biyyoota Awurooppaa waliin garee cimsachuu barbaadudha.

Gareen Monoroviya, inni sadaffaa, yaada araaraa kan qabudha. Akkasumas, sababa fedhii biyyoota Afrikaa hedduu waan ta'eef akka biyya tokkotti gamtoomuu osoo hin taane akka mootummoota biyyoota Afrikaatti gamtoomuun filatamaa ta'u isaa irratti garee xiyyeeffatudha.Bifuma kanaan yaada biyyoonni Afrikaa fedhii isaaniin walitti dhufeenya siyaas-dinagdee, aadaafi hawaasummaa horachuu qabu jedhu irratti garee xiyyeeffatudha.

Yaadni garee sadaffaa hundeeffamuu Dhaabbata Tokkummaa Afrikaaf bu'uura guddaa ta'e jira. Gareewwan ilaalcha adda addaa tarkanfachiisan sadanuu Caamsaa bara 1963 marii Finfinnee irratti gaggeessaniin waliigaltee irra ga'un, Dhaabbata Tokkummaa Afrikaa hundeeffamuu danda'eera. Akkasumas, magaalaa Finfinnee teessoo dhaabbatichaa ta'un filatamtes hanga har'aatti wiirtuu dhaabbatichaa ta'un tajaajilaa jirti.



Fakkii 5. 4, Waajjira Gamtaa Afrikaa

Dhaabbanni kun kaayyoo gurguddoo qaba. Isaan keessaa kanneen ijoo ta'an:

- Afrikaa keessatti nagaafi tasgabbii fiduu, waldhabdee biyyootaa mariin hiikuu, koloneeffannaa balleessuufi hiyyummaa hir'isuudha.
- Hariiroo biyyoota Afrikaa gidduutti cimsuu, barnootaafi teeknoolojii ammayyaa dagaagsuu fa'i.

Caasaaleen gurguddoon kaayyoo dhaabbatichaa milkeessuuf ijaaraman gurguddoo Afur qaba. Isaaniis, yaa'ii waliigalaa, mana maree ministeerootaa, waajjira barreessitootaafi komishinii araaraafi gorsaati. Akkasumas, caasaalee komishinoota mootummaafi miti-mootummaa adda addaa ofjalaa qaba.

Yaa'iin waliigalaa waggaatti altokko kan walitti qabamuufi hoggantoonni biyyoota miseensa ta'anii kan keessatti argamanidha. Manni maree ministeerootaa caasaa isa lammaffaa yoo ta'u ministeeronni haajaa alaa biyyoota miseensa ta'anii kan keessatti argamanidha.

Caasaan waajjira barreessitootaa hojjetoota waajjira Dhaabbata Tokkummaa Afrikaa yoo ta'an dhaabbanni kunis kan hogganamu barreessaadhaan. Barreessaan jalqabaa Dhaabbata Tokkummaa Afrikaa Dr. Kiflee Wadaajoo, lammii biyya Itoophiyaati. Gareen araaraafi gorsaa yaa'ii waliigalaan kan muudamaniifi dhimma nagaafi tasgabbii ilaalchisee araara irratti kanneen hojjataniidha.

Dhaabbanni Tokkummaa Afrikaa ciminootaafi hanqinoota gurguddoo keessummeesseera. Ciminoota ijoo keessaa gurguddoon; sirnoota koloneeffannaafi Appaartaayidii Afrikaa keessaa balleessuu, rakkoolee daangaa biyyoota gidduu jiran furuufi DH.T.A gara GM(Gamtaa Afrikaatti) ceesisuu fa'i. Haaluma kanaan rokkolee daangaa Itoophiyaafi Somaaliyaa, Morookoofi Aljeeriyaa araaraan furuu danda'eera.

Hanqinaaleen Dhaabbata Tokkummaa Afrikaa hedduun rakkoo Idil-addunyaa waliin kan walqabatan yoo ta'u muraasni isaanii garuu kallattiin laafina dhaabbatichaati. Hanqinaaleen akka raayyaa waraanaa dhaabbataa dhabuu, rakkoolee hiyyummaan walqabatan hiikuu dadhabuufi garee humnaan aangoo qabachuuf fonqolcha mootummaa raawwatan ittisuu dadhabu fa'idha. Akkasumas, hariiroo biyyootaa daran cimsuu dadhabuu, godaansaafi dhibee adda addaa Afrikaa keessaa haalaan hir'isuu dadhabuu fa'i. Haata'u malee, kaayyoo biyyoota Afrikaa gidduu hariiroo cimsee walitti fiduuf gara Gamtaa Afrikaatti bara 2002 jijjiiramee socho'uu danda'eera.

Dhaabbilee Sadarkaa Naannoo Afrikaa

Biyyoonni Afrikaa akkuma sirna kolonii jalaa bilisa ba'aniin naannooleen Afrikaa hundinuu dhaabbilee naannoo isaanii hundeessuu jalqaban. Haaluma kanaan, Afrikaa-lixaa, kaaba-bahaa, kibbaafi kibba-bahaa Afrikaatti dhaabbileen siyaas-dinagdeefi hawaasummaa adda addaa hundeeffamaniiru. Dhaabbileen hundeeffaman kunniinis, tajaajila adda addaatiifi kaayyoolee adda addaa kan qabanidha. Haaluma kanaan maqaafi naannoo dhaabbileen adda addaa itti hundeeffaman akka itti aanutti dhiyaataniiru;

- Naannoo Lixa-Afrikaatti dhaabbanni hariiroofi fedhii biyyootaa cimsuuf hundaa'e ECOWAS kan jedhamudha. Jechi gabaajee ECOWAS jechu: Waldaa Dinagdee Mootummoota Afrikaa Lixaa (Economic Community of West African States) jechuudha. Dhimmoota dinagdee, hawaasummaafi aadaa guddisuufi jajjabeessuuf kan hundaa'edha. Dhaabbanni kun bara 1975tti waliigaltee magaalaa Leegoos, Naayijeeriyaatti taasifameen kan hundaa'edha. Humna waraana naannoos ni qaba. Bara 1990 irraa eegalee tooftaa ittiin walitti bu'iinsi karaa nagaatiin hiikamu danda'uufi miseensonni kun hundi gidduu isaaniitti

rakkoo ol'aanaan akka hin uumamneef haala mijeesseera.

- Dhaabbileen naannoo kaaba-bahaafi baha Afrikaatti hundeeffaman immoo IGADD jedhama. Innis bara 1986tti hundaa'e. Gabaajeen IGADD jedhuus, Walta'iinsa Mootummoota Gaanfa Afrikaa Dursi Misoomaaf yaada jedhu of keessaa qaba. Adeemsaan bara 1996 gara IGAD jedhutti fooyya'eera. Kaayyoo gurguddoo ofjalatti qabu keessaa muraasni; ittigaafatamummaa dhimma siyaasaa, mirga dhala namaafi misooma yookiin dinagdeefi dhimmoota hawaasummaan kan walqabatanidha. Wiirtuun dhaabbata kanaa magaalaa Jibuutiidha. Biyyoonni miseensaa dhaabbatichaa, Itoophiyaa dabalatee baay'inni isaanii torbadha. Isaanis; Jibuutii, Itoophiyaa, Keeniyaa, Somaaliyaa, Sudaaniifi Ugaandaa dha.
- Afrikaa kibbaafi kibba bahaatti immoo dhaabbileen hundaa'an kan akka SADC fi COMESA fa'i. Dhaabbanni SADC, dhaabbata Misooma Kibba Afrikaati. Kaayyoon ijoo isaa, misoomaafi guddina akkasumas walitti dhufeenya biyyoota Afrikaa kibbaa cimsuudha. Biyyoonni miseensa ta'anis biyyoota baay'inaan 16 ta'anidha.
- Dhaabbanni guddaan biroo naannoo kiba-bahaafi baha Afrikaatti hundaa'e immoo COMESA (Common Market For Eastern and Southern Africa) dha. Hiikni isaa, Gabaa Waloo Bahaafi Kibba Afrikaa kan jedhudha. Kan hundaa'es bara 1993tti yoo ta'u magaala Kaampaalaa, Ugaandaatti. Miseensonni isaa Itoophiyaa dabalatee biyyoota Afrikaa digdama (20) of jalatti hammata.
- Afrikaa Kaabaatti dhaabbileen naannoo hundaa'an hedduu ta'anis inni beekamaa Liigii Arabootaati. Miseensonni dhaabbata kanaa baay'een isaanii Afaan Arabaa kan fayyadaman yoo ta'an baha giddugaleessaas ni dabalata. Jalqaba biyyoonni hundeessan afur yoo ta'an suuta suuta garuu biyyoonni baay'een itti dabalamanii jiru. Kaayyoon ijoo isaatis hariiroo biyyoota kaaba Afrikaa jabeessuu, misoomaafi dinagdee irratti xiyyeeffata. Biyyi dhaabbata kana hundeessuufi hogganuun gahee taphatte Misiriidha. Wiirtun isaas magaalaa Kaayiroodha.

Hojii Gochaa 5.3

- Garee miseensota 8 hanga 10 qabun gurma'uun kaayyoo dhaabbilee armaan gaditti tarreeffamaniif baraafi kaayyoo hundeeffama isaanii odeeffannoo (ragaa) adda addaa irraa funaanuun gabaasa barreeffama dhiyeessaa. Maqaan dhaabbilee kennamanii:(Dhaabbata Tokkummaa Afrikaa, Gamtaa Afrikaa, IGAD,ECOWAS,COMESA)

Cuunfaa Boqonnichaa

Bara 1500n dura warri Awurooppaa ardii Afrikaa akka ardii dukkanooftuufi hinbeekamnetti fudhataa turan. Sababni isaas, ardiin Afrikaa naannoolee qaraqara Garbaafi Galaanaa irraa fagaatanii jiran baay'ee waan hinbeekamneefidha. Haat'au malee, jalqaba jaarraa 16^{ffaa} booda dhufaatiin Abuurtootaa daldala garbaatiif karaa saaqee jira. Haaluma kanaan, yaadni Afrikaan „ardii dukkanooftuudha jedhu hafee ardii qabeenyaan badhaatu gara jedhutti dhufanii jiru.

Bifuma kanaan, daldala Garbaatti cimuun jaarraa sadiif ummattoota Afrikaa gara Awurooppaafi Amerikaatti garbummaaf fe'aa turanii jiru. Amerikaatti hojii humnaa cimaa hojjachiisuun, oomishaalee akka shonkoraa, jirbii, baala shaa'iifi algee gara Awurooppaatti fe'aa turanii jiru. Awurooppaa irraa immoo meeshaalee warshaadhaatti oomishaman kan akka sukkaaraafi huccuu gara Afrikaatti fidanii gurgurachaa turanii jiru.

Naannoo walakkeessa jaarraa 18^{ffaa} tti, babal'ina warraaqsa Industirii irraa kan ka'e fedhiin warra Awurooppaa jijjiirameera. Dagaaginni warshaalee daldalli garbaa akka tuffatamu gochuun akka dhaabbatu taasissee jira. Inni kunis meeshaalee dheedhii ardiilee akka Afrikaa keessaa barbaaduun warshaalee isaaniitiif dhiyeessuu jalqaban.

Waraana Addunyaa Lammaffaa booda jijjiiramuun madaala siyaasa addunyaa biyyoota koloneeffannaa jala turan akka bilisooman taasiseera. Keessattuu biyyoonni akka Amerikaafi Raashiyaa siyaasa addunyaa irraatti ol'aantummaa argatan. Dabalataan qabsoo bilisummaa Afrikaa keessatti finiinuun isaa bilisummaa Afrikaanootaa saffisiisee jira. Haala kanaan, bara 1960 moota irraa kaasee biyyoonni Afrikaa bilisoomuu danda'aniiru. Kanaafuu, barri 1960 bara Afrikaa jedhamuun beekama.

Gaaffilee Xumura Boqonnichaa

I. Gaaffilee armaan gaditti dhiyaataniif yaada sirrii ‘Dhugaa’ kan sirrii hin taane immoo ‘Soba’ jechuun deebisi

1. Daldalli garbaa ummata Afrikaa irra miidhaa cimaa dhaqqabsiiseera.
2. Jaarraa 18ffaa keessa daldala garbaa ol’aantummaan kan qabatee ture biyya Ispeenidha.
3. Bara sirna kolonii keessa warri Awurooppaa qabeenya Afrikaa saamaniiru.
4. Biyyi dursa ardii Afrikaa koloniin qabate Xaaliyaanidha.
5. Faccée ummattoonni Afrikaa koloneeffattoota irratti taasisan keessaa kan Itoophiyaa qofatu injifannoo argate.

II. Qubee deebii sirrii qabate filadhuu deebisi

1. Koloneeffattoota Awurooppaa keessaa biyyoota Afrikaa koloniin irraa caalaa qabate isa kamidha?
 - A. Faransaay
 - B. Ingilizii
 - C. Pochugaal
 - D. Xaaliyaanii
2. Kaayyoon walgahii Barliin maal ture ?
 - A. Afrikaa misoomsuu
 - B. Afrikaa qoqqooddachuu
 - C. Haala daldalli garbaa itti dagaagu murteessuu
 - D. Daangaa biyyoota Afrikaa murteessu
3. Afrikaa koloneeffachuu keessatti biyyi Awurooppaa qooda xiqqaa fudhatte ishee kamidha?
 - A. Ispeen
 - B. Jarman
 - C. Faransaay
 - D. Xaaliyaanii

4. Dhaabbinni biyyoota lixa Afrikaa dinagdeen walitti hidhuuf hundeeffame isa kamidha?
- A. IGAD
 - B. ECOWAS
 - C. COMESA
 - D. SADC
5. Kaayyoo garee Kaasaabilaankaa ilaalchisee kamtu dhugaadha?
- A. Bilisummaan booda biyyoota Afrikaa hunda gamtessuun mootummaa cimaa ijaaruu
 - B. Yeroodhaaf koloneeffattoota wajjiin hariiroo ture itti fufisiisuu
 - C. Yeroodhaaf dhaabbata waloo Afrikaa ijaarachuu
 - D. Deebiin hin qaba

III Deebii gabaabaa kenni

1. Naannoo bahaa Afrikaa keessaa biyyoota kolonii Ingilizii jala turan sadii barreessi?
2. Rakkoolee biyyoota Afrikaa bilisummaan booda turan keessaa lama barreessi?
3. Naannoo bahaa Afrikaatti biyyoota kolonii Faransaay jala turan maqaa barreessi?
4. Waajjirri teessoo dhaabbata IGAD eessatti argama?
5. Barri 1960 maaliif “Bara Afrikaa” jedhamuun waamamaa?

BOQONNAA 6

SEENAA ITOOPHIYAA BARA AMMAYYAA

Bu'aawwan barachuu boqonnichaa

- Adeemsa hundeeffama mootummaa Itoophiyaa ammayyaa ni xiinxalta
- Kaartaa irratti daandii daldalaa karaa dheeraa qopheessuun agarsiifta
- Qabsoo hawaasni birmadummaa biyyaa kabachiisuuf godhamaniif gatii kennita
- Hariiroo Itoophiyaan biyyoota alaa waliin qabdu ni ibsita.

Seensa

Seenaan Itoophiyaa ammayyaa bara 1855 irraa jalqabee kan jirudha. Bara kana irraa kaasee hanga har'aatti baroonni jiran bara ammayyaa jedhamuun beekama. Seena bu'aa bahii bara kana irraa jalqabee jiru irra caalaan ijaarsa mootummaa giddugaleessaafi walitti bu'iinsa mootummoota biyya alaa waliin kan walqabatudha. Biyyoota alaa gurguddoo kanneen akka Sudaan, Xaaliyaan, Misiriifi Somaaliyaa waliin yeroo waldhabdeen cima uumamedha. Haaluma kanaan humnoota alaa waliin bara falmiin gurguddoo taasifameefi ofirraa qolachuun bara itti danda'amedha.

6.1. Hundeeffama Mootummaa Itoophiyaa Ammayyaa

Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- Haala hundeeffama mootummaa Itoophiyaa ammayyaa ni ibsita
- Daandii daldala karaa dheeraa Itoophiyaa kaartaa irratti ni agarsiifta
- Walitti dhufeenya Itoophiyaafi biyyoota alaa bara ammayyaa ni ibsita
- Aarsaa ummanni Itoophiyaa birmadummaa biyyaaf taasisan nixiinxalta.

Gaaffilee shaakalaa

1. Mootiin Tewoodros II jedhamu maqaa eenyu jedhuun beekama ture?
2. Adeemsa mootiin Tewoodros II ittiin gara aangootti dhufe irratti mari'adhaa.
3. Seenaa bu'aa bahii hundeeffama mootummaa Itoophiyaa ammayyaa agarsiisan maal fa'i? Gareen irratti mari'adhaa.
4. Ijaarsa gama siyaas-dinagdeefi hawaasummaa mootummaan Itoophiyaa bara 1855 duraafi isa booda hanga 1868 jiru walbira qabuun xiinxalaa.

A. Jalqabbii Hundeeffama Mootummaa Itoophiyaa

Hundeeffama mootummaa Itoophiyaa ammayyaa jaarraa 19^{ffaa} dura kan jalqabame yoo ta'u walakkeessa jaarraa 19^{ffaa} booda garuu cimee bara itti gaggeeffamedha. Mootummoonni Itoophiyaa bara giddugaleessaa wiirtuu dhaabbataa hinqaban ture. Kanaafuu, bakka adda addaa irra naanna'uun masaraa marmaartuu hundeessuun bulchaa turan. Gama biraatiin kibba-lixaa kibbaa Itoophiyaa har'aa keessa immoo mootummoonni akka shanan-Gibee, Leeqaa- Qeellaamiifi Leeqaa-Naqamtee mootummaa mataa isaaniin bulaa turan. Akkasumas, Kafaafi Walaayittaa mootummaa mataa isaaniin bulaa turaniiru.

Mootummaa Itoophiyaa ammayyaa hundeessuun kan eegale bara mootii Tewoodros II ture. Maqaan mootii Tewoodros II kan duraa Kaasaa Hayluu jedhama. Kaasaan bara 1840mootaa irraa eegalee humna isaa cimsachuu eegale. Haala kanaan, qondaaltoota waraanaa naannoolee hedduu of jala galchuu danda'eera. Keessattuu qondaaltoota mootummaa Gondor keessa jiran kanneen akka Dajjaach Goshuu, Birruufi Wubee mo'aachuun akka sodaatamu isa taasiseera. Dhumarrattis, mootii warra Yajjuu Raas Alii II fi Minilik II booji'uun gara aangootti dhufe. Dirree waraanaa Kaasaa Hayluu yookiin Tewoodros II qondaaltoota waraanaa adda addaa waliin waraana taasisuun hunda isaanii irratti injifannoo inni argate akka armaan gaditti dhiyaateera.

Gabatee .6. 1, Dirree waraanaa Tewoodros Qondaaloota adda addaa itti mo'aate

Bara	Dirree Waraanaa	Tewoodros II waliin waraana kan gaggeesse	Kan Injifate
Sad.27,1852	Guraa-Ambaa	Goshuu Zawudee	Tewoodros II (Kassaa Hayluu)
Eb.12,1853	Gorgoraa Bicheen	Qondaaltota Raas Alii II, afur	Tewoodros II (Kassaa Hayluu)
Wax.29,1853	Ayishaal	Raas Alii II	Tewoodros II (Kassaa Hayluu)
Gur.7-8,1855	Darasgee	Wubee	Tewoodros II (Kassaa Hayluu)

Tewoodros II erga aangootti dhufee booda haaromsaa (ijaarsa) siyaas-dinagdeefi hawaasummaa hedduu taasiseera. Gama siyaasaatiin mootummaa giddugaleessaa ijaaruuf sochii taasisaa ture. Bifuma walfakkaatuun, aangoo qondaaloota naannoo adda addaa irraa mulquun mootii tokko(isa) jalatti akka bulan labse. Walumaagalatti ijaarsa karaa siyaasaatiin inni raawwate mootummaa giddugaleessaa kan cimsu ture. Sochii gama siyaasaan taasisaa ture hundi mootummaa giddugaleessaa hundeessuun biyyaa tokkummaa qabdu ijaaruu irratti kan xiyyeeffatudha.

Haaluma walfakkaatuun, gama ijaarsa hawaasummaafi humna waraanaa qindoomina qabu hundeessuuf socho'aa ture. Humna waraanaa qindoomina qabuufi meeshaalee waraanaa ammayyaa hidhachiisuuf sochii guddaa taasisaa tureera. Haaluma kanaan humna waraanaa akka biyyaatti ammayyeessuuf warra Awurooppaa waliin hariiroo uumee ture. Haaluma kanaan meeshaalee waraanaa ammayyaa Itoophiyaa keessatti akka oomishamuuf socho'aa ture. Dhuma irratti bakka Gaafaat jedhamutti wiirtuu oomisha meeshaalee waraanaa ammayyaa hundeessu ture. Wiirtuun meeshaalee

waraanaa ammayyaa oomishuuf dhaabbate kunis Gaafat Sebestaapool jedhama. Innis, meeshaalee waraanaa akka Madfii Sebestaapooliifi meeshaalee waraanaa xixiqqoos hojjechuu danda'eera. Haata'u malee, namoota beekumsa ga'a hinqabneen waan hojjetameef hin milkooftne.



Fakkii .6. 1, Madfii Sebestaapool

Gama hawaasummaatiin daldala garbaa akka dhaabbatuufi hawaasni humna waraanaa naannooleetiin akka hinsaamamne sochii taasiseera. Akkasumas, hawaasni hundi hojii irratti qofa akka xiyyeeffatan dhiibbaa taasisaa ture jira. Hojiin daldalaa ummattoota gidduutti akka dagaaguuf saamtota hojii daldalaa jeeqan akka adabamaniif labsii dabarseera. Dinagdeen bu'uura humna mootummootaa waan ta'eef gibira yookiin ashuraa naannolee akka Shawaa, Walloo, Gojjaamiifi Gondor irraa dirqamaan funaanamaa ture. Kanaan alattis, lafa bataskaanni amantii Ortodoksii qabattee turte hir'isuun gara mootummaatti deebisuufi baay'ina tajaajltoota ammantichaa hir'isuun haaromsii guddaa taasifameera.

Tewoodros II n Itiyoophiyaa yeroo sanaa akka warra Awurooppaa qaroomtee arguu fedhii waan qabuuf oggeessotaafi beektoota akka erganiif gaafataa ture. Dhuma irratti gaaffiin isaa karaa salphaa ta'en waan deebii hinarganneef namoota Awurooppaa irraa dhufanii Itoophiyaa keessa turan hunda hidhuu danda'eera. Sababa kanaan, waldhabdeen biyyoota Awurooppaafi Tewoodros II gidduutti babal'achuu jalqabe.

Haaluma kanaan, biyyi Ingilizii humna waraana ishee gara Galaana Dimaatti bara 1867 erguuf dirqamte. Bara 1868, humni waraanaa biyya Ingilizii duula gaggeessaniin Tewoodros IIn dirree waraanaa Maqdallaa irratti mo’aatamuufi lubbuun darbuu isaaf sababa ta’eera. Haata’u malee hundeeffamuu mootummaa ammayyaatiif bu’uura buuseera.

B. Xumuramaa Dhufuu Hundeeffama Mootummaa

Itoophiyaa Ammayyaa

Gaaffilee shaakalaa

1. Adeemsa lafa babal’ifannaa bara 1870 hanga 1889 Itoophiyaa keessa jiru maal akka fakkaatu irratti mari’adhaa.
2. Adeemsa xumuramuu hundeeffama mootummaa Itoophiyaa ammayyaa irratti mar’adhaa.
3. Seenaa Itoophiyaa keessatti barri “Beela Cima” jedhamee beekamu hawaasa irra miidhaa inni geessise qaaccessuun dareef dhiyeessaa.
4. Waliigaltee Wucaalee ilaalchisee keeyyanni 17ffaan maala akka jedhu irratti mari’adhaa.

Moototni Itoophiyaa hedduun mootummaa Itoophiyaa ammayyaa hundeeessuuf sochiilee adda addaa taasisaa turaniiru. Haata’u malee, baroota 1855 hanga 1900 gidduutti sochiilee isaan taasisaa turan ijaarsa mootummaa Itoophiyaa ammayyaatiif gahee ol’aanaa gummaacheera. Tewoodros IIn mootummaa Itoophiyaa ammayyaa hundeeessuuf haaromsa adda addaa raawwataa turus milkaa’uu hindandeenye. Haata’u malee mootota isatti aananii aangootti dhufan hundaaf karaa saaquun hojii manaa guddaa isaanitti ta’e jira.

Bara mootii Yohaannis IV(1872-1889) ijaarsi mootummaa Itoophiyaa ammayyaa kan itti fufe ta’us biyyoota alaa hedduu waliin hariiroo gaarii hinqabu ture. Kanaafuu, mootiin Yohaannis IV biyyoota alaa hedduu waliin walwaraanaa ture. Isaanis;

- Misir waliin (1875-1885),
- Xaaliyaanii waliin (1887-1889),

- Sudaan waliin(1886-1889)tti waldhabdeefi walwaraansa cimaa keessa ture. Kana irraa kan ka'e bara 1889 dirree waraanaa Matammaa irratti Yohannis IV humna waraanaa Sudaaniin ajjeefame.

Bara mootii Tewoodros, 1865 Minilik II'n mana hidhaa maqdalaa keessaa miliqee Shawaatti deebi'e. Bara mootummaa Tewoodros booda, Minilik II Yohaannis IV tiif beekkamtii kennuu diduun walfalmii keessa turan. Haaluma kanaan, Minilik II'n Mootii Moototaa' jechuun ofmoggaase. Haata'u malee, bara 1889 erga Yohaannis IV'n dirree waraanaa Matammaa irratti lubbuun isaa darbee booda, Minilik II'n karaa salphaan gara aangootti dhufuu danda'eera. Minilik II akkuma mootota isa duraa sochii ijaarsa mootummaa ammayyaa Itoophiyaa itti fufsiisuu danda'eera. Bara mootummaa Minilik II (1889-1913) tti ijaarsi mootummaa Itoophiyaa ammayyaa gara xumuraa dhufuu danda'eera. Adeemsi ijaarsa mootummaa kun karaa adda addaatiin raawwatame.

Tokkoffaa, karaa humna waraanaan lafa babal' ifannaa gaggeessuudhan ture. Adeemsa humna waraanaa fayyadamuun qabeenya uumamaafi ummattoota bulchiinsa mataa isaanii qaban hedduu of jala galchee jira. Haala kanaan ummattoota bulchiinsa mataa isaanii qaban kan akka Arsii(1886), Iluu Abbaa Boor (1890)fi Haraar(1887) qabachuu danda'eera. Akkasumas, ummattoota bulchiinsa mataa isaanii qaban kanneen akka Kafaa(1897), Walayittaa(1894), Beenishaanguliifi Ogaadeen fa'a to'annoo isaa jala galcheera.

Tooftaa inni Lammaffaa, karaa humna makateen ummattoota bulchiinsa mataa isaanii qaban dadhabsiisuun booda adeemsa sossobanaan mala harka kennachiisuudha. Innis maloota akka badhaasa kennuun, muuduufi hariiroo fuudhaafi heerumaan kan raawwatamaa turedha. Haata'u malee tooftaan kun sabaafi sablammoota hedduu kan mufachiiseefi dararama guddaa keessa kan galchee turedha. Fakkeenyaaf, Jimmaafi Wallagga.

Minilik II'n maloota lamaan kanniin fayyadamuun kallattii hundaan babal' ifannaa lafaa adeemsiseera. Akkasumas, tarsiimoo ijaarsa mootummaa Itoophiyaa ammayyaa dinagdeen cimsuu jedhu qabatee socho'aa ture. Naannolee albuudaafi qabeenya uumamaa qaban hedduu of jala galchuu danda'eera. Haaluma walfakkaatun, daldalaa kibba-lixaa Itoophiyaa irraa gara Gondoriifi Matammaa

qaxxaamuree deemu dursee qabateera. Itti aansuun daandii daldalaa Sidaamaa irraa gara Harar deemu bulchiinsa isaa jala olcheera.

Akka waliigalatti Minilik II adeemsa hundeeffama mootummaa Itoophiyaa ammayyaa xumuruu baatus karaa qabsiiseera. Gama biraatiin, biyyoota Awurooppaa akka Xaaliyaanii, Ingiliziifi Faransaay waliinis hariiroo cimaa qaba ture. Sababa kana irraa kan ka'e teekinolojiifi qaroomman Awurooppaa biyya keessa seensisuuf yaalii guddaa taasiseera.

Gilgaala 6.1

Gaaffilee armaan gaditti dhiyaataniif deebii gabaabaa kenni

1. Sababoota Tewoodros II biyya Ingilizii waliin walwaraanuu danda'e keessaa lama tarreessi
2. Minilik II tooftaalee gurguddoo ijaarsa mootummaa Itoophiyaa ammayyaa galmaan ga'uuf fayyadame tarreessi
3. Mootota jaarraa 19^{ffaa} keessatti mootummaa Itoophiyaa ammayyaa ijaaruu keessatti qooda guddaa qaban keessaa sadii tarreessi
4. Biyyoota bara 1870 mootaa hanga 1890 keessa Itoophiyaa waliin walwaraanaa turan keessaa sadii barreessi.
5. Kaayyoon biyyi Misirii irra deddeebi'uun Itoophiyaa weerarteef maal ture?
6. Biyyoota Awurooppaa Minilik II wajjiin hariiroo gaarii qaban sadii tarreessi
7. Jijjiiramootaafi qaroomman alaa adda addaa jalqaba jaarraa 20^{ffaa} gara Itoophiyaa seenaan ibsi

6.2. Daldala Daandii Dheeraa

Gaaffilee shaakalaa

1. Adeemsi bittaafi gurgurtaa naannoo keessanitti maal akka fakkaatu hiriyaa kee wajjin mari'achuun dareef gabaasi
2. Faayidaa daldalli dinagdee biyya tokkoof qabu hubannoo duraan qabdu bu'uura godhachuun tarreessi
3. Kaartaa Itoophiyaafi gaanfaa Afrikaa kaasuun kallattiwwan daldala daandii dheeraa gurguddoo agarsiisi

Adeemsa daldalaa keessatti bittaafi gurgurtaan qaamota hedduu gidduutti raawwatama. Fakkeenyaaf, oomishootaafi fayyadamtoota gidduutti yookiin daldaltootaafi fayyadamtoota gidduutti gaggeeffamuu danda'a. Akkasumas, bittaafi gurgurtaan namoota naannoo tokkoo yookaan garaagaraa gidduutti raawwatamuu ni danda'a. Daldalli ummata naannoo tokko gidduutti adeemsifamu daldala naannoo yoo jedhamu kan naannoolee garaagaraa gidduutti gaggeeffamu immoo daldala daandii dheeraa jedhamuun beekama.

Itoophiyaafi naannawa gaanfaa Afrikaatti daldalli daandii dheeraa daran kan dagaage jaarraa 19^{ffaa} irraa eegalee ture. Yeroo kanatti dagaaguu isaatiif sababoota garaagaraatu jiru. Isaanis:

- 1^{ffaa} Tasgabbiin siyaasaafi nageenyaa naannawa Galaana Diimaafi kaaba Afrikaa fooyya'uu.
- 2^{ffaa} Fedhiin meeshaaleefi garbootaa gaanfa Afrikaa naannoolee Arabiyaa keessatti dabaluufi
- 3^{ffaa} Fedhiin biyyoonni Awurooppaa qarqara Galaana Diimaafi Galoo Galaana Edeen qabachuuf qaban cimaa dhufuudha.

Daldalli daandii dheeraa ummattoota, naannooleefi daldaltoota garaagaraa walitti fidaa kan turedha. Daldaltoonni geejjiba aadaa akka Gaangeefi Gaalaan lafarra daandii dheeraa qaxxaamuruun daldalu ture. Meeshaalee alaa seenaniifi gabaa biyya alaatti barbaadaman geejjibsiisuun bittaafi gurgurtaan hawaasa naannoolee adda addaa gidduutti akka raawwaatu taasissee jira. Kanaafuu, daldallii daandii dheeraa daldala biyya keessaafi biyya alaa of keessatti

hammata.



Fakkii .6. 2,(a) Imala Daldaloota Daandii Dheeraa

Daldala daandii dheeraa lammiileen biyya alaafi biyya keessaa qooda fudhatanii jiru. Lammiileen biyya alaa daldala daandii dheeraa naannawa Galaana Diimaatti qooda fudhataa turan Armeeniyaanotaafi Hindoota turan. Lammiileen Itoophiyaa daldala kana keessaatti sadarkaa ol'aanaan hirmaataa turan musliimota. Sababni isaatis musliimonni hariiroo gaarii Araboota wajjiin waan qabaniif jedhamee yaadama. Gama biraatiin immoo hawaasa qonnaan bultootaa Itoophiyaa biratti hojiin daldalaa akka hojii hawaasa gulantaa gadaanaatti ilaalama ture.


Daldaltoonni daldala daandii dheeraa gareen kan imalan yoo ta'an hogganaa qabu ture. Hogganaan ol'aanaa isaanii maqaa aangoo "Nagaadraas" jedhamuun waamamu ture. Innis, hogganaa daldalootaa jechuudha. Hogganaan daldalootaa kun itti gaafatamummaa adda addaa qaba ture. Fakkeenyaaf, sagantaa sochii daldalootaa qopheessuu, bakka bultiifi qubannaa murteessuufi dhimmoota biroo ol'aantummaan qajeelchuu fa'i. Daldaltoonni daandii dheeraa maqaa garaagaraan beekkamu. Isaan ijoo ta'an gabatee armaan gadii keessatti ibsamaniiru.

Maqaa Daldaltootaa	Naannoo isaan irraa ka'an	Naannoo isaan keessatti Daldalan
Jabartii	Kaaba Itoophiyaa	Hanga qarqara galaana Diimaatti daldaluun beekkamu
Afkaalaa	Kibba-lixaa Itoophiyaafi giddugaleessa	Kibba-Lixaafi giddugaleessa Itoophiyaa keessatti
Jallaabaa	Sudaan	Matammaafi naannoo qarqara Itoophiyaa. Fakkeenyaaf, Sudaan waliin bittaafi gurgurtaa gaggeessaa turaniiru

Fakkii .6. 2,(b) Moggaasa maqaa daldaltoota Itoophiyaa jaarraa 19^{ffaa}

Daldaltoonni daandii dheeraa meeshaalee alaa gara biyya keessaatti galchan keessaa beekkamoon; urgooftuu, callee, uffata adda addaa, meeshaalee waraanaafi dawaa fa'idha. Meeshaalee biyya keessaa gabaa biyya alaaf dhiyaataa turan immoo ilkaan Arbaa, gogaa bineensotaa, bineensota adda addaafi garbootadha. Meeshaaleen daldalaa biyya keessaa irra caalaan isaanii kibba lixa Itoophiyaa irraa kanneen argamanidha.

Kallattiwwan daldala daandii dheeraa isaan gurguddoo kibba-lixaa fi giddugaleessa Itoophiyaa irraa kallattii adda addaatti deemu. Keessattuu, gara kallattii daldala qarqara Galaana Diimaafi Galoo galaana Edeen jiran wajjiin wal-qunnamu. Daandiin kibba-lixaa inni guddaa Kafaa (Boongaa) irraa ka'a. Isaan keessaa Saqqaa, Asandaaboofi Jireen isaan gurgudoodha. Naannoo daldala daandii dheeraa kanarraa garboonni, gogaa bineensotaa, warqiifi bunni hedduuminaan gabaaf dhiyaataa turaniiru.



Fakkii .6. 2,(c) Daandii Daladala karaa dheeraa bara ammayyaa

Adeemsi bittaaafi gurgurtaa yeroo dheeraaf tooftaa beekkamaa meeshaa meeshaadhaan jijjiiruun raawwatamaa ture. Haata'u malee, adeemsaan bittaaafi gurgurtaa bara Amoollee akka maallaqaatti fayyadamuutti ce'eera. Amoolleen jaarraa 19^{ffaa} keessatti dinagdee Itoophiyaatiif iddoo ol'aanaa qaba ture. Akkasumas, yeroo dheeraaf gibirriifi kaffaltiin mindaa amoollee kennuun gaggeeffamaa ture. Haata'u malee, dhuma jaarraa 19^{ffaa}ti maallaqni biyya Ostiriyaa, Maariyaa Tereessaa jedhamu biyya keenya keessatti tajaajila kennuu yeroo jalqabu tajaajilli amoollee xiqqaachuu eegale. Akka waliigalaatti daldallii daandii dheeraa biyya keenya keessatti jijjiirama hedduu fideera. Naannolee adda addaa dinagdeen walitti hidhuun fooyya'iinsi dinagdeefi ogummoota garaagaraaf bu'uura ta'e jira.

Wiirtuuleen daldalaa hedduunis gara magaalaatti guddachuun giddugala bulchiinsaa, iddoowwan tajaajila hawaasummaa madda ogummootaa adda addaa ta'aniiru. Haala kanaan, sabaafi sablammoota gidduutti hariiroo uumuun ijaarsa mootummaa giddugaleessaaf gumaacha ol'aanaa taasisera.

Gilgaala 6.2

I. Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaabaa kenni

1. Daldala daandii dheeraa keessatti meeshaalee gara alaa ergamaa turan keessaa afur barreessi
2. Jaarraa 19^{ffaa} keessatti dagaagu daldala daandii dheeraaf sababoota gurguddoo keessaa sadii ibsi
3. Daldaltoonni daandii dheeraa maaliif gareen akka imalaa turan ibsi?
4. Kaartaa Itoophiyaa kaasuun kallattii daldala daandii dheeraa jaarraa 19^{ffaa} fi jalqaba jaarraa 20^{ffaa} ture halluu dibuun agarsiisi
5. Magaalota daldala daandiin dheeraa keessa qaxxaamuru sadii barreessi
6. Ka'umsi daldala daandii dheeraa kibbaa-lixaa Itoophiyaa maaliif ta'u danda'e?

6.3. Hariiroo Itoophiyaafi Biyyoota Alaa

Gaaffilee Shaakalaa

1. Hariiroo siyaas-dinagdeefi hawaasummaa biyyoota adda addaa gidduu jiraachuun bu'aa akkamii qaba?
2. Hariiroo Itoophiyaan biyyoota alaa waliin jaarraa 19^{ffaa} keessa qabdu maal fakkaataa? Irratti mari'adha.
3. Ingilizii bara 1867-1868 maaliif Itoophiyaa irratti duulte?

Seenaa mootummaa Itoophiyaa ammayyaa keessatti hariiroo michummaa biyyoota alaa hedduu waliin mallateessaa turaniiru. Haaluma kanaan, Tewoodros IIn biyya Ingiliizii waliin jalqabarra hariiroo gaarii qabu ture. Booda irra gara diinummaatti jijjiiramuun bara 1868 janaraal Naappiir Tewoodros irratti duule.

Akkasumas, Yohaannis IV, jalqaba irratti biyyoota akka Misiriifi Sudaan waliin hariiroo gaarii qaba ture. Hariiroo Yohaannis IV biyyoota alaa waliin qabu kunis booda irra gara diinummaatti jijjiiramuun walwaraansa jalqaban. Haaluma kanaan, bara 1889 Yohaannis waraana Sudaan waliin Matammaa irratti taasiseen lubbuun darbeera.

Bara 1870 mootaa irra jalqabee Minilik IIn waliigaltee daldalaafi michummaa Xaaliyaan, Faransaayii Ingilizii wajjiin hariiroo ummatee ture. Haata'u malee, Itoophiyaafi gareen waliigaltee waliif mallatteessan fedhii barbaadan argachuu yeroo dhaban gara walitti bu'iinsaafi diinummaatti jijjiirama. Fakkeenyaaf, waliigaltee Wucaalee bara 1889 Xaaliyaaniifi Itoophiyaa gidduutti mallatteeffame gara diinummaatti jijjiiramuun walitti bu'iinsa fide.

Bara ammayyaa keessatti akka idil-addunyaatti Itoophiyaan biyyoota addunyaa waliin walitti dhufeenya gaarii qabdi ture. Fakkeenyaaf, bara 1923 miseensa Liigii Mootummootaa ta'un addunyaa irratti beekkamtii argattee jirti. Akkasumas, bara 1945 miseensa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii (UNO) ta'un beekamti. Dabalataan, Labsii Mirga Dhala Namaa Addunyaa (UDHR 1948) fudhachuun hariiroo biyyoota addunyaa waliin qabdu cimsattee jirti.

Gilgaala 6.3

I. Gaaffilee armaan gaditti dhiyaatan kanneen hima sirrii ta'e "Dhugaa" kan sirrii hintaane immoo "Soba" jechuun deebii kenni

1. Argamni Itoophiyaa akka hariiroo biyyoota hedduu wajjiin qabaattu taasisera.
2. Aadaan hawaasa Itoophiyaa kan hawaasa biyyoota biroo wajjiin hariiroo hinqabu.
3. Hariiroo Idil-addunyaa keessatti biyyoonni hunduu fedhii biyyoo leessaaf dursa kennu.
4. Itoophiyaan Afrikaa keessaa biyya jalqaba miseensa Liigii mootummootaa taateedha.
5. Waliigalteen Wucaalee hariiroo Itoophiyaafi Xaaliyaanii cimseera.

II. Gaaffilee armaan gaditti dhiyaataniif deebii sirrii filadhu

1. Biyyoota armaan gaditti tarreeffaman keessaa jalqaba miseensa Liigii mootummoota Addunyaa taate kamidha?
 - A. Sudaan
 - B. Jibuutii
 - C. Keeniyaa
 - D. Itoophiyaa

2. Kaayyoon Labsii Mirga Dhala Namaa Addunyaa (UDHR) maali ture?
 - A. Wal-qixxummaa dinagdee mirkaneessuu
 - B. Sirna kolonii mormuu
 - C. Wal-qixxummaa dhala namaa mirkaneessuu
 - D. Birmadummaa biyyootaa labsuu

6. 4. Tokkummaa Ummattoonni Itoophiyaa Daangaafi Birmadummaa Biyyaa Kabachiisuuf Taasisan

Seenaa keessatti ummattoonni Itoophiyaa gamtaan birmadummaafi daangaa biyya isaanii kabachiisuun beekamu. Ummattoonni Itoophiyaa weerartoota biyyoota alaa birmadummaa biyyaa irratti aggaammii yeroo adda addaa taasisan irratti tokkummaan tarkaanfii fudhataa har'a gahan.

Haala kannaan seenaa Itoophiyaa bara ammayyaa keessatti waraana gurguddoo adamsisaniiru. Isaanis; weerara Misirii (1875-84), weerara Sudaan (Mahaadistootaa) bara 1882-1889, weerara Xaaliyaanii (1885-1896), fi mootummaa Somaaliyaa(1977-1978) fa'i. Haata'u malee,weerartoonni hundi Itoophiyaa qabachuu hindandeenye. Kunis, sababa tokkummaa ummattootaa, sabootaafi sablammoota Itoophiyaa hundaati.

A. Weerara Misir (1875-1885)

Gaaffilee Shaakalaa

1. Ummattonni Itoophiyaa birmadummaa biyyaa kabachiisuuf hangam akka dhama'aa turan manguddoota naannoo gaaffachuun gabaasa dhiyeessaa.
2. Sababoota mootummaan Misir Itoophiyaa weerartee tarreessuun irratti mari'adhaa.
3. Dirree waraanaa Gundatiifi Guraa irratti Itoophiyaan akkamitti akka mo'aachuu dandeesse dareef gabaasi.
4. Bu'aafi miidhaa waliigaltee Hiwweetti irratti walfalmii taasisaa.

Mootummaan Itoophiyaa mootummaa Misir waliin hariiroo gaarii yeroo dheeraaf kan qabu ture. Keessattuu jaarraa 4^{ffaa} irraa eegalee dhufaatii amantii Kiristaanaa boodaa hariiroo Itoophiyaan biyya Misir waliin qabdu cimaa ture. Misir gama daldalaan yeroo dheeraadhaaf biyyoota gaanfa Afrikaa keessattuu Itoophiyaa waliin hariiroo cimaa qabdi turte.

Haata'u malee, hariiroon kun jalqaba jaarraa 19^{ffaa} irraa eegalee gara waldhabdeetti jijjiirameera. Keessattuu Mohaammad Alii(1805) bara gara aangootti dhufeen booda biyyoota ollaa akka Itoophiyaa waliin waldhabdee guddaa keessa seenee ture. Bifuma kanaan Misir bara 1848 dirree waraanaa Dabaarqi irratti, bara 1875 Gundati irratti akkasumas, bara 1876 immoo Guraa irratti Itoophiyaadhaan mo'aatamtee jirti.

B. Weerara Mahaadistootaa (1880-1889)

Gaaffilee shaakalaa

1. Sababa biyyi Sudaan Itoophiyaa irratti weerara jaarraa 19^{ffaa} keessa raawwatte maalidha?
2. Jaarraa 19^{ffaa} keessa Sudaan karaa lixaa tooftaa akkamiin Itoophiyaa qabachuuf akka yaalte xiinxalii ibsi
3. Dirree waraanaa Matammaa irratti Itoophiyaan akkamitti mo'aatamuu dandeesse? Sababa gurguddoo ibsi.

Harriiroo Itoophiyaafi Sudaan faalamuu kan jalqabe walakkeessa jaarraa 19^{ffaa} irraa eegaleeti. Bara 1880moota Sudaan hanga naannoo Najjoo(Wallaggaa) weerara raawwachuun dirree waraanaa Guutee Dillii irratti mo'aatamaniiru. Haata'u malee, walitti bu'iinsi Itoophiyaafi Sudaan gidduu inni guddaan waliigaltee Hewweet(1884) booda ture.

Waliigalteen Hewweet waliigaltee Itoophiyaafi Misir gidduutti taasifamedha. Qabiyyeen isaa humna waraanaa Ingilizii 10,000 ol ta'an Sudaan keessatti marfamanii jiran Itoophiyaan garagaartee karaa Mitsiwwaatiin akka baaftu kan jedhu ture. Sababa kanaan Yohaannis IV humna waraana isaa gara Sudaanitti erguun dirree waraanaa Kufiiti (1885) jedhamutti irratti Sudaan waliin walwaraansa taasisee ture. Dirree waraanaa kana irratti Itoophiyaan

mo'aachuun humna waraanaa Ingilizii harka Sudaan jalaa baasuun gara Mitsiwwaatti gaggeessuu dandeesseetti . Kanaaf, Sudaan aariifi xiiqii guddaa keessa galuun Itoophiyaa haloo baafachuuf akka karoorfatan isaan taasiseera.

Kan booda kallattii lixaan Sudaanonni irra deddeebi'uun Itoophiyaa weeraranii jiru. Haaluma kanaan bara 1887 dirree waraanaa Saarwuhaa irratti Mootii Gojjaam kan ture Takla Haymaanot nama jedhamu mo'aataniiru. Dabalataan, hanga magaalaa Gondoritti babal'achuun saamichaafi magaalaa gubuu danda'aniiru. Dhumarratti, bara 1889, Yohaannis miidhaa Sudaanonni dhaqqabsiisan haloo bahuuf dirree waraanaa Matammaa irratti duula baneen lubuun isaa darbuu danda'eera.

C. Weerara Xaaliyaanii (1885-1896)

Gaaffilee shaakalaa

1. Adeemsa Xaaliyaaniin lafa Itoophiyaa ittiin qabatte irratti marii taasisaa.
2. Seenaa waraana Adowaa mala diraamaatiin dareef dhiyeessaa. Sababoota Itoophiyaan dirree waraanaa Adowaa irratti Xaaliyaanii itti mo'aatte irratti walfalmii taasisaa.
3. Bu'aa waraana Adowaa irratti gabaasa qopheeffachuun dareef dhiyeessi.

Akkuma beekamu mootummaan Xaaliyaanii bara mootii Yohaannis IV naannoo Mitsiwwaatti babal'ataa ture. Keessattuu bara 1885 booda, Mitsiwwaa irraa ka'uun gara Eertiraa keessa babal'ateera. Haala kanaan, Mitsiwwaa irraa gara naannolee akka Ayileet, Wi'aa, Sa'aatii, Dogaaliifi Asmaraatti tartiibaan babal'achuu danda'aniiru. Minilik II In jalqaba irratti Xaaliyaanii waliin hariiroo gaarii uummachuu danda'ee ture. Hariiroon gaarii kun dagaaguun waliigaltee Wucaalee(1889) akka waliif mallatteessan taasiseera.

Haata'u malee, boodarratti waliigalteen Wucaalee rakkoo waan uumeef Minilikiifi Xaaliyaanii gara diinummaatti jijjiirame. Haala kanaan mootummaan Itoophiyaa Waliigaltee Wucaalee akka fooyya'uufi sirraa'uuf gaafatus furmaata hin arganne. Waliigaltee Wucaalee Keeyyanni 17^{ffaa} Afaan Xaaliyaaniitiin barreeffame Itoophiyaa guutummaan kolonii Xaaliyaanii jala

kan galche ture. Suuta suutan Itoophiyaafi Xaaliyaanii gidduutti waldhabdeen babal'ataa adeemuun bara 1895 irraa eegalee gara sadarkaa walwaraansaatti olguddachuu danda'eera. Bara 1896 waldhabdeen babal'ataa adeemuun sabaafi sablammoonni Itoophiyaa tokkummaan waraana Adowaa irratti taasisaniin Xaaliyaanii irratti injifannoo argachuu danda'aaniiru.

D. Weerara Somaaliyaa (1977-1978)

Gaaffilee shaakalaa

1. Sababoonni gurguddoo mootummaan Somaaliyaa Itoophiyaa weerareef maal turan? Irratti mari'adhaa
2. Haalli siyaas-dinagdee mootummaa Itoophiyaa bara weerara Somaaliyaa akkam ture?
3. Itoophiyaan weerara mootummaa Somaaliyaa bara 1977-1978 akkamitti mo'aachuu akka dandeesse qindeessuun dareef dhiyeessi.

Waldhabdeen gurguddoo mootummaa Itoophiyaafi Somaaliyaa gidduutti adeemsifaman bara mootota Hayila Sillaaseefi Mangistuu Haaylamaariyaam keessadha. Sababni waldhabdee inni guddaa fedhii babal'ifannaa lafa mootummaan Somaaliyaa jalqabedha. Walitti bu'iinsi Soomaaliyaa bara mootii Haayla sillaasee jalqabe hanga xumura bara dargii kan turedha.

Weerarri mootummaa Somaaliyaa inni guddaan bara 1977-1978 gidduutti bara Mohaammad Sa'iid Baarree kan adeemsifamedha. Haata'u malee, sabaafi sablammoonni Itoophiyaafi deggarsa biyyoota ilaalcha Koministii hordofan irraa argataniin Somaaliyaa irratti injifannoo argachuu danda'aniiru. Biyyoota Koministii keessaa Raashiyaafi Kuubaan isaan kallattiin mootummaa Itoophiyaa leenjiifi leecalloon gargaaraa turanidha. Walumaagalatti Itoophiyaan humna weerartuu biyyoota alaa ofirraa qolachuun birmadummaa ishee kabachisaa har'a geesse. Bifuma kanaan, Itoophiyaan yeroo ammaa biyya birmadummaa ishee kabachiiftee biyyoota baha Afrikaa waliin hariiroo siyaas-dinagdeefi hawaasummaan fakkeenyummaa gaariin beekamtudha.

Cuunfaa Boqonnichaa

Mootummaan bara giddugaleessa Itoophiyaa bara 1855 xumurame. Xumura bara mootummaa giddugaleessatti aanee dhufe jalqabbii mootummaa Itoophiyaa ammayyaati. Bara mootii Tewoodros II irraa jalqabee sochiileen hundeeffama mootummaa Itoophiyaa ammayyaa taasifamaa turaniiru. Bara sochiilee hundeeffama mootummaa Itoophiyaa ammayyaa keessa biyyoonni alaa Itoophiyaa humnaan qabachuuf socho'aa turaniiru. Isaanis, biyyoota akka Xaaliyaanii, Sudaan, Misiriifi Somaaliyaa fa'idha.

Rakkoolee ijaarsa mootummaa Itoophiyaa ammayyaa mudachaa turan keessaa inni ijoon diina alaa ofirraa ittisuu ture. Haala kanaan, Itoophiyaan weerara biyya Misir (1839-1885), weerara biyya Sudaan (1880-1889), weerara biyya Xaaliyaanii (1885-1896) fi weerara mootummaa Somaaliyaa (1977-1978) of irraa ittisaa turteerte. Haata'u male, humnoonni biyya alaa hundi Itoophiyaa qabachuu hindandeenye. Kunis sababa sabaafi sablammoonni Itoophiyaa baroota dheeraaf tokkummaan diina alaa qolachaa waan turaniifidha.

Gilgaala Xumura Boqonnichaa

I. Gaaffilee armaan gaditti dhiyaatan dubbisuun hima sirrii ta'e “Dhugaa” kan sirrii hin taane immoo “Soba” jechuun deebii kenni

1. Itoophiyaan biyya seenaa birmadummaa yeroo dheera qabdudha.
2. Jaarraa 19^{ffaa} keessa Xaaliyaaniin Itoophiyaa weeraruu yaaltee jrti.
3. Waliigalteen Hiwweet weerara diinaatiif kan karaa banedha.
4. Xaaliyaaniin tooftaa qoqqoodanii bituu fayyadamuun Itoophiyaa hin mo'anne
5. Itoophiyaan weerara Somaaliyaa kan mo'aatte deggarsa Amerikaatiin ture.

II. Gaaffilee armaan gadiitti dhiyaataniif deebii sirrii filadhu

1. Sababni Xaaliyaaniin bara 1895tti Itoophiyaa weerarte isa kami?
 - A. Waliigaltee Wucaalee
 - B. Waliigaltee Hiwweet
 - C. Walitti bu'iinsa Wal wal
 - D. Afi C deebiidha
2. Dirree waraanaa Itoophiyaan biyya Misir itti mo'aatte isa kami?
 - A. Adowaa
 - B. Maaycoo
 - C. Guraa
 - D. Matammaa
3. Bara 1875 biyyi alaa Itoophiyaa kallattii laman weerarte kamidha ?
 - A. Xaaliyaanii
 - B. Misir
 - C. Sudaan
 - D. Ingilizii

III. Dirree waraanaa armaan gaditti tarreeffaman irratti biyyoota walduraa duubaan Itoophiyaan mo'aataman tartiiba kennameen adda baasuun barreessi

1. Gundat
2. Guraa
3. Adowaa
4. Kaarraa maarraa
5. Dogaalii

BOQONNAA 7

DHIMMOOTA IJOO ADDUNYAA XIYYEEFFANNOO BARBAADAN

Bu'aawwan Barachuu Boqannichaa

Adeemsafi Xumura barnoota boqonnaa kanaan booda:

- Miidhaa jijjiiramni qilleensa naannoo, dhala namaafi naannoo uumamaa irratti qabu ni madaalta;
- Beekumsa xabboo waa'ee kunuunsa qabeenya uumamaatiif gargaaran hawaasa keessa jiran addaan nibaasta
- Namootafi dhaabbilee kunuunsa qabeenya uumamaa irratti hojjatan ni dinqisiifatta

7. Dhimmoota Ijoo Addunyaa Yeroo Ammaa Xiyyeeffannoo Barbaadan

Seensa

Kutaa 7^{ffaa} fi boqonnaa 1^{ffaa} fi 3^{ffaa} keessatti waa'ee uumamaa, wantoota irra fuula lafaa jijjiiraniifi qilleensa baramaa barattanii jirtu. Boqonnaa kana keessatti immoo waa'ee jijjiirama qilleensa baramaa, sababootafi miidhaa qilleensa baramaatiin dhufuu danda'uufi tooftaalee ittiin miidhaa sababa jijjiirama qilleensa baramaatiin dhufuu danda'u hir'isuun danda'amu fa'atu baratama.

Ga'umsa Barachuu Barattoonni Yoo Xiqqaate bira gahuuQaban:

- Ka'umsaafi miidhaa jijjiiramni qilleensaa naannoofi namaa irratti qabu nixiinxalta;
- Hirmaannaa hawaasni miidhaa jijjiirama qilleensaa namaafi naannoo irratti fidu hir'isuuf taasisan ni ibsta.
- Faalama qilleensaafi miidhaa inni fidu ibsita;
- Sababa hanqina bishaanii waliin walqabatani dhufan ni ibsta
- Miidhaa bosona mancaasuun uumamaan adda baafta
- Hirmaannaa namoonni dhuunfaafi hawaasni kunuunsa naannoo tiif taasisan nidingisiifatta

7.1. Jijjiirama Qilleensa Baramaa**Qilleensa Jijjiiramaa**

Qilleensi jijjiiramaa qilleensa iddoofi yeroo murtaa'aa ta'e tokko keessatti uumamuudha. Qilleensi jijjiiramnaan haala jijjiirama qilleensa marsaa lafaa kan yeroo gabaabaa guyyaa guyyaan, torban torbaniin, ji'a ji'aaniifi waggaa keessatti mul'atuudha. Karaa biraatiin qilleensi jijjiiramnaan haalawwan tempireecharaa, roobaa, dhiibbaa, hurka qilleensa marsaa lafaa, bubbee, ifa aduufi kan kana fakkaatan iddoo tokkotti yeroo murtaa'aaf mul'atuudha.

Fuula lafaa irratti qilleensa jijjiiramaa hoo'achuun hin danda'amu. Garuu wanti gochuun danda'amu waa'ee qilleensa jijjiiramaa raagu yookiin tilmaamuu qofa. Saayinsiin waa'ee qilleensa jijjiiramaa hamma waggaa tokkoo qoratu meetirooloojii yommuu jedhamu hayyoonni waa'ee qilleensa jijjiiramaa qoratan immoo meetirooloojistoota jedhamu. Ogeeyyiin kunniin haala qilleensa jijjiiramaa guyyaa guyyaan galmeessaanii kaayuun tajaajila adda addaatiif oolchu.

Qilleensi jijjiiramnaan naannoo naannotti wal fakkaataa miti. Naannoo tokko tokkotti haalli qilleensa guyyaa ho'aa, gogaafi aduu yoo ta'e, iddoon biraa immoo faallaa kanaa qorraa, jiidhaa, duumessafi rooba ta'uu danda'a.

Qilleensa Baramaa

Qilleensi baramaan haala qilleensaa jiddugaleessaan jijjiirama qilleensa marsaa lafaa naannoo tokkootti yeroo dheeraa yoo xiqqaate waggoota 35fi sanaa oliif turuudha. Qabiyyeewwan qilleensa baramaa kan qilleensa jijjiiramaatiin walfakkaatoo yommuu garaagarummaan isaanii yeroo turtii qofadha. Saayinsiin waa'ee qilleensa baramaa qo'atu kilaamaatooloojii yommuu jedhamu hayyoonni waa'ee qilleensa baramaa qo'atan immoo kilaamaatologistoota jedhaman.

Gilgaala 7.1

Gaaffilee armaan gadiitiif deebii gabaabaa kenni

1. Qilleensa jijjiiramaa jechuun maal jechuudha?
2. Elementoota qilleensa baramaa tarreessi.
3. Qilleensa baramaa gabaabsii ibsi.
4. Walfakkeenyaafi garaagarummaan qilleensa baramaatiifi qilleensa jijjiiramaa jidduu jiru ibsi.

7.1.1. Yaad-Rimee Jijjiirama Qilleensa Baramaa

Gaaffii Shaakalaa

1. Jijjiirama qilleensa baramaa jechuun maal jechuudha?

Jijjiiramni qilleensa baramaa jijjiirama qabatamaa haala qilleensaa naannoo tokkoo kan akka teempireecharaa, roobaa, duumessaa, ifa aduu, jiidhiinsaafi haalota biroo qilleensa baraamaati. Jijjiiramni kunis jijjiirama haala jijjiirama qilleensa jijjiiramaa jiddugaleessaan baay'ee dabaluu yookiin baay'ee gadi bu'uu ta'eewwan qilleensa jijjiiramaa ta'uu danda'a. Jijjiiramni qilleensa baramaa naannoo muraasa irratti daanga'uu yookiin guutuu addunyaarratti mul'achuu ni danda'a.

Qilleensi jijjiiramaa uumamaan baraa baratti ni jijjiirama. Kanaafuu barri haala hin beekkamneen qorraafi jiidhaa yaakiin barri haala hin baramneen ho'aafi gogaa ta'e akka mallattoo jijjiirama qilleensaatti hin lakkawamu. Jijjiiramni qilleensa baramaa jijjiirama haala qilleensaa yeroo dheeraa suuta suutaan gara haala qilleensa baramaa ho'aa, jiidhaa, qilleensa'aa yookiin gogaatti jijjiiramuudha.

Gilgaala 7.2**Gaaffilee armaan gadiitiif deebii gabaabaa kenni**

1. Jijjiirama qilleensa baramaa jechuun maal jechuudha? Akkamitti hubachuun danda'ama?
2. Qilleensi uumamaan bara baraan jijjiiramu; jijjiiramaa qilleensa baramaa jechuun ni danda'ama? Maaliif?

7.1.2. Sababaafi Miidhaa Jijjiirama Qilleensa Baramaa**Gaaffii Shaakalaa**

1. Sababiin jijjiirama qilleensa baramaa maali?
2. Jijjiiramni qilleensaa dhiibbaa akkamii naannoo uumamaa irraan gaha?

Qilleensi baramaa addunyaa yeroo hundaa jijjiirama addaan hincinne keessatti argama. Jijjiiramni kunis kan jijjiiramu adeemsa marsaa jijjiirama uumamaatiini. Garuu gochi dhalli namaa jijjiirama qilleensa baramaa addunyaa akka garmalee saffisiisan taasisuutti jiru. Hayyoonni qilleensa baramaa, jijjiirama qilleensa baramaa guutuu addunyaa qu'atanii maddoonni jijjiirama qilleensa baramaa bakka lamatti qoodanii jiru. Isaanis madda uumamaafi madda namtolchee dha.

A. Maddoota Uumamaa

Dhiibbaan uumamaa jijjiirama qilleensa baramaa fiduu danda'an hedduu jiru. Isaan keessaa muraasni sochii ardiilee, dhoohinsa volkaanoofi dambaliiwwan garbaa fa'i.

Sochii Ardiilee: Ardiileen kan uumaman waggoota miiliyoonotaan dura dachee guddaa tokko ta'erraa adda caccabuuni. Caccabanii addaan siiquun ardiilee kun kallattiin bubbeefi yaa'iinsa bishaanii akka jijjiiramu taasisa. Kallattiin buubbeefi yaa'iinsa danbalii bishaanii immoo jijjiirama qilleensa baramaa irratti dhiibbaa guddaa qaba.

Dhoohinsa volkaanoo: Yommuu dhoohiinsi volkaanoo raawwatu SO₂, hurka bishaanii, dhukkeefi qilleensi biroo gara atimoosfeeraa bahu. Gaazonniifi

dhukkeen hamma ta'e tokko ifa aduu gara fuula dachee dhufu akka hinbalaqqeeffamne ukkamsanii hambisu. Kuni immoo qilleensa marsaa lafaa garmalee akka ho'u taasisuudhaan jijjiirama qilleensa baramaa dhaqqabsiisa. Danbalii Galaanaa: Sirna qilleensa baramaa keessatti ijoon qaamman bishaanii akka galaanotaafi garbootati. Galaanotaafi garboonni ho'a baay'ee guddaa ta'e gara lafaatti gadi lakkisu. Ho'i guddaan qaamolee bishaanawoo irraa kan ka'u bifa huraka bishaaniitiin. Hurki bishaanii duumessaaf gumaacha guddaa taasisa. Duumessi immoo lafa haguuguudhaan qabbaneessuuf galteedha.

B. Maddoota Nam-tolchee

Yeroo ammaa kana ho'i addunyaa kan waggoota darbanii caalaa saffisaan dabalaa deemaa jira. Sababiin saffisan dabaliinsaa ho'a addunyaa gocha dhala namaatiin ta'uu isaa saayintistoonni itti walii galanii jiru. Karaan ijoon dhalli namaa qilleensa baramaa irratti dhiibbaa geessisaa jiruun inni ijoon kallattiilee adda addaatiin Gaazota giriinhawusii gara qilleensaatti gadi lakkisuudhaan. Dabaliinsi ho'a addunyaa waggoota 50 darbee irra caalmaan sababa gocha ilma namaatiin akka ta'e ni amanama.

Gaazota Giriinhawusiifi Maddoota Isaanii

Gaazotni giriinhawusii gaazota akka bullukkootti qilleensa marsaa lafaa uwwisaanii argaman keessaa isaan tokko. Gaazonni kunniin anniisaa atimoosfeera keessa jiran ukkamsuudhaan dabaliinsa hoo'a naannootiif ka'umsa tahu. Taateen kun immoo giriinhawus iftektii jedhama. Gaazonni giriinhawusii keessaa muraasni CO_2 , CH_4 , N_2O , CFC fi kkf dha.

TL	Iddo bu'ee	Maqaa	Maddaa	Miidhaa qaqqabsiisu
1	CO ₂	Kaarboon daayooksaayidii	Jijjiiramni itti fayyadama lafaa, bosona mancaasuu, qonnaa, gubachuu boba'aafi wantootaa adda addaa	Sadarkaa 1ffaan ho'a qilleensaa dabala
2	CH ₄	Miteenii	Haftee qonnaa, alala guurruu loowwanii, gaasii uumamaa	Sadrakaa 2ffaa
3	N ₂ O	Naaytiras oksaayidii	Warshaalee, Maadda anniisaafi xaa'oo	O ₃ diiguun beekkama
4	CFC	Kilooroo Filoroo karbanii	Madda uumamaa hinqabu, amtolchii firijii, faaltota qilleensaafi bulbultoota qulqullinnaa	O ₃ diiguun beekkama

Dhiibbaa Jijjiirama Qilleensa Baramaa

Gaaffii Shaakalaa

1. Balaan yookiin dhiibbaan jijjiiraama qilleensa baramaatiin dhufu maal tarreessi.
2. Miidhaa babal'achuun gammoojjummaa qilleensa baramaa irraan gahuu maal?
3. Kallattiin bubbee jijjiiramuun dhiibbaa akkamii qilleensa baramaa irratti qaba?

Dhiibbaan jijjiiramni qilleensa baramaa naannoo uummaa irraan gahuu danda'u hedduu dha. Isaan keessaa muraafni kan akka dabaliinsa ho'a addunyaa,

babaldhachuu gammoojjummaa, hongee, dabaluu hamma bishaan galaanaa, jijjiirama kallattii bubblee, babaldhachuu godina ho'aa, babaldhachuu dhibee gammoojjii, dhabamuu sanyii lubbu qabeeyyii adda addaafi kan kana fakkaatanii dha.

Dabaliinsa Ho'a Addunyaa

Dabaliinsi ho'a addunyaa ta'ee yeroo ammaa fuulli lafaafi qilleensi marsaa lafaa gara jalaa ho'uuti. Karaa gara biraatiin dabaliinsi ho'a addunyaa jechuun dabaliinsa jiddugaleessa ho'aa fuula lafaafi galaanaa jechuudha. Daballiin tempireechara fuula lafaa baay'een isaa sababa dabaluu gaazoota ho'a addunyaa dabalaniitiin akka ta'e hayyoonni irratti walii galanii jiru.

Babal'achuu Gammoojjummaa

Babal'achuun gammoojjummaa adeemsa dacheen irra caalaa goggogaa ittiin deemuufi biqiltuu biqilchuu dadhabuuti. Gammoojjummaan haala adeemsa gammoojjiin babaldhachuun gara jireenya ilma namaa kan akka oorruu midhaaniitti tatamsa'uufi iddoowwan rooba gahaa argachaa turan fa'atti babal'achuuti.

Hongee

Hongeen wayitii gogaa roobni gahaan biqilootaafi beeladootaaf bu'aa qabeessan ta'e hinjirree uumamuudha. Yoo hongeen jiraate biqilootaafi bineensonni hunduu nimiidhamu. Sababii jijjiirama qilleensa baramaa irraa kan ka'e biqiloonni, midhaaniifi bineeldonni waan barbadaa'aniif, hongeen haala irra deddeebi'een uumamaa jira.

Dabaluu Hamma Bishaan Galaanaa

Dabaluu hamma bishaan galaanaa adeemsa sababa ho'i addunyaa dabalaa deemuutiin baquu cabbii kuufamatiin kan mul'atuu dha. Dabaluun hamma bishaan galaanaa oddoollan olka'iinsa gadi aanaarratti argaman liqimsuun ummata miiliyoonatti lakkaa'amu balaa lolaatiif saaxiluu ni danda'a. Dabalataan bishaan soogiddaawaan galaanaa handaara dacheerratti dhangalahuun dhiyeessii bishaan qulqulluu lafa jalaa faaluu danda'a.

Jijjiiramu Kallattii Bubbee Addunyaa

Bubbeen sochii qilleensaa iddoo dhiibbaa qilleensa guddaa irraa gara iddoo dhiibbaa qilleensa xiqqaatti raawwatu dha. Wantoota dhiibbaa qilleensa marsaa lafaa thoo'atan keessaa tokko tempireechara. Jiddugaleessi tempireechara addunyaa yoo dabale, bubbeen sadarkaa olka'iinsa olii dadhabaa deemuun kallattiin bubbee addunyaa iddoowwan duraan bubbisaa turan irraa nijjiiramu. Jijjiiramuun kallattii bubbee immoo hamma roobafi faca'iinsa roobaa jeequun qilleensa baramaa jijjiira.

Babal'achuu Dhibee Gammoojjii

Naannoo duraan dhibeen gammoojjii hinmul'annetti har'aan kana addunyaa guutuu irratti mul'achuu eegaleera. Kun immoo sababa naannoon duraa baddaa yookiin badda daree ture gara gammoojjummaatti geeddaramuu irraa kan ka'eeni. Fakkeenaa Itoophiyaa keessatti dhibeen bookee busaafi bookeen busaa gara lafa baddaafi badda daree babal'achaa jira.

Dhabamuu Lubbu Qabeeyyii Sanyiiwwan Garagaraa

Jijjiiramni qilleensa baramaa addunyaa dhabamuu sanyii lubbu qabeeyyii tokko tokkoof sababa ta'ee jira. Jijjiiramni roobaafi tempireecharaa dabalaa deemuun sanyii bineeldotaafi biqiloota addunyaa irratti dhiibbaa olaanaa fida. Sanyiin lubbu qabeeyyii tokko tokko dafanii jijjiirama qilleensa baramaatti of madaqsuu hindanda'an ta'a, kuuwwan isaanii immoo garuma jireenyaaf itti baqatan hin argatan ta'a. Tempireecharri addunyaa osoo 2°C kan dabala ta'ee, lubbu qabeeyyiin dacheerraa jiran baay'een balaarra bu'uu akka danda'an beektonni ni ibsu.

Gaafilee 7.3

I. Himoota armaan gaadii kan sirrii ta'e 'Dhugaa' kan dogongora ta'e immoo 'Soba' jedhiideebisi.

1. Jijjiiramni qilleensa baramaa jijjiirama naannoo muraasa qofa irratti uumamaan raawwatuudha.
2. Ho'i addunyaa dabalaa yoo adeeme roobni ni hira'ata hammi bishaan galaanas akkasuma faana hir'ata adeema.

II. Yaadota “A” JalaJiran Kanneen “B” Jala JiraniinWalitti Firoomsi.**A**

1. CO_2
2. N_2O
3. CFC
4. CH_4

B

- A. Alala guuruun baha
- B. Hundarra qilleensa faala
- C. Xaa’oo irraa madda
- D. Madda uumamaa hinqabu

III. Gaaffilee armaan gadii deebii sirrii ta’e filachuun qubee isaa barreessi.

1. Kanneen armaan gadii keessaa sababa jijjiirama qilleensa baramaa namtolchee kan hin ta’in isa kami?
 - a. Dhoohiinsa Volkaanoo
 - b. Sochii lafaa
 - c. CO_2
 - d. hunduu
2. Gaazota giriin hawusii armaan gadii keessaa irra caalaa miidhaa naannoo irratti kan dhaqqabsiisu isa kami?
 - a. CH_4
 - b. SO_2
 - c. CO_2
 - d. hurka H_2O

IV. Gaaffilee armaan gadiitiif deebii gabaabaa kenni

1. Miidhaa jijjiirama qilleensa baramaan dhufu danda’u sadi ibsi?

7.1.3. Dagaagina Hojiwwaan Jijjiirama Qilleensa Baramaa Ittisan**Gaaffii Shaakalaa**

1. Namoota jijjiirama qilleensa baramaa thoo’achuuf hojiiwwan gaggaarii hojjatan beektan tarreessi.
2. Naannoo ati jiraattutti hojii jijjiirama qilleensa baramaa hambisuuf hojjatamaniif namoota adda duree ta’an yoo jiraatan dareef ibsi.

Addunyaan jijjiirama qilleensaa hambisuudhaaf jecha hojiiwwan adda addaa hojjataa kan turteefi ammas hojjachaa kan jirtuudha. Hojiiwwan jijjiirama qilleensaa kana hir’isuudhaaf hojjataman keessaa muraasni biqiloota dhaabuu, gaazota giriin hawusii hir’isuu, qonna bosonaa, anniisaa haarawoomfaman fayyadamuu fa’i. Biyyi teenya waliigaltee kana fudhachuudhaan sagantaalee gara garaa bocattee hojii keessa seentee jirti. Fakkeennaaf hojiin Waangaarii Maata’i Lammii Keeniyaa fi badhaafamtuu Noobeelii bara 2004GC sababa

guddinna walitti fufiinsa qabuu, dimokiraasiifi nageenya kan argatte hojiin ishiin ciramuu bosonaa miidhaa hiyyeeyyiifi dubartoota baadiyaarraan gahu jedhu kaayyeffachuun bu'uurarraa Maataa'iin bara 1977 GC hojjatte isa tokko. Maata'iin Sosochii sabbata magariisummaa jedhuun dubartoota sochoosuun biyya keessatti biqiltuu mukaa miiliyoona kurnan hedduu dhaabsisuuf taasiftee jirti. Haaluma walfakkaatuun piresdaantiin Itoophiyaa duraanii Girmaa Waldagoorgis biqiltuun tokko waggaatti namni tokko dhaabbachuu qaba jedhuun sagantaa gumii magariisaa labsan isa tokko. Biyyi teenya ittifufuunis sagantaa kana babaldhisuudhaan sagantaa ashaaraa magariisaatiin addunyaa irratti baay'inna biqiltuu guyyaatti dhaabbatuun dabalatee kunuunsuun addunyaa irratti fakkeenya taatee jirti.

Dhaabbileen akka GTZ, ATA, Waajjira Kunuunsa Naannoofi Qabeenya Uumamaa, Waajjira Misooma Qonnaa, fi kkf hojiilee kunuunsa adda addaa kan hojjataniidha.



Fakkii7.1. Waangaarii Maata'iifi Girmaa Waldagioorgis

Gocha Barataa

1. Hojiilee naannoo keessanitti jijjiirama qilleensa baramaa hambisuudhaafi hojjataman daawwadhaa gabaasa dareef dhiyeessaa?

7.1.4. Qo'aannoo Haalaa (Hojiwwaan Jijjiirama Qilleensa Baramaa Hir'isuuf Naannootti Raawwataman)

Hojiwwaan jijjiirama qilleensaa ittisan naannoo naannotti hojjataman haala qabatama naannoottiin addunyaa irratti garaagarummaa niqaba. Akkuma biyya keennaattis yoo fudhanne naannoo naannotti haala qilleensa baramaa gara garaa keessatti garaagarummaa niqaba.

Akka naannoo oromiyaatti hojiwwaan jijjiirama qilleensaa hambisuuf hojjatamaa jiru hedduudha. fakkeenaa:

- Sagantaa biqiltuu tokkko nama tokko jedhu hojii irra oolchuu
- Sagantaa asharaa magariisaa sadarkaa jalqabaan fudhatee hojii irra oolchuu
- Cirama bosonaa hir'isuu irratti hojjachuu
- Madda anniisaa haarawoomsamu bishaan, bubbeefi hurka lafa keessa bahurraa oomishuu eegaluu
- Qonna bosonaatiin mukkeen adda addaa soorataaf oolan dhaabuu fa'i.

7.1.5. Faalama Qilleensaa

Gaaffii Shaakalaa

1. Wantoonni qilleensa faalan maal fa'a?
2. Miidhaan faalama qilleensaatii dhufuu danda'u maal fa'i?
3. Mee naannoo keessanitti wantoota faaltota qilleensaa jiran dareef ibsi?

Faalamni qilleensaa faaltonni kan akka gaasotaa, suudoowwanii, moolokiyuulota, baayolojikaalaafi kan kana fakkaatan gara qilleensaa gadi lakkifamuun fayyaa dhala namaafi naannoo irratti kan miidhaa geessaniidha. Faalamni qilleensaa jijjiirama fiizikaalaa, baayoloojikaalaa, yookiin keemikaalaa kamiyyuu qilleensa keessatti ta'u jechuudha. Faalamni qilleensaa summaa'uu qilleensaa gaazota miidhaa qabaniin, dhukkeefi aaraatiin ta'ee bineensotaa, biqilootafi nama irratti miidhaa hamaa geessisaniidha.

Qilleensa marsaa lafaa keessatti dhibbantaan gaasotaa adda addaa murtaa'aadha. Hammaan dabaluun yookiin hir'achuun qabiyyee gaasota qilleensa marsaa lafaa jireenya lubbu qabeeyyii irratti miidhaan dhaqqabsiisa. Walumaagalatti, qabiyyeen gaasota qilleensa marsaa lafaa jijjiiramuun teempireecharri fuula lafaa ni dabala. Dabaliinsi kunis dabaliinsa hoo'a addunyaa jedhama.



Fakkii 7.2. Sababoota Faalama Qilleensaa

Akaakuu Faaltota Qilleensaa

Wantoonni qilleensa faaluu danda'an hedduu jiru. Faaltota kanneenis bakka lamatti qoodnee ilaaluun ni danda'ama. Isaanis faaltota sadarkaa 1^{ffaa} fi faaltota Sadarkaa 2^{ffaa}ti.

Faaltota sadarkaa tokkooffaa kan jedhaman akaakuu faaltota qilleensaa kallattiidhaan qilleensa naannoo lafaa faalan kan akka kaarboondaayoksaayidii (CO₂) fi Salfariik oksaayidiidha (SO₂) fa'i.

Faaltota sadarkaa lammaffaan immoo akaakuu faaltota sadarkaa tokkooffaa adda addaa irraa walitti makamuudhaan uumamaniifi miidhaa cimaa dhaqqabisiisuu danda'aniidha. Fakeenya, makaa duumessaafi hurriidha.

Sababoota Faalama Qilleensaa

Ka'uumsi faalama qilleensaa hedduudha. Maddoonni faalama qilleensaa lamatu jira. Isaanis madda uumamaafi namtolcheedha.

Sababoota Namtolchee

Sababoonni faalama qilleensaa dhalli namaa dhaqqabisiisuu dana'u baay'etu jiru. Isaan keessaa muraasni gubbachuu gaasota uumamaa, aara konkolaataa(geejjiba hammayyaa) keessaa bahu, hojii qonnaa, gocha waraanaa, aars aarsuu , dikee loowwanii, meeshaalee goggogaa dhadhahuu (rukutuun) qulqulleessuu, adeemsa warsheessuu warshaalee, albuuda baasuufi baqsuu, dhagaa cilee fayyadamuufi kan kana fakkaatan fa'i.

Sababoota Uumamaa

Sababoota uumamaa faalama qilleensaa fiduu danda'an keessaa muraasni dhohiinsa volkaanoo, bubbeefi jijjiirama kallattii bubbee, ibiddaan gubachuu bosonaa, adeemsa qaamoleen adda addaa bosbosuu, dabaliinsa teempireecharaafi kan kana fakkaatan fa'i dha.

Miidhaawwan Faalama Qilleensaatiin Dhufan

Dhiibbaan faalamni qilleensaa geessisuu danda'un hedduudha. Isaan keessaa muraasni dhibee qaamolee hargansuu adda addaatiif saaxilamuu, dabaliinsa hoo'a addunyaa, asiidummaa roobaa, babbaaquu baqqaana Ozoniifi kan kana fakkaatan fa'i.

Maloota Too'annoo Faalama Qilleensaa

Faalama qilleensaa naannoo hoo'achuudhaaf tarkaanfileen armaan gadii raawwachuun baay'ee barbaachisaadha.

- Gosoota geejjibaa naannoo faalan hir'isuu
- Anniisaa qusachuu
- Itti fayyadama ibiddaa xiqqeessuu
- Naannoo keessa jiraannu bosonoomsuu
- Maddoota faaltota qilleensaa(Gaazota Giriin Hawusii) gogsuufi kkf

Gaafilee 7.4**I. Himoota armaan gaadii kan sirrii ta'aniin Dhugaa kan dogongora ta'an immoo Soba jedhii deebisi.**

1. Dhukkeen faaltota qilleensaa keessaa isa tokko.
2. Faalamni qilleessaa namaafi bineensota malee biqiloota hubuu hin danda'u.

II. Gaaffilee armaan gadiitiif deebii gabaabaa kenni.

1. Akaakuu faaltota qilleensaa fakkeenya qabatamaa fudhachuun ibsi?
2. Miidhaa faalama qilleensaatiin dhufuu malan keessaa sadi barreessi?

7.2. Hanqina Bishaanii**Gaaffiilee Shaakalaa**

1. Hanqinni bishaanii maali? Akkamitti uumamuu danda'a?
2. Miidhaa hanqinni bishaanii ati beektu jiraa? Hiriyyaa kee waliin irratti mari'adhaa.
3. Garaagarummaa haqina bashaaniifi faalama bishaanii jidduu jiru qabuu ibsi.
4. Naannoo keessanitti hojiilee hanqina bishaanii hir'isuuf hojjataman tarreessi.

Hanqina jechuun walgahuu dhabuu yookiin hir'ina dhiyeessii jechuudha. Hanqinni bishaanii immoo kan ibsu walmadaaluu dhabuu fedhiifi dhiyeessii bishaanii akkasumas qulqullina bishaanii jechuudha. Bishaan qabeenya uumamaa baay'ee barbaachisaa ta'eedha. Hanqinni bishaanii waan hundaa nimiidha. Bishaan dhugaatiif, qulqullinaaf, nyaata qopheeffachuufi, kan kana fakkaatu baay'ee nama gargaara.

Itti fayyadamni bishaanii akka addunyaatti jaarraa darbe kana keessa reetii saffisa dabaliinsa ummataa dabaluun dachaan dabalee ture. Babaldhachuun naannolee adda addaa addunyaa irraa immoo haala walfakkaataan walitti fufiinsaan dhiyeessuu irratti haqina fida; Akka qorannoo dhiyeenya kana bahe agarsiisutti dhalli namaa faayidaa dhugaatiif, qulqullinnaafi nyaata bilcheeffachuutiif guyyaa

guyyaan yoo xiqqaate bishaan liitira shantam(50L) itti fayyadamuu qaba jedha. Garuu biyyoonni hedduun kana milkeessuuf rakkachaa jiru.

Addunyaa irratti wantoonni hanqinna bishaaniitiif sababa ta'an garagara. Isaan keessaa muraasni humnaa ol fayyadamuu, faalama bishaanii, waldhabdee, fageenya, hongee, xiqqaachuu dhiyeessii, dabaliinsa hoo'a addunyaa, seeraan ala dhangala'uu, balaa uumamaa, dabaluu baay'ina uummataa, babaldhachuu warshaaleefi kan kana fakkaataniidha.

Dhiibbaa Hanqinni Bishaanii Dhaqqabsiisu

Miidhaan sababa hanqinna bishaaniitiin dhufuu danda'an; dhabamuu bishaan dhugaatii, beela, dhabamuu barnootaa, babaldhachuu dhibee, rakkoolee qulqullinaa, hiyyummaan babaldhachuu, godaansa, diigamuu sirna ikoo, lubbu-qabeeyyiin dhabamuufi kan kana fakkaatan fa'i.

Tooftaalee Hanqinna Bishaanii Xiqqeessan

Karaaleen hanqinni bishaanii ittiin furamu muraasni: bishaan yeroo hundaa qusachuu, hawaasa barsiisuu, irra deebiin bishaan gargaaramuu, teekinoloojii kunuunsa bishaanii adda addaa gargaaramuu, muuxannoo qonna jiallisii duraan jiru fooyyessuu, sirna qilqullinna bishaanii fooyyessuu, dhaabbilee qulqullinna bishaanii irratti hojjatan jajjabeessuufi kan kana fakkaatan fa'i.

7.3. Manca'iinsa Bosonaa

Gaaffilee Shaakalaa

1. Manca'iinsa bosonaa jechuun maal jechuudha?
2. Miidhaan manca'iinsa bosonaatiin dhufu danda'u hamma beektu barattoota dareetiif ibsi.
3. Sababini manca'iinsa bosonaa fiduu danda'an tarreessi.
4. Dhaabbilee, waajjiraaleefi namoota dhuunfaa naannoo keessanitti bosona kunuunsuu irratti hojii gaarii hojjatan yoo beektw ta'e dareef ibsi.

Manca'ina bosonaa jechuun wilitti fufiinsaan hir'achuu bosonaa sababa adeemsa uumamaatiin yookaan gocha dhala namaatiin raawwatamuudha. Kunis kan ta'u

humnaa ol yookiin seeran ala qbeenyi bosonaa yoo ciraamu manca'ina bosonaa jedhama. Mancaatiin bosonaa dhimma ijoo haala naannoo, dhabamiinsa lubbu qabeeyyii, diigamuu sirna ikkoo, jeequumsa marsaa bishaaniifi harama biyyeeti. Dabalataanis manca'uun bosonaa dabaliinsa hoo'a addunyaatiifi jijjiirama qilleensa baramaatiif sababa ijoodha.



Fakkii 7.4. Manca'iinsa Bosonaa

Sababa Manca'iinsa Bosonaa

Sababoonni mancaatii bosonaa hedduudha. Ka'uumsa isaanii irratti hundaa'udhaan baka lamatti qoonnee ilaaluun nidanda'ama. Isaanis:

1. Gocha namaa
2. Adeemsa Uumamaati

Gchoota Namaatiin Sababa mancaatii bosonaatiif ijoon addunyaa kanarratti dhiibbaa guddaa kallattii hedduun dhaqqabsiisaa jiru gocha namootaati. Sababoota namtolchee ta'an hedduu keessaa muraasni:

- Babaldhachuu hojii qonnaa
- Ciraamu mukkeenii
- Babaldhachuu hojii albuuda baasuu
- Babaldhinna magaalaa
- Fedhiin itti fayyadama mukaafi bu'aalee mukaa dabaluu
- Humnaa ol dheedmuu
- Bu'uraalee misoomaa karooraaniifi marii ala babaldhisuu

Sababa Uumamaa

Manca'iina bosonaatiif uumamni gahee guddaaqaba. Garuu mancaatii kana caalatti saffisiisee addunyaa guddaatti yaadessaa kanjiru gocha namootaatiin seeran manca'aa jiruudha. Sababoota mancaatii bosonaa uumamaa keessa mursni:

- Hir'achuu bosonaa sababa hongee, lolaa, sigigaachuu lafaa
- Ibiddaan manca'uu bosonaa sababa uumamaatiin(bakakkaa, Rigata mukaatiin ibidda ka'u)
- Dhibee adda addaa baakteeriyaan yookiin maxxantootaan dhufuun mancaatii bosonaafi lubbuqabeeyyii adda addaa iddoon jireenna bosona ta'e.

Too'annaa Mancaatii Bosonaa

Bosonni yommuu manca'u miidhaa guddaan naannoo, bishaan, biyyee, naannoo jireennaafi lubbu-qabeeyyii hundarraan gaha. Miidhaa akkanaa kana qolachuudhaaf mootummaan, dhaabbileen adda addaafi namoonni dhuunfaa gahee isaanii bahachuun dirqama ta'a.

Gahee Mootummaa

Mootummaan mancaatii bosonaa xiqqeessuuf tarsiimoo adda addaa baasee hojii irra oolchuu qaba. Tarsiimoo kanneen keessaa muraasni:

- Too'annoofi hordoffii cimaa cirama bosonaa seeraan alaa irratti gochuu qaba
- Naannoo bosonaa thoo'annoo mootummaa jala jiran baballdhisuu
- Yommuu bu'uraalee misoomaa adda addaa baballdhifamu karooraan fayyadamuudhan mancaatii bosonaa xiqqeessuu
- Misooma bosonaa kan bakka bosona uumamaa bu'uun tajaajilan adda addaa kennuu danda'an baballdhisuu
- Lafa bosonni irraa manca'e deebisanii bosonoomsuu
- Bosona yeroo gabaabatti gahee tajaajila kennuu dand'an dureeyyiin akka omishan haala mijeessuufi kan kana fakkaatu ibsuun ni danda'ama.

Gahee Namoota Dhuunfaa

Namni lafarra jiraatu kamiyyuu itti gaafatamummaa naannoo isaa kunuunsuu

qaba. Garuu dhalli namaa beekaas ta'ee osoo hinbeekin naannoo uumamaa kuunsuu irra yoo mancaasutu mula'ta. Haalli kun akka itti hinfufne ummata barsiisuun barbaachisaa ta'a. Namni dhuunfaa tokko yoo xiqqaate jireennaa guyyaa guyyaa isaa keessatti seerota sadan kana hojii irra oolchuu qaba isaanis:

- Xiqqeessuu: Hamma fayyadamaa hir'isuu
- Irra deebiin oomishuu: Kan dura faayidaa xumuratan irra deebii akka haaraatti omishamanii yookiin suphanii akka tajaajila kennu taasisuudha.

Dhaabbilee Misoomaa Adda Addaa

Dhaabbileen misoomaa adda addaas misoomaa adda addaa hojjatan cinaatti mancaatii bosonaa hanbisuuf:

- Qaamolee adda adda misooma bosonaa irratti hirmaata diinagdeen deeggaruu
- Hubannoo uummatafi qaamolee mootummaa naannootiif kennuu
- Biqiltuu adda addaa biqilchuu irraa eegaluun hanga dhaabamnii of danda'anitti hordoffiifi deeggarsa barbaachisaa hunda taasisuu fa'i.

Gaaffilee 7.6

Gaaffilee armaan gadiitiif deebii gabaabaa kenni

1. Miidhaa mancaatii bosonaatiin dhaqqabuu danda'u tarreessi?
2. Seerota sadan namni kamiyyuu jireenya guyyaa guyyaan isaa keessatti hojii irra oolchuu qabu tarreessi?

Cuunfaa Boqonnichaa

Fuula lafaa irratti qilleensi baramaan jijjiiramaa jira. Jijjiiramni qilleensa baramaa kun sababa ijoon ho'a fuula lafaa garmalee dabalaa deemaa jiruudha.

Qilleensi jijjiiramaan haala jijjiirama qilleensa marsaa lafaa kan yeroo gabaabaa guyyaa guyyaan, torban torbaniin, ji'a ji'aanfi waggaa keessatti mul'atuudha. Qilleensi baramaan haala giddugaleessa jijjiirama qilleensa marsaa lafaa bakka tokkootti yeroo dheeraa yoo xiqqate waggoota 35fi sanaa oliif beekamuudha Saayinsiin waa'ee qilleensa jijjiiramaa qoratu Meerirooloojii yommuu jedhamusaayinsiin waa'ee qilleensa baramaa qo'atu immoo kilaamaatooloojii jedhama.

Qilleensi baramaa addunyaa yeroo hundaa jijjiirama addaan hin cinne keessatti argama. Jijjiiramni kunis kan jijjiiramu adeemsa marsaa jijjiirama uumamaa yommuu ta'u gochi dhalli namaa garmalee saffisiisan taasisuuti jiru. Maddoonni jijjiirama qilleensa baramaa madda uumamaafi madda namtolchee jedhamuun bakka lamatti qoodamu.

Gaasonni giriinhawusii Gaazota akka CO_2 , CH_4 , N_2O , CFC, Hurka bishaanii fi ta'ee sababa jijjiirama qilleensa baramaatiif gahee guddaa kan qabaniidha. Dabaliinsi teempireechara addunyaa uumamuu hongee, dabaliinsa ho'a naannoo, babal'achuu gammoojjummaa, dhabamuu roobaa, dhabamuu sanyii lubbu qabeeyyii adda addaa, babaldhachuu dhibeef kan kana fakkaatu sababa ijoodha.

Hojiwwan jijjiirama qilleensaa kana hir'isuudhaaf hojjataman keessaa muraasni biqiloota dhaabuu, Gaazota giriin hawusii hir'isuu, qonna bosonaafi anniisaa haaroomfaman biyyoonni fayyadamuu akka qaban kallattiin taa'ee ture. Hojiwwaan jijjiirama qilleensaa ittisan naannoo naannotti hijjataman haala qabatama naannootiin addunyaa irratti garaagarummaa niqaba.

Faalamni qilleensaa faaltonni akkaa Gaazotaa, suudoowwanii, molokiyuulota baayolajikaalaafi kkf gara qilleensaa gadi lakkifamuun fayyaa dhala namaafi naannoo irratti kan miidhaa geessaniidha. Walumaagalatti, qabiyyeen atimoosfeeraa jijjiiramuun teempireecha fuula lafaa nidabala. Dabaliinsi kunis

dabaliinsa ho'a addunyaa jedhamuun beekkama. Dabaliinsi ho'aa kun faalama qilleensaa, mancaatii bosonaatiifi hanqinna bishaanii dhaqqabsiisuu keessatti gahee guddaa taphateera.

Gaaffilee Xumura Boqonnaa 7

Kutaa I. Yoo himni armaan gadii sirrii ta'e dhugaa yoo dogongora ta'e immoo soba jedhii deebisi.

1. Qilleensi baramaa qilleensa yeroo gabaabduu ji'a jaha hin caalleef naannoo tokko turuudha.
2. Faalama qilleensa baramaa xiqqeessuun ni danda'am garuu gonkumaa dhabamsiisuun hin danda'amu.
3. Kaarboondaayooksaayidiin faaltaota qilleensa sadarkaa tokkoffaa keessaa isa tokko.

Kutaa II: Gaaffiwwan armaan gadiitiif qubee deebii sirrii ta'e qabu filadhu.

1. Kanneen armaan gadii keessaa gaasiin giriin hawusii hunda caala baay'inaan qilleensa naannoo keessatti argamu isa kami?
 - a. Hurka bishaanii
 - b. CFC
 - c. CO₂
 - d. SO₂
2. Dhiibbaa jijjiirama qilleensaatiin kan hin dhufne isa kami?
 - a. Hongee
 - b. Ciramuu bosonaa
 - c. Babal'achuu gammoojjummaa
 - d. Dhabamuu sanyii lubbu qabeeyyii adda addaa
3. Miidhaan sababa hanqinna bishaaniitiin dhufu kan hin ta'in kami:
 - a. Beela
 - b. Godaansa
 - c. Hawaasa barsiisuu
 - d. babal'achuu dhibee

Kutaa IV: Gaaffilee armaan gadiitiif deebii gabaabaa kenni.

1. Gochoota namtolchee mancaatii bosonaa saffisiisan kessaa sadi barreessi?
2. Fakkeenna Gaazota giriin haawusii dhiibbaa uumuu danda'an keessaa sadi maddoota isaanii waliin ibsi?